In partnership with Canada

PLAN INTERNATIONAL
Until we are all equal

MOOJUULII LEENJISTOOTAA FI GORSITOOTA (BARSIISTOTA)



Pilaan Intarnaashinaal Itiyoophiyaa
Deggersa maallaqaa Gloobaal Afeyiris Kaanaadaa (GAC) irraa argameen piroojektii Sagalee fi Geggeesummaa Dubartootaatiin kan Qophaa'ee
Amajjii, 2016 A.L.I
Finfinnee, Itiyoophiyaa

MOOJUULII LEENJISTOOTAA FI GORSITOOTA (BARSIISTOTA)

Pilaan Intarnaashinaal Itiyoophiyaa

Deggersa maallaqaa Gloobaal Afeyiris Kaanaadaa (GAC) irraa argameen piroojektii Sagalee fi Geggeesummaa Dubartootaatiin kan Qophaa'ee

Amajjii, 2016 A.L.I

Finfinnee, Itiyoophiyaa

Qopheessitoota Waliinii

Pilaan Internaashinaal Itoophiyaa, Garee Bulchiinsa Pirojektii WVL

Pilaan Internaashinaal Kaanaadaa /CNO/ fi

Leenjistootaafi Barsiisota Ijoo (LBI)

Tsiggeeradaa Zawduu Dammillawuu

Iyyarusaalem Siyyuum

Abbiynuur Baqqalaa Balaaynee

Liishan Siyyuum

Gorsitoonni: Tamasgeen H.Gabreel

Gulaalaafi Hiikaa - Paangoo Dhaabbata Gorsaa

Graphic Design Agegnehu Alene

Galata

Pilaan Intarnaashinaalii Itoophiyaa (PIE) miseensota garee Leenjistootaa fi Gorsitoota (Barsiistota) Ijoo (CTC) fi garee hooggansa pirojektii Sagalee Dubartootaa fi hoggansa Itoophiyaa (WVL) akkasumas garee Pilaan Intarnaashinaalii Kaanaadaa tumsa taasisaniif galata fi dinqisiifannaa isaa ibsuu barbaada. Qophii moojuulii ijaarsa dandeettii kanaa keessatti galata addaa Global affairs of Canada /GAC kan qophii moojuulii kanaaf maallaqa gumaacheef galchina. Kana malees, adeemsa kana keessatti deeggarsa ogummaa fi hoggansa kennuu keessatti gumaachi Plan International Canada /CNO fi PMT taasisan kan dinqisiifamudha.

Dinqisiifannaa fi galatni onnee irraa madde miseensota garee Leenjistootaa fi Gorsitoota (Barsiistota) Ijoo (CTC) fuula haguugduu moojuulii kanaa irratti armaan olitti tarreeffamaniif, carraaqqii cimaa fi itti fufiinsa qabu, hojii cimaa yeroo dhiphaa kenname keessatti hojii qophii moojuulichaaf barbaachisu raawwachuu isaaniif ni mala.

Gabatee Qabiyyeewwanii

Galata 1

Barbaachisummaa Moojulichaa 2

Sababa (Rationale) 5

Kaayyoo Leenjii (Training Goal) 6

Mala/Tooftaa Leenjii (Training Methodology) 6

Leenjifamtoo Leenjiin kun ilaallatu (Target Trainees) 7

Qindaa'inaa fi Qabiyyee Ijoo Moojula kanaa 7

Kutaa 1ffaa: Haala Qilleensaa Leenjii Leenjichaaf Haala Mijaawaa Uumuu 9

1.1.Wal Baruu 9

1.2. Walii Galteewwan Bu'uuraa (Ground Rules) 10

Kutaa 2ffaa: Yaad-Rimee Bu'uuraa Qabeenya Sassaabuu 11

2.1 Qabeenyi Maali? 11

2.2 Gosoota Qabeenyaa 12

2.3 Qabeenyaa Sassaabuu jechuun maali? 14

2.3.1 Qabeenya Biyya keessaa fi Sassaabbii isaa 15

2.3.2 Haala walii gala Sassaabbii Qabeenyaa Dhimmoota Seeraa Waldaalee Hawaasaa Sivilii/Waldaalee Dubartootaa Itoophiyaa Keessaa 16

Kutaa 3ffaa: Tarsiimoo Qabeenya Sassaabuu 20

3.1. Tarsiimoo Qabeenya Sassaabuu 21

3.2 Qajeelfamoota Tarsiimoo Qabeenya Sassaabuu 21

3.3. Tarsiimoo Qabeenya Sassaabuu Bocuu 22

3.4. Tarkaanfilee Barbaachisoo Tarsiimoo Qabeenya Sassaabuu 23

3.5. Rogsadee Qaamolee/Maamiloota Sadan Qabeenya Sassaabuu Bocuu 23

3.6. Bu'uuraalee Tarsiimoo Sassaabbii Qabeenyaa Dhaabbataa 24

Kutaa 4ffaa: Tooftaalee Qabeenya Sassaabuu 26

4.1. Sassaabbii Qabeenyaa Biyya Keessaaa fi Idil Addunyaa 27

Ergaa Kallattii /Direct Mail/ 33

Kennaawwan Gurgudaa (Major Gifts) 35

4.2. Tooftaalee Qabeenya Sassaabu bu'aa qabeesa ta'an garaa garaa Fayyadamuu 43

4.3 Tarsiiimoowwan Qabeenya argachuu bu'a qabeessa ta'an Biroo Qorachuu 43

Kutaa 5ffaa: Qabeenya Sassaabuuf Karoorsuu 46

5.1 Muuxannoo Qabeenya Sassaabuu Waldaalee Dubartootaa 47

5.2 Barbaachisummaa Karoora Qabeenya SassabuFeminiistii 47

5.3 Tarkaanfiiwwan Karoora Qabeenya Sassaabuu 48

Haala amma irra jirru Xiinxaluu/ Sakatta'uu (Sakatta'iinsa Ciminootaa, hanqinootaa, carraawwanii fi sodaawwanii) 50

Sakatta'iinsa ciminootaa, hanqinootaa, carraawwanii fi sodaawwanii maalif nu barbaachisa? 50

Xiinxala Ciminootaa, Hanqinootaa, Carraawwanii Fi Sodaawwanii fi Tarsiimoo Qabeenya Sassabu....52
Karoora hojii Qabeenya SassabuQopheessuu....65
5.4 Maloota Karooora Qabeenya Sassabu Bu'a -qabeeyyii....53
Gocha Karoora hojii Qabeenya Sassaabu....54
Kutaa 6ffaa: Bulchiinsa Qabeenya Sassabu....55
6.1. Ijaarsa Dandeettii Qabeenya Sassaabuuf Barbaachisu....56
6.2. Hordoffii fi madaallii Qabeenya Sassaabuu....57
6.2.1 Faayidaa Madaallii fi Hordoffiin Qabeenya Sassabu....58
6.2.2 Qabeenyaa Sassaabu Keessatti Safartuu Hordoffii fi Madaallii....58
6.2.3 Karoora Hordoffii fi Madaallii Qabeenya Sassabuqopheessuu....59
6.2.4 Gabaasa Teeknikaa fi Faayinaansii Qopheessuu....60
Wabiilee....61
Dabalata (Annex)....62
i Bargaaffii Workishoppiin Duraa fi Boodaa (Pre and Post-workshop Questionnaire)....62
ii List of Donors....64
iii Dubbisa Gorfamu....66

Gabaajeewwan

CTC	Ijoo Leenjistoota fi Leenjistoota (Core Trainers and Coaches)
NGO	Dhaabbilee Miti Mootummaa(Non-Governmental Organization)
INGO	Dhaabbilee Miti Mootummaa Idil Addunyaa (International Non-Governmental Organization)
OMD	Bulchiinsa fi Misooma (Organizational Management and Development)
WO	Waldaalee/Dhaabbilee Dubartootaa(Women's Organization)
HIV	Humna Ittisamaa qaamaa dadhabsiisuu (Human Immunodeficiency Virus)
CBO	Dhaabbilee Hawaasummaa irratti Bu'uureffatan (Community Based Organization)
CSO	Waldaalee Hawaasa Siivilii(Civil Society Organization)
RM	Qabeenya Sassaabuu (Resource Mobilization)
SWOT	Ciminoota, Hanqinaalee, Carraawwanii fi Sodaawwan (Strengths, Weaknesses, Opportunities, Threats)
M&E	Hordoffii fi Madaallii (Monitoring and Evaluation)
SMART	Ifa kan ta' e Safaramuu kan danda'u, Galma ga'uu kan danda'u, Dhugoomuu kan danda'uu fi Yeroodhaan kan murtaa'e (Specific, Measurable, Achievable, Realistic and Time bound)
ADS	Sirna Qajeelfama Ofiin Hojjetu (Automated Directive System)
IGWG's	Garee Hojii Koorniyaa Qindaa'aa(GidduuInteragency Gender Working Groups)
PPT	Dhiyeessa Paawer Pooyintii(Power Point Presentations)
SACCOs	Waldaalee Waldaa Hojii Gamtaa Qusannaa fi Liqii (Waldaalee Saving and Credit Cooperatives)
FMOD	Moodeela Feminiistii Misooma Jaarmiyaa
PIAP	Madaallii fi Karoora Dhaabbilee Hirmaachisaa (Participatory Institutional Assessment and Planning)

Seensa

I. Barbaachisummaa Moojulichaa

Moojulli kun gaaffii waldaalee dubartootaa kanneen mirga dubartoota fi shamarranii kabachiisuuf hojjatan irratti hundaa'uun Pirojektii Sagalee fi Hooggansa Dubartootaa

Itoophiyaatiin kan qophaa'e dha. Pirojektiin Sagalee fi Hooggansa Dubartootaa Itoophiyaa ,sochii akka idil addunyaatti taasifamu keessatti,humnaa fi dandeettii dubartoonni fi shamarran qaban beeksisuun mirgoonni namummaa isaanii akka guddatu,eegamuu fi kabajamuu irratti hojjata.

Moojulli kun waldaaleen dubartootaa ammas ta'ee gara fuulduraatti akka itti fayyadamaniif kan qophaa'e yoo ta'u, kaayyoon isaas dandeettii Qabeenya Sassaabuudhaabbata isaanii fi qooda fudhattoota (boordii daayirektarootaa, miseensota hojjattootaa fi michoota) isaanii guddisuuf kan yaaddameedha.

Kanaafuu, leenjistoonni,warri leenjii leenjistootaa kennanii fi haala mijeessitoonni leenjii sadarkaa hawaasaatti jiran akkasumas leenjistoonni olaanoon tajaajila leenjii dhaabbilee dubartootaaf kennuudhaaf moojula kanatti fayyadamuu ni danda'u.

Qophiin moojuulii kanaa bu'aa Qorannoowwan Dhaabbilee Hirmaachisaan(Participatory Institutional Assessments) kan jaarmiyaalee dubartootaa irratti taasifame bu'uura kan godhateedha. kanaafuu, itti fayyadamni isaas, qaawwa dhaabbilee keessatti Qabeenya Sassaabuutiin wal qabatee jiru dhiphisuuf kan ooludha jedhamee amanama. Kanaafuu, kaayyoon moojuulii kanaa waldaalee dubartootaa fi kanneen isaan wajjin hidhata qabanii fi qooda fudhattoota isaanii karaalee armaan gadiitin gargaarudha:

- *hojii mirga dubartootaa fi shamarranii, keessumaa jaarmiyaalee fi sochiiwwan dubartootaa guutuu Itiyoophiyaa keessatti argaman deeggaruuf caalmaatti qabeenya argachuu fi to'achuu irratti carraa argachuuf,*
- *Sochiilee jajjaboo taasisuun mirgi dubartootaa fi shamarranii Itoophiyaa keessatti akka kabajamuuf caalmaatti maallaqa dabalataa Sassaabuu,argachuu fi itti fayyadamuuf bu'a qabeessummaa isaanii fooyyessuuf,*

II. Sababa (Rationale)

Itti fufiinsi maallaqaaa (financial sustainability) waldaalee dubartootaa gama hiyyummaa hir'isuu, ijaarsa dandeettii fi carraa hojii uumuutiin ergama isaanii fayyadamummaa hawaasaa, fayyadamtootaa, mootummaa fi hojjattootaa irratti qaban galmaan ga'uuf barbaachisaa dha. Kanaafuu, hojiin isaanii akka itti fufu gochuuf tattaaffiin Qabeenya Sassaabuuisaanii bu'a qabeessa ta'uu qaba.

Gama kanaan, dinagdee sochii qabeenyaafi faayinaansii gidduu jiru akkasumas dhaabbilee dubartootaa fi damee hawaasa lammummaa keessatti itti fufiinsa guddisuuf maaltu hojjetamuu akka danda'u hubachuun barbaachisaa dha.Gama kanaan, hariiroo Qabeenya Walittti Sassaabuufi faayinaansii jidduu jiru hubachuun akkasumas itti fufiinsa waldaalee dubartootaa fi waldaalee hawaasa siivilii jajjabeessuun barbaachisaadha. Waggoota dhiyoo as,sababa lakkoofsi piroojektootaa waggaadhaa gara waggaatti hir'achaa dhufeef, waldaaleen dubartootaa Itoophiyaa keessatti rakkoo itti fufiinsi faayinsii/maallaqaa (financial sustainability)tiin qoramaa waan jiran fakkaatu. Waldaaleen dubartootaa harka caalan isaanii of danda'anii dhaabbachuu fi hojiilee isaanii maallaqaan deeggaruuf rakkoon isaanii inni guddaan itti fufiinsa faayinaansii/ maallaqaa (Financial sustainability) dha.

Gama kanaan, dinagdee sochii qabeenyaafi faayinaansii gidduu jiru akkasumas dhaabbilee dubartootaa fi damee hawaasa lammummaa keessatti itti fufiinsa guddisuuf maaltu hojjetamuu akka danda'u hubachuun barbaachisaa dha.

Moojuliin kun Qabeenya Sassaabuuwaldaalee dubartootaa irratti akka qajeelchaa (practical guide) tti tajaajiluu ni danda'a. Akkuma armaan olitti ibsame, qophiin moojula kanaa gaaffilee waldaalee dubartootaa kan yeroo ammaa ykn gara fuulduraatti Pilaan Intarnaashinaal irraa deeggarsa argachaa jiraniifi kanneen gara fuulduraatti deeggarsa argachuu danda'an irraa dhiyaate irratti kan hundaa'edha. Qorannoowwan hirmaachisoon Pilaan Internaashinal gama Pirojektii Sagalee fi Hooggansa Dubartootaa Itoophiyaatin dhaabbilee adda addaa keessatti taasise akka agarsiisutti, Qabeenya Sassaabuu irratti odeeffannoon dubbistootaaf kan mijataa ta'e dhabamuun ijaarsa dandeettii dhaabbilee deeggaramanii fi waldaalee dubartootaa Itoophiyaa keessa jiran irratti wantoota qormaata ta'an keessaa isa tokkoo dha.

Gaaffilee kanneenif deebii kennuun, moojulli kun beekumsa, hubannoo fi dandeettii waldaaleen dubartootaa Qabeenya Sassaabuuirratti qaban cimsuuf akka ooluf yaadameeti.Moojulichi jechoota sasalphaa fi ifa ta'aniin kan barreeffame yoo ta'u yaadota dogoggoraa Qabeenya Sassaabuuwal qabatan irratti yaadota sirrii ta'an kan dhiyeessu fi sadarkaa dhaabbataatti tooftaalee barbaachisoo Qabeenya Sassaabuuittiin taasisanii fi gorsa madden garaa garaa irraa argaman kan of keessaa qabuudha.

Moojuliin kun akka meeshaa odeeffannoo barbaachisaa fi fedhii waldaaleen dubartootaa qabeenya barbaaduuf qaban guuttachuuf akka ooluu danda'u eegama.

III. Kaayyoo Leenjii (Training Goal)

Kaayyoon walii galaa moojula leenjii kanaa miseensonni qooda fudhattoonni fi qaamonni itti dhiyeenyan waldaalee dubartootaa wajjin hojjatan Qabeenya sassaabuu irratti dandeettii barbaachisoo ta'an akka qabaatan taasisuudha.

IV. Mala/Tooftaa Leenjii (Training Methodology)

Maloonni leenjicha kennuuf oolan:

Dhiyeessa(Presentation/Lecture) Haala mijeessitoonni dhiyeessa power pooyintii fayyadamuun qabiyyee/yaadota leenjichaa gurguddoo ta'an irratti barumsa kennu.

Hirmaannaa(Participation): Hirmaatonni leenjichaa karaalee gaaffii gaafachuu fi deebisuutin,hirmaannaa si'ataa taasisuutiinii fi muuxannoo isaanii warra kaanif qoodutiin adeemsa leenjii kennuu kana keessatti akka hirmaataniif ni jajjaabeeffamu.

Marii Garee (Group Discussions): Hirmaatonni gareewwanitti qoqqoodamuun dhimmoota leenjichaan walqabatan irratti marii taasisu. Akkasumas, bu'aa marii garee sana irraa argatan garee walii galaatif dhiyeessunis isaan irraa eegama.

Yaada Maddisiisuu(Brainstorming): Hirmaatoonni waa'ee qabxiilee yeroo leenjiin kennamu ka'an irratti bilisa ta'anii akka dubbatan jajjabeessuu fi kakaasuu qabu. Hirmaattonni dhimmoota ka'an haala itti ilaalanii fi hubatan, haala rakkoo tokkoof furmaata itti kennan irratti akka dubbataniif carraa argachuu qabu. Garaagarummaa ilaalcha hirmaattonni dhimmoota ka'an irratti qaban bal'inaan akka mul'atu jajjabeeffamu qaba.

Qormaata leenjiin duraa fi leenjiin boodaa(Pre-test and Post-test): Sadarkaa hubannoo leenjitonni dhimmoota leenjiin irratti kennamu irratti qabanii fi jijjiirama sababa leenjichaatin hubannoo isaanii irratti dhufe madaaluf, gaaffileen qormaataa leenjiin duraa fi leenjiin booda hirmaattotaaf ni kennamu.

Dhimma tokko Gadi fageenyan Ilaaluu (Case Review): hirmaattonni yaad-rimeewwan saganticha irratti ka'an akka hubataniifi dandeettii qabatamaa akka argatan gochuuf haalawwan ykn senaariyoowwan uumamuu danda'an irratti akka wal falmaniif carraan kennamaafi.

Gaaffii fi Deebii(Question and Answer):. Tooftaan gaaffii gaafachuu MALA ITTI FAYYADAMAASookiratik Socratic (Approach to questioning) jedhamu shaakala marii naamusaa fi yaadaan guutame irratti hundaa'a. Malli kun yaadota gadi fageenyaan qorachuuf karaa bu'a qabeessummaa guddaa qaba. Haala mijeessitoonni Sassaabbii qabeenyaa bu'a qabeessa waldaalee dubartootaa keessatti ta'u qabu irratti gaaffilee,maalif,eenyu,eessatti,yoom, kam jedhan faa gaafafatu.Leenjifamtoonni immoo qabxiilee kanneen irratti hubannoo isaanii kennu.

Leenjii Muuxannoo(Experiential Training): Leenjii Muuxannoo jechuun adeemsa muuxannoowwan irraa waa barachuuti. Leenjifamtoonni waldaalee dubartootaa muuxannoo gaarii qaban irraa dhufan muuxannoo dhaabbileen isaanii karoora, meeshaalee itti fayyadamanii fi milkaa'ina isaan qabeenya Sassaabuuirratti qaban warra kaanif qoodu.

Pirojektoota fi Hojiiwwan (Projects and Assignments): pirojektoonni dhuunfaa ykn garee hubannoo namni tokko yaad-rimee tokko irratti qabu calaqqisiisuuf karaa gaarii dha. Yeroo leenjii kanaatti haala mijeessichi gareen leenjifamtootaa qabeenya Sassaabuuirratti fakkeessanii bifa taphaatin(mock) akka raawwatan taasisuu qaba. Sassaabuuqabeenyaa fakkeeffamee hojjatamu kana irratti leenjifamtoonni tarsiimoo fi karoora qabeenya Sassaabuugabbifachuun dhaabbilee isaaniif qabeenya Sassaabuu itti raawwatan agarsiisu.Kunis leenjifamtoonni Sassaabbii qabeenyaa irratti dandeettiiwwan barbaachisoo ta'an akka horatan isaan gargaara.

Xumura Kutaa (Session Wrap-up): Waan hirmaattonni Kutaa tokko keessatti beekuu qaban akka hubatanii fi waan ammam akka hubatan madaaluun xumura Kutaa sanaa irratti kan raawwatamuudha. Haala mijeessitoonni yeroo xumura kutaa tokkoon tokkoon Kutaa keessatti hojiiwwan seensaa duraa(pre-entry activities) ilaalamuu mirkaneessuu qabu.

V. Leenjifamtoo Leenjiin kun ilaallatu (Target Trainees)

Leenjiin kun dhaabbilee fi waldaalee dubartootaa Itoophiyaa keessatti sadarkaa naannoo ykn biyyaatti socho'aniif sassaabbii qabeenyaa irratti akka seensa bal'aatti tajaajila jedhamee abdatama.Hojiin leenjii kanaa baay'een isaa gareewwan xixiqqoo dhaabbilee garaa garaa irraa dhufan wajjin kan gaggeeffamu yoo ta'u, hirmaattonni,leenjicha irraa waan baay'ee akka hubatan eegama.Tokkoon tokkoon waldaalee dubartootaa irraa yoo xiqqaate hirmaattonni lama ni argamu.Waldaaleen dubartootaa nama qabeenya qabuu ykn maallaqa Sassaabuuirratti hojjatu yoo qabaatan, nama kana leenjii kana irratti akka affeeran gorfama/jajjabeeffama. Kanaafuu, leenjifamtoonni leenjii kana irratti akka hirmaatamaniif yaadaman waldaalee dubartootaa hirmaatan irraa yoo xiqqaate namoota lama.

VI. Qindaa'inaa fi Qabiyyee Ijoo Moojula kanaa

Moojulli kun kutaalee gurguddoo ja'atti kan qoodameedha. Kutaan jalqabaa seensa waliigalaa, kaayyoo moojuulichaa, sababa qophii isa duuba jiru, kaayyoo leenjiichaa, maloota gurguddoo leenjiitti ittiin kennamu, gareewwan leenjiin kun irratti xiyyeeffatuu, fi ibsa qabiyyeewwan ijoo leenjii moojulicha keessatti hammataman kan of keessaa qabuudha. Seensatti aansee, moojulichi haala armaan gadiitin kutaawwan leenjii 5tti qoqqoodamuun kan qindaa'ee dha.

Kutaa tokkoffaan haala leenjichaaf haala mijaawaa uumuu wajjin wal qabata. Innis haala mijeessaa/toonni of ibsuu (of barsiisuu), leenjifamtoonni wa barchuu, wal baruu, fi seera bu'uuraa leenjii kaa'uu faa of keessaa qaba.

Kutaa Lammaffaan yaad-rimeewwan bu'uuraa fi jechoota qabeenya, gosoota qabeenya, fi sochii qabeenya waliin walqabatan ilaala.

Kutaa Sadaffaan tarsiimoowwan qabeenya Sassaabuuirratti xiyyeeffata.

Kutaa arfaffaan maloota qabeenya Sassaabuudhiyeessa.

Kutaa Shanaffaan karoora qabeenya Sassaabuukan ilaallatudha.

Kutaa Jahaffaan dhimmoota bulchiinsa qabeenya Sassaabuukan irratti kan xiyyeeffatuudha.

Tokkoon tokkoon Kutaa qabxiilee qabiyyeewwan armaan gadii ofkeesssaa qaba.

- *Mata Duree Kutaa*
- *Kaayyoo Kutaa*
- *Meeshaalee Barbaachisan*
- *Yeroo Barbaachisu*
- *Tooftaa/Mala Itti Fayyadamaa*
- *Qophii*
- *Mata dureewwan Kutaa*
- *Tarkaanfiiwwan*

Yaadannoo Haala Mijeessitootaa

1ffaa Kutaa

HAALA QILLEENSAA LEENJII LEENJICHAAF HAALA MIJAAWAA UUMUU

Kaayyoo	1. Haala leenjii mijataa fi bu'a qabeessa ta'e uumuu fi hirmaattonni waan leenjicha irraa eeganii fi yaadota leenjicha irratti qaban irratti yaada akka wal jijjiiran taasisuu. 2. Beekumsaa fi dandeettii hirmaattonni leenjiin dura Qabeenya sassaabuu irratti qaban madaaluu.
Meeshaalee	Filiipchaartii, waraqaa hammi isaa A4 ta'e,qalama maarkerii, name tags,gaaffilee leenjiin-duraa kan waraqaa irratti barreeffamanii qophaa'an
Yeroo	Daqiiqaa 70 (guddina garee irratti hundaa'a)
Mala	Gaaffii fi deebii, dhiheessii fi bulchiinsa qormaata leenjiin- duraa laachuu

Qophii

1.1 Wal Baruu

Jalqaba irratti, tarree maqaa hirmaattootaa irraa tokkoon tokkoon isaanif waraqaa/kaardii maqaan namaa irratti katabame(name tags) qopheessi. Filiipchaartii iratti,gama tokko irratti 'Waan Hirmaattonni Leenicha Irraa Eegan'Ykn Tilmaama, gama biraa irratti ammoo 'Yaaddoo' isaanii barreessi.

Tartiiba (Duraa Duuba Gochaa)

Gocha 1.1

1. Haala mijeessitonni, leenjifamtootatti of beeksisu.
2. Hirmaattonni maqaa isaanii waraqaa safara A4 irratti qalama maarkerii fayyadamuun akka barreessan gaafadhu. Sana booda shamizii isaanii irratti akka maxxansan gaafadhu. Yeroo namni hundi barreessaniin booda, istikaara (waan maxxanfatan) kana qabatanii bifa geengoo uumuun akka dhaabbatan gaafadhu.
3. Sana booda istikaara isaanii (waan maxxanfatan) kana akka kaasan gaafadhu. Kaardii maqaan irratti barreeffame(name tags) qophaa'an raabsi. Yemmuu kana gootu namni tokkollee akka maqaa isaa hin arganne mirkaneessi. Abbaa maqaa isaa of harkaa qaban sana akka barbaadan itti himi.
4. Hirmaattonni yeroo abbaa maqaan kaardii isaan harka jiru argatan, iddoo nama sanaa deemanii akka taa'an gaafadhu. Hirmaataan tokko abbaa maqaa sanaa yoo dhabe, hirmaattota bashannansiisuf waan nama kofalchiisu/bashannansiisu akka hojjatu gaafatamuu danda'a.Fakkeenyaf, akka nama fiilmii hojjatuu ta'uu, ykn akka shubbisu gaafatamuu danda'a. Kutaan yoo barbaachisaa ta'e ho'isuuf wantoota qoosaa akka taphattuu ykn taphattuutti taphachuu, ykn shubbisa saree fi kkf akka hojjetu gaafachuu danda'a.
5. Shaakalli kun erga xumuramee booda tokkoon tokkoon hirmaattotaaf waraqaa lama kennuudhaan waraqaa tokko irratti tilmaama, waraqaa biraa irratti immoo yaaddoo isaanii akka barreessan gaafadhu. Yeroo barreessan xumuran, flipchart irratti akka maxxanan gaafadhu.
6. Sana booda haala mijeessichi waan isaan barreessan dubbisee yaada tokko tokko irrattti kennuu danda'a.

1.2. Walii Galteewwan Bu’uuraa (Ground Rules)

Hirmaannaa gaariin akka jiraatu mirkaneessuu fi hirmaattonni leenjii kana keessatti sirnaan akka hirmaatan gochuuf,malli hundarra filatamaa ta’e miseensonni garee seera bu’uuraa akka tumatan taasiuun adeemsa leenjii kanaa keessatti tarkaanfiiwwan jalqabaati.

Tartiiba (Duraa Duuba Gochaa)

Gocha 1.2

1. Hirmaattonni seera bu’uuraa barbaachisaadha jedhanii yaadan akka tarreessan gaafadhu.
2. Seerota baay’ee mijatoo ta’an filiip chaartii irratti barreessi.
3. Seeroota muraasa itti dabalamuu qabu jettee yaaddu yoo itti dabali.
4. Mala itti fayyadamaa hirmaachisaa ta’een,kanneen armaan gadii filadhu:
   - *Nama sa’aatii eegu*
   - *Rippoortara guduunfaa marii fi*
   - *Haala mijeessitoota sissi’eessan(energizer facilitators).*
5. Akka wabii dabalataatti itti fayyadamuuf, waraqaa filiip chaartii akka sirriitti mul’atutti maxxansi.

Seera bu’uuraa irratti erga waliigalamee booda, haala m ijeessitoonni Kutaa leenjii ittiin kennamu _ yeroo jalqabbii, sa’aa boqonnaa ,shaayii, laaqanaa, fi yeroo turtii guyyoota leenjiichi keessatti kennamu leenjitootatti beeksisuu qabu.

Fakkeenyota walii galteewwan bu’uuraa beekamoo:

- *Dabareen haasa’uu*
- *Yaada yoo qabaatte harka baasi*
- *Waan namoonni biroo dubbata jiran dhaggeeffadhu.*
- *Yaada namoota birootti qoosuu ykn itti duuluu dhiisuu*
- *Leenjiif yeroodhan argamuu fi boqonnaa irraa dafanii deebi’uu.*
- *Wal kabajuu.*
- *Bilbila mobaayilaa haala callisaa ykn raafamaa(vibration mode) irra kaa’uu*
- *Namasi cinaa jirutti haasa’uun dhorkaadha.*
- *mirgaaf kabaja koorniyaa eeguu*

Gocha 1.3

Qormaata leenjiin duraa laachuu.

2ffaa Kutaa

YAAD-RIMEE BU'UURAA QABEENYA SASSAABUU

Kaayyoo	Xumura Kutaa kanaa irratti hirmaattonni yaad-rimeewwan bu'uuraa qabeenyaafi qabeenya waitti qabuu ibsuu ni danda'uu qabu.
Meeshaalee	Filiipchaartii, qalama maarkerii, Meetaa kaardii, haphee/pilaastera(masking tape) pirojeektara, gabatee adii/gurraacha
Yeroo	Sa'aatii 3
Mala	Marii hirmaachisaa fi wal falmisiisaa, gaaffii fi deebii, hojii garee fi dhiheessii fa'a.

Qophii (Preparation)

Filiipchaartiin hiika fi gosoota qabeenyaa agarsiisu fi yaadannoon poower pooyintiin taa'e qophaa'uu qaba.

Matadureewwan Kutaa

Mata dureewwan	Yeroo
Gocha 2	Daqiiqaa 90
Qabeenyi Maali?	Daqiiqaa 15
Gosoota Qabeenyaa	Daqiiqaa 30
Yaadrimee Qabeenya Sassaabuu	Daqiiqaa 30
Goolabuu	Daqiiqaa 15

Tartiiba(Duraa Duuba Gochaa)

Gocha 2

1. Hirmaattota garee afuritti qooduun ,garee lama kutaa leenjii sirriitti akka ilaalan gaafadhu. Gareen lamaan hafan immoo daqiiqaa 5 keessatti ala ba'anii naannoo akka ilaalan gaafadhu.
2. Waan ilaalan garee isaanii keessatti akka mari'atan taasisi. Mariidhaaf gaaffilee armaan gadii fayyadamuun, gareewwan hunduu garee guutuuf dhiyeessi.
   - *Wantoonni ati ilaalte dhaabbata tokko hoogganuu wajjin akkamitti walqabatu?*
   - *Dhaabbata tokko hoogganuu keessatti akkamitti fayyaduu danda'a?*
   - *Wantoonni kun qabeenya jedhamanii waamamuu danda'uu?*
   - *Qabeenyi dhaabbata tokko akkamii gargaaruu danda'a?*
3. Tokkoon tokkoon gareewwanii hubannoo fi hiika qabeenya, qabeenya Sassaabuu, faayidaa qabeenyaa, fi gosoota qabeenya irratti qaban akka mari'atan gaafadhu. Deebii isaanii garee walii galaatif akka dhiyeessan gaafadhu.
4. Yaada hirmaattotaa itti dabaluudhan , gosoonni qabeenyaa adda addaa jiraatanis, qabeenyi humna namaa gosoota qabeenyaa biraaf murteessaa ta'uu isaa gabaabsii dhiyeessi.

Yaadannoo haala mijeessitootaa

2.1 Qabeenyi Maali?

Qabeenyi dhiyeessii maallaqaa/faayinaansii fi maallaqaan alaa ta'ee fedhii nama dhuunfaa, garee ykn dhaabbata tokkoo guutuuf kan gargaaru dha. Qabeenyi meeshaalee, faayinaansii, dhiiraa fi dubartoota, ijoollee dhiiraa fi ijoollee durbaa, mala, fi yeroo kaayyoo garee, jaarmiyaa fi namoota dhuunfaa galmaan ga'uuf walitti qabamuu fi itti fayyadamamuudha. Qabeenyi mala dhaabbileen galtee maallaqaa fi maallaqaan ala ta'e argatanii pirojektootaa fi kaayyoowwan barbaadamu fi karoorfame galmaan ga'uuf ittii galmaan gahataniidha.

Kaayyoo keenya kanaaf qabeenya akka "***Kaayyoo jaarmiyaa keenyaa galmaan ga'uuf waan qabnuu fi waan argachuu dandeenyu,deeggarsa barbaachisu biroo argachuu***" jennee ibsuu dandeenya.

Hawaasni kamiyyuu qabeenyaafi dandeettii adda addaa guddina waliigalaa hawaasa tokkoo sooruu danda'uun kan badhaafamedha.Haa ta'u malee,qabeenyota yoo argachuu baatan waan yaadan galmaan gahuu hin danda'an.Ummata naannoo isaanii keessumattuu dubartoota fi shamarranis deeggaruu hin danda'an.

Kanaafuu, qabeenya argachuu danda'uuf waldaaleen dubartootaa wanti gochuu qaban:

- *fedhii isaanii adda baasuu;*
- *arjoomtoota sirrii ta'an barbaaduu, fi;*
- *yeroon garaa garaatti qabeenya adda addaa walitti qabachuu.*

2.2 Gosoota Qabeenyaa

Qabeenyi bakka gurguddoo afuritti qoodamuu danda'a:

1. Nama(Human)
2. Qabeenya Hawaasaa(Social Resources)
3. Qabeenya Fiizikaalaa(Physical Resources)
4. Qabeenya Maallaqa/Faayinaansii

1. **Qabeenya Namaa(Human Resources):** Qabeenyi namaa dhaabbata kamiifuu qabeenya hunda caalaa baay'ee barbaachisaa dha. Qabeenyi kun ogummaa/dandeettii, muuxannoo, gahumsaa fi yaadota fedhiidhaan gumaachuun danda'amu of keessaa qaba. Ogummaa fi tajaajila kennuu bira darbee namoonni dhuunfaa fi gareen:

- *Waan hojjatamuu danda'uu fi waan hojjatamuu hin dandeenye irratti gorsa ni kennu ni danda'u;*
- *Dhimma tokko deeggaruu fi waan danda'aniin dirqama isaanii bahuu ni danda'u;*
- *Hojii / pirojektoota dhaabbilee keessatti hirmaannaa namoota biroo jajjabeessuu kennu ni danda'u;*
- *Hojii maallaqa Sassaabuuhawaasaa deeggaru kennu ni danda'u.*

Tola ooltummaan sochii mirga dubartootaaf kabachiisuu keesssatti dhimma baay'ee barbaachisaa ta'edha. Deeggarsa tola ooltota irraa yeroo argachuuf: gahee isaanii ifatti adda baafachuu, hojii fi dandeettii isaaniitiif beekamtii kennuu fi wantoonni isaan barbaachisan jiraachuu fi dhiisuu isaanii mirkaneessun baay'ee barbaachisadha. Wantoonni isaan barbaachisan kunniinis leenjii bu'uuraa, nageenyaafi tasgabbii, geejjibaa wantoota biroo kan dhaabbanni keessan tola ooltonni nagaadhaan akka socho'anii fi milkaa'ina pirojektoota keessaniif haala bu'a qabeessa ta'een gumaachuu kennuu danda'aniif dhiyeessu ta'uu danda'a.

2. Qabeenyi hawaasummaa(Social Resources)

Qabeenyi hawaasummaa adda addaa kan tattaaffii waldaalee dubartootaa deeggaruuf barbaachisoo ta'an ni argamu. Kana keessaa kanneen armaan gadii isaan muraasadha.

- *Sochii hawaasummaa fi jaarmiyaalee hawaasaa biroo;*
- *Abbootii taayitaa aadaa deeggarsa kennan;*
- *Waldaalee dargaggootaa;*
- *Waldaalee daldalaa dubartoota;*
- *Dhaabbilee Amantii;*
- *Waldaalee hojjettootaa; fi*
- *Waldaalee barattoota duraanii*

Gareewwan hawaasummaa adda addaa kunniin hojii dhaabbilee dubartootaa deeggaruuf haala bu'a qabeessa ta'een socho'uu danda'u. Dhaabbilee hawaasummaa alaa waliin tumsa uumuun qabeenya fiizikaalaa, maallaqaa fi dinagdee qooddachuuf carraa uumuu ni danda'a. Akkasumas fedhii waliinii adda baasuu fi tarsiimoo waloo qopheessuun caalmatti qabeenya dabalataa dhuunfaan ykn waliin argachuuf gargaaruu ni danda'a

3.Qabeenya Fiizikaalaa(Physical Resources): - Qabeenyi Fiizikaalaa gosoota garaa garaa kan qabanii fi naannoo keenyatti kan argamaniidha. Gosti qabeenyaa kun kanneen armaan gadii fi kan biroo of keessaa qaba.

- *Bishaan*
- *Bosona*
- *Biyyee/lafa*
- *Rooba*
- *Meeshaalee Teeknolojii fi Mekaanikaalaa*
- *Iddoo Argamaa(Geographic Location)*

Hawaasni hedduun qabeenyi uumamaa fiizikaalaa hir'achaa waan deemuf rakkoof saaxilamu.Hawaasni hedduun ammallee bu'uuraalee misoomaa ykn dinagdee waan hin qabneef qabeenyaa teeknooloojii fi makaanikaatti fayyadamuu hin danda'an. Dhaabbileen dhiibbaa hojiin isaanii dhiyeessii qabeenya fiizikaalaa naannoo irratti qabu beekuu fi qabeenya fiizikaalaa irratti yoo hirkatan itti fufiinsa Kutaa isaanii madaaluuf carraaquu qabu. Qabeenya qaamaan mul'atu cimsuuf, guddisuuf ykn itti fayyadamuuf qabeenyi dinagdee fi maallaqaa barbaachisuu danda'a.

4. Qabeenya Diinagdee fi Faayinaansii: Qabeenyi dinagdee fi faayinaansii maloota garaa garaa fayyadamuun maddoota itti fufiinsa qaban hedduu irraa walitti qabamuu qaba.[1]

Qabeenyi dinagdee fi faayinaansii kanneen armaan gadii of keessatti qabata.

- *Dhaabbilee miti mootummaa idil-addunyaa(NGOs)*
- *Dhaabbilee Biyyoota Lamaan fi Biyyoota Hedduu (Fkn: Baankii Addunyaa, DFID, Dhaabbilee Dhaabbata Mootummoota Gamtoomanii) .*
- *Mootummoolee Biyyootaa*
- *Dhaabbilee dhuunfaa fi tola ooltummaa*
- *Kaampaaniwwanii fi dhaabbilee fi barnootaa*
- *Dhaabbilee hawaasa bu'uureffatanii hundeeffaman*
- *Kaampaaniwwan ispoonsara taasisan*
- *Galme maamilaa fi arjooma miseensotaa*

1 AWFD- Practical handbook for resource mobilization.

2.3 Qabeenyaa Sassaabuu jechuun maali?

Qabeenya sassaabuu jechuun adeemsa dhaabbanni tokko qabeenya hojii karoorfate hojjachuu akka danda'uuf isa barbaachisu itti argatuudha. Qabeenya sassaabuun maallaqa walitti guurun oli. Qabeenya sassaabuu jechuun mala itti fayyadamaa gosoota qabeenyaa adda addaa, qaamoota qabeenya garaa garaa arjooman irraa argachuuti.

Garaagarummaan xiyyeeffannoo fedhii fi dandeettii dhaabbilee irratti kan hundaa'e ta'us, hiikni qabeenya sassaabuu irra caalaan isaanii amala itti fayyadamaa walfakkaataa qabu. Walfakkeenyi kun hiika sadan armaan gadii keessatti ni mul'ata.

1. Qabeenyaa Sassaabuu jechuun adeemsa ergama/galma jaarmiyaa galmaan ga'uuf qabeenya naannoo adda baasuu, Sassaabuufi itti fayyadamuuf tarkaanfii karoorfame fudhachuuti. Adeemsi kun qooda fudhattootaa fi/ykn arjoomtota itti gaafatamummaa ofii mirkaneessuu, hariiroo wajjin qabaachuu, fi mala itti fufiinsaan qabeenya argachuu uummachuu of keessatti qabata.
2. Qabeenya sassaabuun adeemsa guddina,raawwii fi itti fufiinsa hojii ergamoota waldaalee dubartootaa galmaan gahuuf qabeenya barbaachisoo ta'an adda baafachuuti.Karaa biraatin,qabeenya Sassaabuujechuun hariiroo dhiyeessitoota qabeenyaa waliin qaban akkasumas ogummaa, beekumsaa fi dandeettii qabeenya sirnaan itti fayyadamuu babal'isuu jechuudha. Qabeenya Sassaabuujechuun itti fayyadama maallaqaa ykn qabeenya gosa biroo jechuu qofa osoo hin taane, beekumsaa fi dandeettii namootaa, meeshaalee fi tajaajiloota fi k.k.f. bal'inaan fayyadamuun ergama dhaabbata tokkoo galmaan ga'u agarsiisa. Kana malees, qabeenya haaraa barbaaduu fi qabeenya jirutti sirnaani fi ol'aantummaadhaan itti fayyadamuu jechuudha.
3. Qabeenya sassaabuun adeemsa bulchiinsaa/hooggansaa kan namoota dhaabbata keenya wajjin duudhaa wal fakkaataa qaban adda baasuun isaan waliin hariiroo uumuuf tarkaanfilee barbaachisan fudhachuu jedhamee bal'inaan ibsama[2].

Qabeenya sassaabuun yeroo baay'ee maallaqa Sassaabuuwajjin akka tokko ta'aniitti kan ilaalamu yoo ta'u, yeroo baay'ee, maqaalee kanneen wal jijjiiruun kan itti fayyadamamuudha. Haa ta'u malee,qabeenya sassaabuun maallaqa Sassaabuuoli.Sababiin isaa qabeenya sassaabuun maallaqa Sassaabuuqofa osoo hin wantoota armaan gadiis of keessatti waan hammatuufi.Isaanis:

- *qabeenya adda addaa argachuu (maallaqa/faayinaansii qofa osoo hin taane);*
- *arjoomtota/dhiyeessitoota qabeenyaa garaa garaa wajjin hariiroo(networkii) uumuu;*
- *maloota sassaabbii adda addaa fayyadamuu.*

Qabeenya Sassaabuuwanti maallaqa Sassaabuuirraa adda isa taasisu,qabeenya sassaabuun yaadrimee bal'aa gosoota qabeenya kan maallaqa hin taane Sassaabuufi yemmuu waldaaleen dubartootaa ykn waldaaleen hawaasaa siivilii maddisiisuu of keessaa qaba. Maallaqa sassaabuun garuu qaama maallaqa qabu adda baafachuu fi sirnaa fi mala itti fayyadamaa qarshicha ittiin argatan diriirsuu qofa gaafata.

Qabeenya sassaabuun namootaaf akka waa kennaniif carraa laachudha. Qabeenya sassaabuun fedhii warra qabeenyita argatanii guutuu qofa osoo hin taane warra kennanis gammachiisuu qaba. Kanarraa ka'uun abeenya sassaabuun kaka'umsa kennitootaa qorachuu fi itti quufinsa fedhii isaanii ilaaluu gaafata.

Hiikaalee kennaman kana sirriitti yoo ilaalle, qabeenya sassaabuun adeemsa yaad-rimeewwan walitti hidhaman sadii of keessaa qabu:

- *bulchiinsa fi guddina jaarmiyaa;*
- *walqunnamtii uumuu fi arjoomtota fi barbaaduu; fi*
- *hariiroo uumuu.*

2 Venture for Fund Raising, 2009, p.8

Walumaagalatti, qabeenya sassaabuun maallaqa Sassaabuucaalaa bal'aa dha. Maallaqa sassaabuun qabeenya maallaqaa fi dinagdee qofa irratti kan hundaa'ee fi qabeenya dabalataa sadarkaa naannoo/ hawaasaatti argamu kan hin ilaallanneedha.

Akkasumas, qabeenya sassaabuun namoonni naannoo beekumsaa fi ogummaa naannoo/hawaasa isaanii fayyadamuun pirojektootaa fi Kutaalee hawaasa isaanii deeggaran irratti gumaacha mataa isaanii akka taasisaniif carraa ni kenna. Gosoonni qabeenyaa maallaqa/ faayinaansii hin taane akkuma gosa qabeenyaa maallaqaa/ faayinaansii barbaachisoo yoo ta'an, qabeenyi guutummaatti kan maddeen/ arjoomtota alaa irraa kennamuu danda'u qofa osoo hin taane, keessoo dhaabbatichaa fi sadarkaa hawaasaattis maddisiisuun kan danda'amuudha[3].

2.3.1 Qabeenya Biyya keessaa fi Sassaabbii isaa

Jechi "**qabeenya naannoo/biyya keessaa**" jedhu, gosoota qabeenyaa maallaqaa fi maallaqaan alaa kan lammiilee dhuunfaa, mootummaa naannoo, dhaabbilee daldalaa, dhaabbilee ykn qooda fudhattoota biroo dabalatee maddoota naannoo irraa pirojektoota fooyya'iinsa hawaasaaf gumaachaman agarsiisa. Qabeenyi naannoo pirojektoonni hawaasaa milkaa'an hojii isaanii akka raawwatan gargaaruu qofa osoo hin taane hariiroo waaraa uumuun hojiileen dhaabbilee dubartootaa, dhaabbilee miti mootummaa fi dhaabbilee hawaasa irratti hojjatan yeroo dheeraaf itti fufiinsa akka qabaataniif gumaacha godha.

Qabeenya naannoo sassaabuu jechuun adeemsa qabeenya naannootti argamuu danda'an (fkn: maallaqa, namoota, meeshaalee/mi'oota fi tajaajiloota faa) fayyadamuun dhaabbata tokko deeggaruun of danda'ee akka hojjatu gochuu dha.Qabeenya kana sassaabuun tarsiimoowwan garaa garaa kanneen akka maloota sadarkaa naannootti maallaqa walitti funaanuun galii maddisiisuu irraa kaasee hanga tola tola ooltota hundeessuutti faa gahuu kan danda'uudha. Qabeenya naannoo sassaabuu Maloota haaraa adda addaa kanneen haala aadaa, hawaasummaa fi dinagdee walitti fidan itti fayyadamuu gaafata.

Akkasumas, **Qabeenya Naannoo Sassaabuun** gumaacha kamiyyuu ta'ee kan hawaasa naannoo irraa fi hawaasa naannoo keessaa argamuu fi raawwii hojii, pirojektii ykn Kutaa tokkootif gargaarudha. Kunis gumaacha maallaqaa fi maallaqaan ala ta'ee fi kan miseensota hawaasa naannoo, dhaabbilee, waldaalee daldalaa, ykn abbootii taayitaa mootummaa irraa argamu of keessatti qabachuu danda'a. Sababni qabeenya sassaabuu hojii keenya itti fufsiisuu qofa osoo hin taane qabeenya warra humna guddaa qaban irraa gara warra xiqqoo qabanitti geessuun madaallii humnaa (power balance) jijjiiruudha. Miira sanaan, qabeenya sochoosuun mataan isaa bifa sochii malee dhaabbilee dubartootaa irratti "waa dabaluu" qofa miti jennee amanna.

2.3.2 Haala walii gala Sassaabbii Qabeenyaa Dhimmoota Seeraa Waldaalee Hawaasaa Sivilii/Waldaalee Dubartootaa Itoophiyaa Keessaa

Seenaa qabeenya naannoo sassaabuuWaldaalee Hawaasaa Sivilii/ Dubartootaa Itoophiyaa irratti madden barreeffaman baay'een hin argaman.Maddeen muraasni akka agarsiisanitti garuu, qabeenya naannoo sassaabuuWaldaalee Hawaasaa Sivilii/Waldaalee Dubartootaa kan waggoota soddomman darban dura ture baay'een isaa guutummaatti maddoota biyya alaa irratti hirkataa ture. Falaasamni bu'uuraa qabeenya naannoo SassaabuuWaldaalee Hawaasaa Sivilii/Waldaalee Dubartootaa irratti yeroo sana ture deebii balaa tasaa fi gargaarsa irratti hundaa'uun hiyyummaa dhabamsiisuu irratti kan xiyyeeffate ture. Hojiin deebii balaa tasaa yeroo sanaa irra caalaa karaalee dhaabbilee miti mootummaa idil-addunyaa fi dhaabbilee Amantii biyya keessaatiin beela hamaa biyyattii keessatti mudaate balleessuu irratti fuulleffataa ture. Gama biraatiin, gargaarsi fedhii bu'uuraa maddoota warra dhihaa irraa hiyyeeyyii 'addunyaa sadaffaa'f dhiyeessuuf xiyyeeffate 'faashinii' waliigalaa yeroo sanaas ture.

3 www.awdf.org

Itoophiyaa keessatti waldaaleen siiviilii ammayyaa ta'an hamma tokko kan mul'achuu jalqaban bara 1930moota keessa. Kunis sababa magaalamuu fi guddina dinagdeetin wal qabata. Seerri gareewwan kanaa beekamtii kennuu fi koodii gochuuf yaadame bara 1960tti bahe. Dhaabbileen miti mootummaa kan biyya keessaas ta'ee kan idil-addunyaa naannoo bara 1960tti, mul'achuu kan jalqaban yoo ta'u, yeroo sanatti gareewwan wal gargaarsaa adda addaa sadarkaa hawaasa Itoophiyaa hunda keessatti argamanis ta'e mootummaan gaaffii ummataa guddachaa dhufe guutuu hin dandeenye. Dhaabbileen miti mootummaa qaawwota turan amma tokko guutuu jalqaban.

Dhaabbileen miti mootummaa idil-addunyaa hundee isaanii Itoophiyaa kan gadi dhaabbatan balaa hongee guddaa bara 19743 – 1974 fi 1984 – 1985 biyyattii keessatti muudateeni.Dhaabbileen miti mootummaa bara sanaa baay'inaan hojii gargaarsa hatattamaa irratti kan xiyyeeffatan yoo ta'u, irra caalatti dhaabbilee biyya alaa turan. Dhaabbileen waldaalee amantaa naannoo waliin hidhata qabanis hojiiwwan kana keessatti gahee baayyee guddaa taphataniiru. Rakkoon beelaa fi hongee baroota lamaan1973 -74 fi 1984 – 85 keessatti muudatan dhaabbileen miti mootummaa hojii gargaarsa hatattamaa irratti xiyyeeffannoo guddaa akka kennan taasiseera.Hojiileen gargaarsaa gaggaariin dhaabbileen miti mootummaa kanneen raawwatan namoota yeroo sana hojii sana keessatti hirmatan biratti fudhatama guddaa argate. Kanarraa ka'uun misoomaa dursi kennamuufii qabuu fi misoomsa yeroo dheeraa dhaabbilee kanneen wajjin hojjachuun dhaabbilee biyya keessaa fi dhaabbilee miti mootummaa kanneen jidduutti hariiroo madaalawaa uumuun barbaachisaa ta'uu isaa hubatan.

Yeroo sirni Dargii bara 1991 kufe, gareewwan hawaasaa siivilii fi dhaabbileen miti mootummaa dadhabaa deemun gurmaa'inaa fi qabeenya guddaa ykn bu'uura/ hundee isaanii dhaban. Irra caalaan dhaabbileen miti mootummaa battala kufaatii Dargii booda ijaaraman ykn mul'atanis bu'aa guddaa fiduu akka danda'anitti hin qindoofne. Qabeenya muraasa, hojjettoota hin leenjifamne waan qabanii , sababa tola ooltummaa qofa irratti hin hojjanneef, baay'een isaanii gahee isaan irraa eegamu bifa sirrii ta'een bahuu hin dandeenye. Yeroo muraasa booda mootummaan haaraan dhaabbilee miti mootummaa biyyaalessaas ta'e idil-addunyaa irratti to'annoo guddaa gochuun akka barbaachisu ibse.Sababiin isaas fi gareewwan kun baasii ol'aanaa kan baasan, gahumsi isaanii garmalee dhaadeffame, akkasumas to'annaa ala ta'uun isaanii waan mirkanaa'efi. Dabalataanis mootummaan sochiiwwan dhaabbilee miti mootummaa tokko tokko hirkattummaa sirrii hin taane fi itti fufsiisan gargaarsaa irratti hirkachuu akka babal'isaa turan ilaaleera. Bara 1995tti, mootummaan *Qajeelfama Hojmaata Dhaabbilee miti Mootummaa* baasuun gareewwan adda addaatti akka ramadamanii fi Kutaalee isaanii keessatti dhimmoota isaan dursa kennifuu qaban irratti qajeelfama kenneefi.

Kanaa fi tarkaanfiiwwan garaa garaa biroo fudhataman hordofuun, malawwan mirga guddachuu cimsuun, babal'inni dame Waldaalee Hawaasa Siivilii/Dubartootaa Itiyoophiyaa keessatti eegalame. Jala bultii filannoo bara 2005tti xiinxaltoota hawaasaa waldaalee siivilii biyyattii keessatti lammiilee humneessuu fi hawaasa siivilii babal'isuu keessatti gahee olaanaa taphatanii turan. Hubannoon hawaas-dinagdee fi hawaas-siyaasaa hojii waldaalee siiviilii fi qooda fudhattoota biroo irraa argamu jijjiirama hawaas-siyaasaaf kaka'umsa guddaa kennee ture. Taatee kun mootummaa fi dhaabbilee siiviilii jidduutti miira diinummaa uumuun sochii isaanii irratti danqaa kan uume yoo ta'u, dhumarratti wixinee seeraa Labsii 621/2009 tiin akka laamsha'an taasifaman.

Labsii 621/2009

Labsiin Dhaabbilee Tola Ooltotaa fi Waldaalee Lakk.621/2009 filannoo bara 2005 hordofee ba'e, Waldaalee Dubartootaa dabalatee dhaabbilee hawaasa siivilii biroo irratti dambiiwwan isaan daangessuu. Keessumttuu, carraa waldaaleen biyya keessaa deeggarsa maallaqaa biyya alaa irraa argatan fayyadamuu fi hojiilee waldaalee idil addunya kan deeggarsa maaallqaa argatii fi biyyattii keessatti hojjatan irratti dambiiwwan

ciccimoon isaan daangessan bahan. Akkasumas, labsichi hojii qabeenya Sassaabuuwaldaalee dubartootaa fi waldaalee hawaasaa siivilii biyya keessatti taasifamu irratti dhiibbaa guddaa geessise. Labsii kana keessatti tumaaleen ukkaamsaa dhoksan itti yaadamanii bocaman akkasumas dambiiwwanii fi qajeelfamoonni akkaataa labsichaatiin ba'an dandeettii dhaabbilee hawaasa siivilii fi carraa isaan qabeenya biyya alaa fi biyya keessaa walitti qabachuuf qaban haalaan kan daangeessan turan. Kutaan labsichaa qabeenya naannoo/biyya keessaa Sassaabuu wajjin wal qabatu akka armaan gadiitti dhiyaateera.

ክፍል ዘጠኝ
ሕዝባዊ መዋጮ

፺፰. ስለሕዝባዊ መዋጮ ስለማመልከት

፩/ ማንኛውም የበጐ አድራጐት ድርጅት ወይም ማሕበር ሕዝባዊ መዋጮ ማካሄድ የሚችለው በኤጀንሲው ሲፈቀድለት ብቻ ነው::

፪/ በዚሁ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ (፩) መሰረት የሚሰጥ ፈቃድ የሕዝባዊ መዋጮውን ዓላማ፣ የሚቆይበትን ጊዜ፣ ቦታውንና ሌሎች በኤጀን ሲው የሚወሰኑትን መመዘኛ ዎች መያዝ አለበት::

፫/ ማንኛውም የበጐ አድራጐት ድርጅት ወይም ማሕበር በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ (፩) የተደ ነገገውን ተላልፎ የተሰበሰበው ማንኛ ውም ገንዘብ ወይም ንብረት በኤጀንሲው ተወርሶ ለተመሳሳይ የበጐ አድራጐት ወይም ማህበር ዓላማ እንዲውል ይደረጋል::

SECTION NINE
PUBLIC COLLECTIONS

98. Application for Public Collection

1/ No Charity or Society may conduct any public collection unless permit is granted by the Agency.

2/ The permit given under this Article shall specify the public collection purpose, duration, place and any other criteria set forth by the Agency.

3/ Any money or property collected in contravention of Sub-article (1) of this Article shall be confiscated by the Agency and applied to the purpose of a similar Charity or Society.

Qajiilfama Ummata Irraa Buusii Funaanuu 05/2011

Qajeelfamni kun bu'uura labsii lakk.621/2009 keewwata 9/4 fi dambii Mana Maree Ministirootaa 168/2009 keewwata 34tiin kan tumame dha. Qajeelfamichi ummata irraa buusii maallaqaa funaanuu Waldaalee Hawaasa Siivilii/Waldaalee Dubartootaa irratti haal-duree danqaa ta'an kaa'a. Akka keewwata 6/4 jalatti tumameen,haal-dureewwan kana keessaa tokko hayyamni ummata irraa buusii maallaqaa funaanuu geggeessuun kan danda'amuu yoo Waldaaleen Tola ooltotaa fi Ajensiiwwan Hawaasaa kunneen ummata irraa buusii maallaqaa funaanuu geggeessun galma ga'iinsa kaayyoo isaaniitif maallaqa argachuun furmaata isa dhumaa ta'uu isaa yoo amanan qofa akka ta'e ibsa Kana jechuun, Ejensichi Waldaleen Hawaasa Siivilii/Dubartoootaa maloota qabeenya Sassaabuubiroo hunda fayyadamanii kan xumuran ta'uu isaanii yoo amane malee waldaaleen kunneen hojii ummata irraa buusii maallaqaa funaanuu jalqabuu hin danda'an jechuudha.

Ittuma fufuun, qajeelfamni keewwata 7/3 jalatti tumaa isaatiin bakka, amala, gosa, mala, guyyaa, yeroo wantoota biroo kana fakkaatan irratti hundaa'uun carraa ummata irraa buusii maallaqaa funaanuu duraa dhiphoo ture sana caalatti dhiphise.Kunis karaa biraatin qajeelfamni kun akka waliigalaatti qabeenya biyya keessaa Sassaabuudadhabsiisuuf akka qophaa'e mirkaneesse.

Qajeelfama Kutaa Baasii Sagantaa fi Bulchiinsaa 02/2011

Qajeelfamni kun bu'uura Dambii Mana Maree Ministeerotaa 168/2009 keewwata 20 keewwata xiqqaa 2 fi 3 tiin kan tumame dha. Qajeelfamni kun dhaabbileen Hawaasa Siivilii fi Waldaaleen Dubartootaa baajata pirojektii isaanii keessaa 70% baasii Kutaatiif, 30% ammoo baasii bulchiinsaaf akka fayyadaman

hayyamameera. Tumaan kun kan duraan baasii bulchiinsaatif 20% qofa hayyamu waliin wal bira qabamee yoo ilaalamu reeshiyoon baasii bulchiinsaa dabaluu isaatin akka waan gaarii ta'eetti ilaalama ture. Daballiin qajeelfama haaraan kun reeshiyoo baasii bulchiinsaa dhaabbilee kanneenii 10% dabaluu isaatiin akka isaan hojjattoota isaanii deeggaruuf baajata caalatti fayyadamanii fakkeessuun olala mootummaatif oolaa ture.

Dhugaan jiru garuu, daballiin kun shira kan of keessaa qabuu fi daballii dhibbeentaa kanaa sababeeffachuun baajata bulchiinsa Waldaalee Hawaasaa Siivilii fi Waldaalee Dubartootaa hir'isuuf kan yaadameedha. Qajeelfamni kun baasii Kutaa Hordoffii fi Madaallii, gorsaa, leenjii, qorannoo, fi baasii hojjettootaa kan akka mindaa fi faayidaa hojjattoota pirojektii fi qindeessitoota Kutaa baasii bulchiinsaa jalatti akka addunyaatti fudhatama qaban kan of keessaa qabu ture.Baasii kana kan isa duraa gosa baasii sagantichaa keessatti hammataman dabalamuun isaanii baasii bulchiinsaa waliigalaa haaraa ramadame garmalee olka'aa waan ta'eef, dhaabbileen miti mootummaa baasii bulchiinsaa 30% guutuuf rakkisaa taasiseera.

Akkasumas,labsini fi qajeelfamni kun Waldaaleen Hawaasa Siivilii Itoophiyaa keessa jiraatan hojii mirgadhala namaa irratti akka hin bobbaane dhorkeera.Karaa biraatin, Waldaaleen Hawaasa Siivilii Itoophiyaa kophaatti adda bahuun waa'ee mirga dhala namaa irratti akka hojjataniif heeyyama kan argatan yoo ta'u, baajata pirojektii isaanii 10% ol madda biyya alaa irraa akka walitti qabachuu akka hin dandeenye dhorkaman.Kun tooftaalee dhokataa fi hamaa mootummaadhan bocamuun, bu'uura seeraa keessatti hammatamuun waldaaleen kunneen humna isaanii guutuu fayyadamanii kaayyoo isaanii galmaan gahuun jijjiirama hawaasaa akka hin fidne taasisuuf hojjatameedha.

Dhimmoota Seeraa Qabeenya Sassaabuu Waldaalee Dubartootaa Itoophiyaa Keessatti (kan Duraa fi kan Ammaa)

Labsii 1113/2019

Gahee waldaaleen siivilii guddinaa fi ijaarsa diimokraasii biyyattii keessatti qaban cimssuuf,seerri haaraan Waldaalee Siivilii Itoophiyaa Labsii Lakk. 1113/2019, Bitootessa 7/2019 bahee raggaasifame.

Akkuma armaan olitti ibsame Labsiin Dhaabbilee Tola ooltotaa fi Waldaalee Lakk 621/2009 kaaafamee ture baajata bulchiisaa karaa sirrii ta'een itti fayyadamuu dhiisuu fi hir'ina hojiiwwan mirgaa irratti qabanii fi sababoota biro irraa kan ka'e qeeqamaa ture.Haalota kanaaf deebii kennuudhaan labsii haaraa keewwata xiqqaa 1/ b fi c keewwata xiqqaa 63 jalatti Waldaaleen Hawaasa Siivilii/Waldaaleen Dubartootaa kaayyoo gurmaa'insaa isaanii galmaan ga'uuf qabeenya Sassaabuu, madda seeraa kamirraayyuu maallaqa gaafachuu, fudhachuu fi itti fayyadamuu akka danda'an ifatti lafa kaa'e . Dabalataniis,kutaalee labsichaa keessatti, Waldaaleen Hawaasa Siivilii/Waldaaleen Dubartootaa kaayyoo isaanii galmaan ga'uuf maallaqa Sassaabuuf jecha bu'uura seera daldalaa fi invastimantii dhimmi ilaallatuun hojii daldalaa fi invastimantii seera qabeessa ta'e kamiyyuu irratti bobba'uuf mirga akka qaban ifaan lafa kaa'ameera.

፷፫/ የሀብት አሰባሰብ እና አስተዳደር

፩/ ማናቸውም ድርጅት፡-

ሀ) ለሚተገብረው ፕሮጀክት ዘላቂነት አስፈላጊ በመሆናቸው፣ ፕሮጀክቱ ከተጠናቀቀ በኋላ ፕሮጀክቱ ከሚፈጸምበት ቦታ እንዳይወጡ በፕሮጀክት ስምምነቱ ላይ በግልጽ ከተመለከቱ ንብረቶች በስተቀር፣ ማንኛውም ድርጅት ንብረቱን ከአንድ ክልል ወደሌላ ክልል ወይም የከተማ አስተዳደር የማንቀሳቀስ ሙሉ መብት አለው።

ለ) ለዓላማው መሳካት ገቢ ለማግኘት በማንኛውም ሕጋዊ የንግድና ኢንቨስትመንት ሥራ ውስጥ አግባብነት ባላቸው የንግድና ኢንቨስትመንት ሕጎች መሠረት የመሳተፍ መብት አለው። ሆኖም ከሥራው የሚገኘውን ትርፍ ለአባላት ጥቅም ማስተላለፍ አይችልም።

ሐ) ለዓላማው መሳካት ከየትኛውም ሕጋዊ ምንጭ ገንዘብ የመጠየቅ፣ የመቀበልና የመጠቀም መብት አለው።

63/ Resource Mobilization and Administration

1. Any Organization:

a) Shall have the right to move its properties from one region to another region or city administration, unless the Project Agreement states that such properties may not be transferred because they are necessary for the sustainability of a specific project it is implementing.

b) Have the right to engage in any lawful business and investment activity in accordance with the relevant trade and investment laws in order to raise funds for the fulfillment its objectives. However, the profit to be obtained from such activities may not be transferred for the benefit of members.

c) Shall have the right to solicit, receive and utilize funds from any legal source to attain its objective.

3ffaa Kutaa

TARSIIMOO QABEENYA SASSAABUU

Kaayyoo	Xumura Kutaa kana irratti, hirmaattonni: ■ Tarsiimoo Qabeenya Sassaabuu fi Karoora Hojii Qabeenya Wali Qabuu sirriitti ibsuu ni danda'u. ■ Tarkaanfii barbaachisoo Qabeenya Sassaabuu keessatti barbaachisan tarreessuu ni danda'u; ■ Wantoota Qabeenya sassaabuuf barbaachisanii fi hariiroowwa isaanii ibsuu ni danda'u; ■ milkaa'ina jaarmiyaatiif tarsiimoon qabeenya sassaabuu fi dabalatni isaa guddina jaarmiyaf qabu ibsi. ■ Milkaa'ina jaarmiyaatiif tarsiimoon qabeenya sassaabuu fi dabalatni isaa guddina jaarmiyaf qabu ibsi.
Meeshaalee	Meetaa kaardii, qalama maarkerii, masking tape, piroojectara, filiip chaartii
Yeroo	Sa;aatii 3: 40
Mala	Marii hirmaachisaa fi wal falmisiisaa, gaaffii fi deebii, hojii garee fi dhiheessii fa'a.

Qophii

Filiipchaartiin hiika fi gosoota qabeenyaa agarsiisu qopheessuu

Mata dureewwan kutaa

Mata dureewwan	Yeroo
Gocha 3	Daqiiqaa 90
Tarsiimoo Qabeenya Sassaabuu	Daqiiqaa 10
Qajeelfamoota Tarsiimoo Qabeenya Sassaabuu	Daqiiqaa 5
Tarsiimoo Qabeenya Sassaabuu Bocuu	Daqiiqaa 30
Tarkaanfiilee gagggaarii Qabeenya Sassaabuu	Daqiiqaa 30
Rogsadee Qaamolee Qabeenya Sassaabuu Bocuu	Daqiiqaa 10
Bu'uuraalee Tarsiimoo Sassaabbii Qabeenyaa Dhaabbataa	Daqiiqaa 30
Xumura	Daqiiqaa 15

Tarkaanfiilee

Gocha 3

1. Hirmaattoota gareewwan adda addaatti qoodun,gaaffilee armaan gadii irratti akka mari'atan taasisaa.
   - *Tarsiimoon qabeenya Sassaabuumaali?*
   - *Wantoonni gurguddoon qabeenya sassaabuun of keessaa qabu maal fa'a?*
   - *Dhaabbanni keessan tarsiimoo qabeenya Sassaabuumataa ofii ni qabaa?*
   - *Deebiin keessan eeyyen yoo ta'e,tarsiimoon karaa sirrii qabeenyi ittiin walitti qabamu ni agarsiisaa?*
   - *Deebiin keessan miti yoo ta'e,kaayyoowwan dhaabbata keessa keessanii galmaan gahuuf akkamitti qabeenya walitti qabdu?*
   - *Bu'aan tarsiimoowwan qabeenya Sassaabuucaqasaa.*
   - *Qabeenya Sassaabuuf tarkaanfilee walduraa duuban fudhatamuu qaban irratti mari'adhaa. Waan mari'attan garee hundaaf dhiyeessaa.*

Yaadannoo Haala Mijeessitootaa

3.1 Tarsiimoo Qabeenya Sassaabuu

Qabeenya sassaabuun guutummaa dhaabbatichaa keessatti mala itti fayyadamaa xiyyeeffannoo fi qindoomina qabu barbaada. Akkasumas,arsiimoon Qabeenya sassaabuu akkaataa dhaabbata tokkoof qabeenya sassaabuun barbaachisu irratti kallattii barbaachisaa kenna.Gama biraatiin karoorri hojii qabeenya Sassaabuuyeroo gabaabaa kan fudhatuu fi hojiiwwan addaa addaa wanticha raawwachuuf hojjatamuu qaban bal'inaan ibsa.Kanaafuu, tarsiimoon qabeenya sassaabuu Kutaa jaarmiyaa fi marsaa Kutaa wajjin umurii wal gitu kan qabu yoo ta'u, karoorri hojii qabeenya sassaabuu ammoo hojiin tokko eenyunii fi yoomitti hojjatamuu akka ibsuu qabu dabalatee wantoota tokkoon tokkoon kaayyoowwan tarsiimoo qabeenya sassaabuu galmaan gahuuf barbaachisan ibsa.

Tarsiimoo fi karoora hojii maallaqa sassaabuugaarii qabaachuun bu'aawwan armaan gadii qaba:

- *Kutaa waldaalee dubartootaa keessatti, qabeenya sassaabuun xiyyeeffannoo akka qabaatu taasisa.*
- *Sadarkaa hundattuu, hojiin qabeenya sassaabuu akka jajjabaatee dursa argatu taasisa.*
- *Qaamoleen qabeenya arjooman odeeffannoo ifa ta'e akka qabatan gargaara.*
- *Abbummaa fi itti gaafatamummaa waloo uuma.*
- *Qabeenyi bakka caalmatti barbaachisutti akka ramadamu /hojiirra oolu taasisa.*
- *Gara fuula duraatti karaa ittiin qabeenya biro argachuun danda'u irratti karoorfachuuf gargaara.*
- *Kutaa bal'aa fi bu'aa guddaa buusu dhiyeessuf dandeessisa.*

3.2. Qajeelfamoota Tarsiimoo Qabeenya Sassaabuu

1. Qabeenyi sassaabamu hundi bu'uura Kutaa Waldaalee Dubartootaa kan deeggaruu fi waan dursi kennamuufii qabu irratti kan xiyyeeffatuu dha.
2. Waliigalteewwan tumsitoota qabeenyaa wajjin taasifamu bu'uura seeraa fi hojii Waldaalee Dubartootaa kan eegu ta'a.
3. Qabeenyi sassaabame hundi isaa qaamolee keessoo fi alaatiin sirnaan hordofamee ni herregama.
4. Hariiroon walitti dhiyeenyaa qaamolee deeggarsa kennan waliin itti fufiinsan akka jiraatanii fi wal amantaa fi itti gaafatamummaa waliinii irratti kan ijaaraman ta'uus qabu.
5. Hojiin qabeenya sassaabuu hundi akka dhaabatti,qindoominaa fi waltumsa kan qabu,haala mijataa hojjachiisuu danda'u keessatti raawwatamuu kan qabuudha.

3.3. Tarsiimoo Qabeenya Sassaabuu Bocuu

Caasaan sanada/ dokimantii Tarsiimoo Qabeenya Sassaabuu

Qaamni/kutaa guddaan sanadichaa kanneen armaan gadii of keessaa qaba.

1. Guduunfaa /Executive summary
2. Mirkaneessa(Authorization)– mallattoo barbaachisaa hoggansa olaanaa irraa qabiyyee karoorichaa akka raggaasisanii fi raawwii karoorichaa akka deeggaran kan ibsu hunda kan hammatudha.
3. Haala – qabatamaa Qabeenya Sassaabuu-Sakkatta'iins Haalaa(The RM Context - situation analysis)
4. Agarsiiftuu Hojiiwwan Hojjatamanii(Track Record) - highlights of accomplishment in RM (mention both local and international resources mobilized) Wantoota gurguddoo Sassaabbii Qabeenyaa keessatti hojjetaman (qabeenya biyya keessaa fi idil-addunyaa walitti qabaman)kan agarsiisudha .
5. Galma, Kaayyoo fi Bu'aalee Ijoo Qabeenya Sassaabuuirraa eegaman (Goal, Objective and Key Outputs Expected of the RM)
6. Qajeelfamoota Bu'uuraa
7. Galmoota fi Xiyyeeffannaa Sassaabbii Qabeenyaa – Kun Kutaa ykn bu'aa Sassaabbii Qabeenyaa irratti xiyyeeffatu ibsa.
8. Qindoominaa fi To'annoo – Kunis ibsa akkaataa tarsiimoon itti hoogganamu fi ulaagaalee hordoffii fi madaallii akkasumas itti gaafatamummaa fi irra deddeebiin hordoffii raawwii karoorichaa kan ilaallatudha.

Maxxantuu(Appendixes)

Maxxantuun yeroo baayyee odeeffannoo iccitii ta'uu danda'u, gadi fageenyan kan irratti xiyyeeffatame, fi / ykn baay'ee jijjiiramuu danda'u of keessatti qabata.

I. Sakatta'iinsa Tarsiimawaa Daataa (Strategic Analysis Data) – odeeffannoo yeroo sakatta'iinsa alaa fi sakkatta'iinsa keessaa argamanii fi dhimmoota tarsiimawoo yeroo sakatta'iinsa kanneenii fudhataman dabalata.
II. Ibsa Adeemsa Karoora Tarsiimawaa (Description of Strategic Planning Process) – ibsa adeemsa karooricha qopheessuu dhimma itti bahame,namoota keessatti qooda fudhatan, baayyina walgahii taasifamee fi karoora yeroo itti aanuu fooyyessuuf barnoota argame of keessaa qaba.
III. Karoora Hoji i(Action Plan) –bu'aawwan eegaman,hojiilee gurguddoo raawwataman,itti gaafatamummaa fi turtii yeroo kaayyoowwan karoorfaman xumuruuf barbaachisu agarsiisa.[4]

4 http://www.fao.org.tc.resource-mobilization/rmhomepage/en/


3.4. Tarkaanfilee Barbaachisoo Tarsiimoo Qabeenya Sassaabuu

Tarsiimoon qabeenya sassaabuu dhaabbata tokkoo tarkaanfiiwwan shanan armaan gadii ifatti agarsiisuu qaba.

Adda baasuu	■ *Fedhii dhiyeessitoota qabeenyaa (dhimmaa fi mata duree isaan irratti hojjatan) adda baasuu* ■ *Deeggartooni maddoota amanamoo ta'uu isaanii addabasuu* ■ *Gabaasa iddoo/madda qabeenyaa agarsiisu ilaaluu*
Hirmaachuu	■ *Walgahii Qaamota qabeenya arjomanii* ■ *Maloota ittiin arjoomtota quunamaan qopheessuu(Yaadannoo gabaaaa karoora fi gabaabaa ,pirooppozaala pirojectii faa barreessuu.* ■ *Qaamolee Qabeenya arjoomaniif dhiyeessii (presentation) dhiyeessuu* ■ *Walitti dhufeenya dhuunfaa cimsuu*
Mari'achuu	■ *Waan waliin hojjatamuu danda'u irratti waliigalteerra gahuu* ■ *Seera fi dambii itti fayyadama qabeenyaa irratti walii galuu* ■ *Walii galteewwan seeraa qopheessuu*
Hoogganuu fi gabaasuu	■ *Acknowledge resource partners contributions* ■ *Hojii qabiinsa/bulchiinsa qabeenyaa bu'a qabeessa ta'e mirkaneessu* ■ *Gumaacha Qaamolee deeggarsa qabeenyaa taasisanii yeroo yeroon gabaasuu Regularly*
Bu'aa argame beeksisuu	■ *Barumsa argame irratti odeeffannoo kennuu* ■ *Maloota walquunnamtii kanneen akka birroosheraa fi fuula weebii faa qopheessuu* ■ *Deeggarsi walitti fufiinsaf akka argamuuf hojjachuu*[5]

3.5. Rogsadee Qaamolee/Maamiloota Sadan Qabeenya Sassaabuu Bocuu

Qabeenya sassaabuun wantoota ijoo sadii kan of keessatti hammate yoo ta'u, isaanis qabeenya, dhiyeessitoota qabeenyaa fi maloota sassaabbii qabeenyaati. Maloonni/tooftaaleen qabeenya sassaabuu dhaabbileen dubartootaa qabeenya dhiyeessitoota irraa qabeenya argachuuf isaan gargaara. Kanaafuu, qabeenya sassaabuun sadan gurmii wantoota sadan kanneeniti jedhamee fudhatamuu ni danda'a.[6]



5 http://www.fao.org.tc.resource-mobilization/rmhomepage/en/

Qabeenya(Resources)

Akka walii galaatti, qabeenyi galteewwan maallaqa ta'anii maallaqa hin taane fedhiiwwan namootaa fi dhaabbilee guutuuf gargaaran jedhamee ibsamuu ni danda'a.

Qabeenya jechuun meeshaalee,maallaqa, nama(dhiirotaa fi dubartoota) ,yeroo fi wantoota biroo walitti qabamuun kaayyoowwan gareewwanii,dhaabbilee fi namoota dhuunfaa galmaan gahuuf oolan jechuudha. Ergamaa fi kaayyoo isaanii akka galmaan gahataniif, Waldaalee Dubartootaa ykn Waldaalee Hawaasa Siivilii keessatti,qabeenyi galtee baay'ee barbaachisaa ta'eedha.

Dhiyeessitoota/Arjoomtota Qabeenyaa

Dhiyeessitoonni/arjoomtonni qabeenyaa namoota dhuunfaa,maatiiwwan, gareelee hawaasaa,faawundeeshiinawwan,mootummoota,kaampaaniwwanii, fi k.k.f kanneen waldaaleen dubartootaa ykn waldaaleen hawaasa siivilii kaayyoo isaanii akka galmaan gahataniif qabeenya arjoomaniidha.

Gosti fi baay'inni arjoomtotaa haala kaayyoo Kutaa waldaalee dubartootaa/hawaasa siivilii,idoo argama isaanii fi gofa dhimma isaan irratti fuulleffatanii fi k.k.f. irratti hundaa'un gargar ta'uu danda'a.

Tooftaalee/ Maloota Qabeenya Sassaabuu

Tooftaaleen/maloonni qabeenya sassaabuu adeemsa arjoomtota irraa qabeenya argachuuti.Gosti Tooftaalee qabeenya sassaabuu waldaaleen dubartootaa ykn waldaaleen hawaasa siivilii qopheeffatan haala naannoo fi dandeettii isaanii irratti hundaa'a.Tooftaaleen kun haala irratti kan hundaa'anii fi caalmatti dandeettii fageessanii yaaduu namoota hojii qabeenya sassaabuu keessatti qooda fudhatanii irratti hundaa'a.Tooftaa kanneen keessaa muraasni,: hawaasa dandalaa wajjin bittaaf gurgurtaa raawwachuu,kanfaltii miseensummaa sassaabuu,galii maddisiisuu fi k.k.f.fa'a.

3.6. Bu'uuraalee Tarsiimoo Sassaabbii Qabeenyaa Dhaabbataa

Qabeenya sassaabuun adeemsa yaadrimeewwan walitti hidhoota sadan armaan gadii of keessaa qabuudha.

- *Bulchiinsa fi Misooma Jaarmiyaalee;*
- *Arjoomtota Qabeenyaa addaa baafachuu fi Wal quunnamtii gochuu*
- *Hariiroo Uumuu.*

Bulchiinsa fi Misooma Jaarmiyaalee (Organizational Management and Development)

Bulchiinsi fi Misoomni Jaarmiyaalee adeemsa qabeenya Sassaabuutif jaarmiyaalee hundeessuu fi cimsuu of keessaa qaba.Mul'ata,ergamaa fi kaayyoo dhaaba tokkoo adda baasuu fi sirna fi adeemsa keessoo hojii qabeenya sassaabuu dandeessisu hojiirra oolchuu of keessaa qaba.

Yaanni kun seerota armaan gadii of jalatti hammata:

I. Qabeenya sassaabuun karaa ittiin mul'anni dhaaba tokkoo ittiin dhugoomudha.
II. Qabeenya sassaabuun tattaafii gareeti.Akkasumas,kutannoo dhaabni tokko qabeenya sassaabuuf qabu, fedhii qabeenya sassaabuuf isaan qabanii fi wantoota qabeenyi walitti qabame dursa irratti ooluu fi qabuu fi qoqqoodinsa baajataa of keessatti qabata.
III. Itti gaafatamummaa tattaaffii qabeenya sassaabuuboordii, pirezidaantii ykn daayreektarri olaanaa, fi kutaa Sassaabbii qabeenyaa fa'aan raawwatama.
IV. Dhaabbanni tokko maallaqa sassaabuuf maallaqa barbaada.
V. Qabeenya sassaabuu keessatti rakkoo uumameef ' furmaanni salphaan' ykn 'furmaanni feroof laatamu' hin jiru.

Arjoomtota Qabeenyaa addaa baafachuu fi Wal quunnamtii gochuu

Dhaabbanni dubartootaa tokko qabeenya walitti qabachuuf qophii murtaa'e erga taasiseen booda, qormaata/ hojii biraaf of qopheessuu qaba: arjoomtoota haaraa horachuudhaanii fi hundee jabaa qabaachuudhan itti fufiinsa yeroo dheeraa isaa mirkaneessuu.Ogummaan qabeenya Sassaabuuarjoomtoota gara fuulduraatti deeggarsa kennuu danda'an waliin haalaa fi afaan isaan hubataniin akkamitti akka walqunnaman hubachuu, akkasumas duudhaa fi fedhii arjoomtota kanneenii hubachuudhan waan waloodhan wajjin hojjachuu danda'an adda baafachuu of keessaa qaba. Akkasumas qaama qabeenya arjoomuu danda'u kan sirrii itti adda baasuu dhiyaachuu, fi tooftaa qabeenya Sassaabuu sirrii qaamicha sana wajjin walsimsiisuu of keessaa qaba.

Yaanni kun seerota lamaan armaan gadiitin guduunfamuu danda'a .

I. Qabeenya sassaabuun dhuguma HIRIYAA walitti qabachuudha. Deeggarsi maallaqaa kan dhufu bu'aa hariiroo uumameen tokkoo malee ofuma isaatiin miti.
II. Namoonni kaayyoof maallaqa hin kennan; NAMOOTAkaayyoo qabaniif f kennu. Namoonni dhaabbilee karaa ta'e tokkoon isaan waliin hidhata dhuunfaa,qabaniif maalaqa arjoomu.

Hariiroo(Walitti Dhufeenya Guddisuu

Erga arjoomtoota kee adda baafattee booda, kaayyoon itti aanu arjoomtoota sanatti dhihaachuun caalaatti isaan beekuudha.Adeemsi kun hiriyummaa amanamaa ta'e uumuu wajjin wal fakkaata. Hariiroo haaraa jalqabuu, kan jiru kunuunsuu fi qaamota deeggarsa kennuuf kutannoo qaban wajjin hariiroo addaan hin cinne uumuun hojii jabaa fi itti fufiinsan dhaabbata tokkoon taasifamuu qabuudha. Kunis of kutannoo miseensota boordii, hojjattootaa fi namoota fedhiin dhimma kana keessatti hirmaatani i kan barbaadu yoo ta'u, hariiroo itti fufiinsa qabu ijaaruuf qabxiileen armaan gadii yaadatamuu qabu.

I. Arjoomtotaaf Haala mijata uumuu (Donor cultivation) jechuun arjoomtotaa fi dhaabbilee jidduutti hariiroo cimaa uumuu, akkasumas fedhii fi hirmaannaa guddisuu jechuudha.
II. Qabeenya sassaabuu gara gubbaa gahuuf hojii Sassaabbii qabeenyaa gara gadii isaatii jalqabi.

4ffaa Kutaa

TOOFTAALEE QABEENYA SASSAABUU

Kaayyoo	Xumura Kutaa kanaatti, hirmattonni: ■ Tooftaa garaa garaa qabeenya biyya keessaa ittiin walitti sassaaban adda baasuu ni danda'u. ■ Akkaataa maloota qabeenya ittiin sassaaban fooyyessanii fi maloota kanneen walitti makuun qabeenya sassaabuuf itti fayyadamuun danda'u ibsuu danda'u;
Meeshaalee	Filiipchaartii hiikaa qabeenyaa agarsiisan qopheessi.
Yeroo	Sa'aatii 4:40
Mala	Marii hirmaachisaa fi wal falmisiisaa, gaaffii fi deebii, hojii garee fi dhiheessii fa'a.

Qophii

Mata Dureewwan Kutaa

Mata dureewwan	Yeroo
Gocha 4	Daqiiqaa 45
Sassaabbii Qabeenyaa sadarkaa Idil Addunya	Daqiiqaa120
Sassaabbii Qabeenyaa kan Biyya Keessaa	Daqiiqaa 60
Maloota Qabeenya sassaabuu fooyya'uu /hojiirra ooluu danda'an garaa garaa fayyadamuu	Daqiiqaa 10
Tarsiimowwan filatamoo qabeenya ittiin argatan biroo	Daqiiqaa 30
Xumura	Daqiiqaa 15

Tarkaanfiilee

Gocha 4

1. Hirmaattota garee gareen qoodi.
2. Gareewwan hunduu gaaffilee armaan gadii deebisuu qabu.
   - *Sassaabbii qabeenyaa kan biyya keessaa irratti muuxannoo qabduu?*
   - *Sassaabbii qabeenyaa kan biyya alaa irratti muuxannoo qabduu?*
   - *Yoon ni qabdu ta'e, qabeenya kanneen sassaabuuf tooftaalee akkamii fayyadamtan?*
   - *Mala itti fayyadamaa qabeenya sassaabuu haaraa tokko fayyadamuun dura maaltu godhamuu barbaachisa jettanii yaaddu?*
3. Gareewwan hundinuu deebii isaanii hirmoottota hundaaf ni dhiyeessu.

Yaadannoo Haala Mijeessitootaa

4.1. Sassaabbii Qabeenyaa Biyya Keessaa fi Idil Addunyaa

Maloonni qabeenya sassaabuu karaalee qabeenyi dhiyeessitoota qabeenya irraa walitti qabamuu danda'uudha.Maloonni immoo adeemsa qabatamaa qabeenya gaafachuu ykn argachuuti. Fakkeenyaaf, pirooppoozaala barreessuu, Kutaa maallaqa Sassaabuugaggeessuu fi kan kana fakkaatan maalota qabeenya ittiin walitti qabaniidha.Malawwan maallaqa Sassaabuuadda addaa gargar baafachuun karaa dhaabbileen miti mootummaa hubannoo maallaqa Sassaabuuisaanii ittiin bal'ifatanii fi yaada pirooppozaala barreessuu bira darbee MALA ITTI FAYYADAMAAadda addaa mijeessuu danda'an keessaa isa tokkodha.

4.1.1 Sassaabbii Qabeenyaa Idil Addunyaa

Dhaabbileen dubartootaa ykn dhaabbileen waldaalee siivikii Itiyoophiyaa keessatti argaman gargaarsa biyya alaa arjoomtoota biyya alaa kanneen akka dhaabbilee hawaasa siivikii biyyoota lamaanii, biyyoota hedduu fi idil-addunyaa irratti hirkatanii jiru. Qabeenyi alaa ammallee bakki osoo jiruu, madaalliin of eeggannoodhaan gara addunyaa alaatti kan qaxxaamureedha. Akkasumas, itti fufiinsa yeroo dheeraa, karaa gurmaa'insaas ta'e Kutaatiin, karaa maallaqa alaa deeggaruun haala hin qabaanne ni jira.

Maddoonni alaa kun mootummoota warra dhihaa, dhaabbilee, imaanaa, dhaabbilee Mootummoota Walta'anii, dhaabbilee biyyoota lamaa fi fi biyyoota hedduu, dhaabbilee akka baankotaa fi k.k.f of keessatti hammachuu. Yeroo ammaa kana dhaabbileen waldaalee siivilii Itiyoophiyaa deeggarsa maallaqaa madda biyya alaa irraa argachaa jiru.Gosoonni gargaarsaa kanneenis:

- *balaa tasaa fi gargaarsa;*
- *gargaarsa tola ooltummaa;*
- *deeggarsa pirojektii xixiqqaa addaa (daddabbii xiqqaa ykn kan hin qabne);*
- *deeggarsa Kutaa (CSO fudhattoota murtii kennuu fi akkasumas Kutaalee jalqaba irratti waliigaltee irra ga'ame irratti akka barbaachisummaa isaatti karoora madaqsuu);*
- *deeggarsa fandii naanna'aa (baay'inaan liqii xiqqaadhaaf); fi*
- *deeggarsa hin ramadamne (gargaarsa hojii fi baasii ol'aanaa CSO hundaaf kennamu).*

Malleen faayinaansii alaa, keessattuu kanneen itti fufiinsa dhaabbilee guddisuuf qophaa'an, kanneen akka maallaqa hin daangeffamne/kuufame ijaaruu, tooftaa maallaqa Sassaabuufaayinaansii, kaappitaala invastimantii, endowment fi kkf babal'isuun barbaachisaadha. Dhaabbileen dubartootaa fi dhaabbileen hawaasa siivikii naannoo jijjiirama maallaqa alaa irratti dhiibbaa uumuun of danda'uu jaarmiyaa galmaan ga'uuf adda durummaa qabaachuu qabu.

Akkasumas maallaqa alaa itti fufiinsa dhaabbileef qophaa'e kan akka ijaarsa fandii ittiin of eeginsaa(reserve) (yeroo tokko tokko fandii korpas jedhama), fandii kaappitaala veencharii kennuu, tooftaa maallaqa Sassaabuufi gargaarsaa ni jiru. Carraa akkasii fayyadamuu waldaaleen dubartootaa fi hawaasa siivilii biyya keessaa irraa tattaaffiin cimaan gochuun maallaqa ala irraa barbaaduu irra gara malawwan kanneenitti xiyyeeffannoo kennuun maallaqa argachuuf carraaquu qaba.

Tooftaalee Sochii Beekamoo Sassaabbii qabeenyaa Idil Addunyaa

Maloonni/tooftaaleen qabeenyaSassaabuu baay'ee mijatoo ta'an akka armaan gadiitti tarreeffamaniiru.

Piroopozaala Pirojektii

- *Piroopozaaliin pirojektii ibsa bal'aa hojiiwwan walduraa duubaan rakkoo murtaa'e tokko furuuf hojjatamaniidha.*
- *Pirooppozaalonni sanadoota amansiisaa pirojektii tokko jalqabsiisuu fi dubbisaan tarkaanfii sanada keessatti yaadame akka fudhatu gochuuf yaadamanii dha.*

Pirooppozaalli tokko ibsa bal'aa wantoota armaan gadii kan ofkeessaa qabu ta'uu qaba/

- *Barbaachisummaa Pirojektichaa;*
- *Hojiiwwan hojjatamaii fi yeroo aawwii isaanii;*
- *Malaa; fi*
- *Qabeenya Namaa, Meeshaa fi Maallaqaa Barbaachisu.*

Piropozaalonni yeroo baay'ee gaaffii dhaabbileen mootummaa, waldaaleen ykn kaampaanii dhiyeessaniif deebii kennuudhaaf barreeffama. Qaamni gaaffii dhiheesse pirooppoozaalota gaaffii isaaniif deebii kennan hedduu fudhachuun yaada dhihaate madaalee, isa (yaadota) hundarra gaarii ta'e keessaa filatee gara fuulduraatti tarkaanfata. Madaalliin yaadota yeroo baay'ee barreeffama yaadota adda addaa galmeesse irratti hundaa'a. Kanaafuu, pirooppozaalli kee yaadni kan baay'ee barbaachisaa ta'uu isaa warra pirooppozaalicha dubbisan amansiisuu qaba.

Sababoonni Pirooppozaalli qophaa'uf keessaa muraasni:

performing a task (such as conducting a feasibility study, a research project, etc.);

- *Hojii hojjachuuf(qorannoo geggeessuf*
- *Oomisha dhiyeessuuf; ykn*
- *Tajaajila dhiyeessuuf.*

Pirooppozaalli sababoota garaa garaatif kan qophaa'u waa ta'eef bifoota adda addaa qabaachuu danda'a. Pirooppozaalli baay'inaan kutaalee armaan gadii kana of keessaa qaba.

- *Guduunfaa(Executive Summary)*
- *Seensa/or Seenduubee*
- *Ibsa Rakkoo(Problem Statement)*
- *Sababa/Kaka'umsa/Kaayyoo/Kaayyoo(Purpose/Motivation/Goal/Objectives*
- *Hiika Daangaa fi Mala(Definition of Scope and Approach)*
- *Ibsa Pirojaktii*
- *Mala(Methodology)*
- *Seenduubee Teeknikaa*
- *Kutaa Hojii*
- *Baajata*
- *Sadarkaa Barnootaa*
- *Goolaba*

Gareen piropozaalicha qopheessu hundi gaaffii dubbisee ibsa teeknikaa garaa garaa erga uume booda kan itti aanu yeroo piropozaalicha barreefamuu jalqabuudha. Piropozaaliin tokko kutaalee ykn qaamolee hedduu qabu.

Qaamonni maallaqa arjooman garaa garaa gucaa fi ulaagaa garaa garaa qabaatanis,dhimmoonni waliigalaa armaan gadii piropozaalota hedduu keessaatti kan hammataamaniidha.

a) Guduunfaa(Executive Summary)

Guduunfaan kutaalee pirooppozaalaa keessaa isa baay'ee barbaachisaa ta'ee fudhatama. Qaamoleen deeggarsa kennan tokko tokko pirooppozaalaa guutuu isaa hin dubbisan. Kanaafuu,guduunfaan dubbistoonni pirooppozalichaa, dokmantii/sanada osoo hin dubbifamin hafe bal'inaan dubbisuuf fedhii akka qabaataniif carraa ta'ee tajaajila. Guduunfaan dhaabbata barreeffamuuf sanaaf maalif dhaabbanni keenya warra isaan dorgoman caalatti filatamuun ddeeggarsa argachuu akka qabu ibsuu /agarsiisuu qaba

Guduunfaan ifaa fi gabaabaa ta'uu qaba (yeroo baay'ee fuula lamaa kan hin caalledha).Akkasumas qabiyyee yaada dhihaate guutuu gabaabsee ibsuu qaba. Hunda caalaa ammoo, erga yaadni hundi dhihaate guutuun isaa xumuramee booda dhuma irratti barreeffamuu qaba.

b) Barbaachisummaa Kutaa(Programme Justification)

Barbaachisummaan sagantichaa (ykn pirojektichaa) kutaa pirooppozaalichaa isa hunda caalaa barbaachisaa ta'edha.Kutaan kun kutaalee hawaasaa nuyii fi arjoomtonni waliin irratti hojjannuu ibsuun arjoomtonni deeggarsa akka kennan amansiisuu qaba.Yaadonni akka furmaataatti dhiyaatan karalee ittiin galmaa fi kaayyoo pirojektichaa biyya/naannoo sana keessatti galmaan ga'uuf gargaaran ibsuu qaba.

Jalqaba, hundee rakkinichaa ykn dhimma pirooppolaazicha keessatti dhiyaatu adda baasuuf yaali. Kutaa kee irraa, pirojektoota ykn hojiiwwan rakkoo kana furuu keessatti seenaa milkaa'aa qaban adda baasi;ykn milkaa'ina pirojektoota biroo kan rakkoo kana furuuf bakka biraatti hojjataman qoradhu. Himni jalqabaa sagantichaa jechoota salphaadhaan pirojektichi maal akka ta'ee fi galmi isaa inni guddaan maal akka ta'e ifatti ibsuu qaba. Sana booda wantoota rakkinichaaf ka'umsa ta'an ibsi.Akkasumas, yaada kee sirriitti cimsachuuf haala ifa ta'een ragaa kenni. Hojiin pirojektii keetii akkamitti dhimmoota/ rakkinoota kana akkamitti furuu akka danda'u ibsi. Kanas ragaa walitti qabdeen deeggari.

Barbaachisummaan haala qabatamaa hawaasaa mul'isuun haala pirojektichi namoota dhuunfaa hawaasicha keessa jiran itti fayyadamoo taasisuu danda'u agarsiisuu qaba. Dhimmicha caalatti cimsuu fi qabatamaa taasisuuf, osoo danda'amee, qorannoo gabaabaa yaada namoota hawaasicha keessa jiraatan sanaa mul'isu osoo of keessaa qabaatee baay'ee filatamaadha.

c) Mala itti fayyadamaa Teeknikaalaa

Pirooppozaalli teeknikaa wiirtuu ykn guutuu piropozaala deeggarsaati. Dhaabbanni pirojektii sana hojjatu kaayyoo waliigalaa pirojektichaa akkamitti akka galmaan ga'u qaama deeggarsa qabeenyaa taasisu sana sirriitti hubachiisuu qaba.

Malli teeknikaa dhaabbanni tokko kaayyoo sagantichaa/pirojektichaa akkamitti akka galmaan ga'u irratti ibsa bal'aa kan of keessaa qabaachuu qaba. Akkasumas, malli kun sagantichi hojiiwwan ijoo akkamii akka hojiirra oolchu, sagantichi eenyu waliin tumsaan akka hojjatu, hojiiwwan ijoo ta'an yoom akka raawwataman, sagantichi eessatti akka hojjatu, akkamitti akka hordofamuu fi madaalamu, akkasumas kutaa hawaasaa kamirratti bal'inaan akka xiyyeeffatu agarsiisa.

Malli kun tooftaalee hojiileen ittiin hojjataman,giraafiksii hojiilee ijoo sagantichaan raawwatamanii fi bu'aan argamuu danda'an agarsiisu of keessaa qaba.Waldaalee dubartootaa keessatti, malli kun Kutaa feeminizimii fi jijjiirama koorniyaa irratti xiyyeeffata.Dabalatis, malli kun odeeffannoo waa'ee karoora hojii,baajetaa, to'annaa fi madallii fi fedhii hojjattootaa kan kennu yoo ta'u,gaaffiiwwan ijoo armaan gadiitiif deebii kan kennu ta'uu qaba.

- *Maaltu hojjatama?*
- *Eenyutu hojjata?*
- *Eessatti hojjatama?*
- *Yoom hojjatama?*
- *Kaayyoon waan hojjatamu kanaa maali?*
- *Eenyu hirmaata(Hirmaattota kallattii)?*

- *Qaamoleen hirmaachuu qaban eenu fa'a? Ni danda'am ayoo ta'e akkamitti hirmaatu?*
- *Meeshaaleen/wantoonni itti fayyadamtan ykn qopheessuu qabdan maal fa'i?*
- *Hojiin kun bu'aa pirojaktichaa akkamitti guddisuu danda'a?*
- *Bu'aaleen argaman akkamitti hordofamuu fi madaalamuu danda'a?*
- *Baasii hangamii gaafata? (Kuni baajataaf baay'ee barbaachisaadha.)*

d) Karoora Hojii fi Kutaa Yeroo

Dhaabbanni keessan hojiiwwan mala itti fayyadamaa teeknikaa irratti hundaa'an erga qopheessee booda, sana booda hojiiwwan kun bifa karooratinii yoom maal raawwatamuu akka qabu agarsiisuun teessifamuu qabu. Yeroo tokko tokko, arjoomtonni maallaqaa karoora hojii fi yeroo ifatti hin gaafatan.Ta'us garuu yeroo hunda yaada pirooppozaala keessatti dabaluun yaada gaarii dha.

Qabiyyeewwan dabalataa pirooppozaallin hammachuu qabu

1. Pirojektii kana raawwachuu fi/ykn adeemsis uudhaaf gahumsa keetii ykn hojjattoota ijoo ta'anii ibsi; hojii kana xumuruuf dandeettii, muuxannoo fi ogummaa barbaachisu akka qabdu dubbisaa amansiisi.
2. Giraafiksii akkamii akka fayyadamtu murteessuun yaada kee ibsuuf itti gargaarami; ragaa dhiyeessi.
3. Amanamummaa kee dabaluu fi pirooppozaala kee cimsuuf qorannoo sadarkaa lammaffaa itti dabali.
4. Akkaataa pirooppolaalizichi itti ergamu filadhu: kuns bifa xalayaatin,bifa miimotiin ta'uu danda'a.

'The chief purpose of a funding proposal is persuasion, NOT description'.[6]

'Kaayyoo guddaan piroppoozala deeggarsaa ibsuu osoo hin taane,amansiisudha'.

Kan armaangadii kun fakkeenya guca pirooppozaala deeggarsi ittiin gaafatamuuti.

Odeeffannoo Quunnamtii	Maqaa,dhaabbata,teessoo,i-maayilii,lakk. bilbilaa,fuula weebii… itti gaafatmaa
Overview	Guduunfaa pirooppozaalaa kan barbaachisummaa pirojektichaa fi sababa deeggarsi maallaqaa gaafatameef of keessaa qabu.
Haala qabatamaa/ Context	Dhimmoota ijoo hawasa irraan dhiibbbaa gahaa jiranii fi sababa pirojetichi barbaachisuuf ibsa.Warri deeggarsa qabeenyaa taasisan saadarkaa bal'ina/ guddina rakkoo hawaasa irraan miidhaa gahe jedhamee sana raga lakkoofsa irratti hundaa'en akka dhiyaatu gaafachuu danda'u.
Ibsa Pirojektii / Project Description	Haala pirojetichi itti raawwatu ibsa- galmoota fi kaayyoowwan pirojektichaa,hojiiwwan hojjataman, fayyadamtoota pirojektichaa,bu'aawwan eegaman,yeroo barbaachisuu fi dhaabbilee fi ajensiiwwan pirojektichaaf deeggrasa laatan ibsa.
Hordoffii fi Madaallii	Haala pirojektichi daandii yaadame irra jiraachuu isaa fi bu'aan karoorfame argamuu isaa itti hordofanii fi itti madaalan ibsa.
Baajata	Baasiiwwan bifa maallaqaa fi maallaqaanalaatin pirojektichaaf barbaachisanii fi madda galii maallaqaa ibsa.Gosa maallaqa(currency) fi hanga sharafa(exchange rate) isaas ni agarsiisa.
Odeeffannoo Dhaabbataa	Seenaa dhabbatichaa,caasaa fi qabiyyeee bulchiinsa isaa,ergama,raawwii kanaan duraa isaa,sadarkaa barnootaa hojjattootaa,to'annoo keessoo isaa fi haala seeraa dhaabbatichaa ibsa.

6 AWFD- Practical handbook for resource mobilization.

Maloota Pirojektoonni Gaariin ittiin Barreeffaman

- *Filannoowwan deeggartoonni maallaqaa jajjaboon ittiin argatan adda baasuu.*
- *Pirooppozaala barreessuf tuuta namootaa ijaaruu.*
  - Hoogganaa: galteewwan hunda kan qindeessuu fi kutaalee piroppozaalaa barbachisoo ta'an barreessa.
  - Ogeeyyii Teeknikaa(Technical experts): yaada maddisiisu, galteewwan dhimmoota teeknikaaatin wal qabatan kennu.
  - Hojjattoota Bulchiinsaa: odeeffannoo sirrii baajataan wal qabatan kennu.
- *Walgahii gabaabaa waamuun yaada wal jijjiiruu*
- *Dizaayiniin pirojaktii sadarkaa marsaa pirojektii keessaa isa tokkoodha.*
- *Dizaayiniin pirojaktii hojiiwwan gurguddoo lama of keessaa qaba:*
- Pirojektii karoorsuu (qabiyyeewwan pirojektii uumuu); fi
  - Pirooppozaala Pirojektii barreessuu(karoora gar asana pirojektiitti jijiirruu)
- *Dizaayiniin pirojektii bu'aa karoora pirojektii fi piropozaala pirojektii lamaanuu ti. Dizaayinii pirojektii jabaa uumuuf tarkaanfiiwwan lamaan kunneen barbaachisoodha.*

Yaadannoo gabaabaa Yaad-rimee (Concept Note)

Yaadannoo yaad-rimee (concept note) jechuun barreeffama gabaabaa yaada fi kaayyoowwan pirojektichaa of keessaa qabuudha. Kana jechuun ibsa gabaabaa maalumaa pirooppozaalaa/pirojektii tokkoo kan dhiyeessu jechuudha.

Yaadannoo gabaabaaan Yaadrimee kan inni qophaa'uu danda'uuf:

- *Kutaalee deeggarsa faayinaansii taasisan tokko tokkoof ykn dhaabbilee osoo pirooppozaalii guutuu isaa hin fudhatin yaadannoo yaad-rimee barbaadanif;*
- *maallaqaa tokko tokko kanneen dhiyeessuun dura yaadannoo yaad-rimee barbaadan.*
- *Arjoomtoota Qabeenyaa waamicha pirooppozaalii sirnaa hin qabne.*

Sababa Yaad-rimee Qopheessuun Barbaachisuuf

- *Kaayyoon yaadannoo/waraqaa yaad-rimee kallattii lamaan ilaalamuu ni danda'a.*
  - Dhaabbilee Deeggarsa maallaqaa taasisaniif: Qaamni deeggarsa maallaqaa taasisu pirojektii dorgomaa ta'e akka argatuu fi pirojektii deeggaramuu hin qabne akka hanbisuuf yeroon isaa akka qusatamu isa gargaara.
  - Warra Deeggarsa gaafataniif:yaadni pirooppozaalicha keessatti dhiyate barbaachisaa ta'uu isaa arjoomtotti mul'isuun akka isaan deeggarsa laachuuf fedhii horatan taasisa.
- *Kanaafuu, bakka bu'oonni dhaabbata maallaqa arjoomanii ykn miseensonni boordii waraqaa yaad-rimee hanga dhumaatti akka dubbisaniif, himoonni jalqabaa waraqaa yaad-rimichaa irratti barreeffaman baay'ee murteessoodha!*

Guca yaadannoo/waraqaa yaad-rimee

Wanti hubatamuu qabu,gucni murtaa'an tokkichi yaadannoo yaad-rimee barreessuuf oolu hin jiru.Gucni yaadannoo yaad-rimee qaamota inni barreeffaamuuf irratti hundaa'ee gargar ta'uu danda'a.Qaamoleen armaan gaditti tarreeffaman yeroo baay'ee yaadannoo yaad-rimee baay'inaan namoonni itti fayyadaman keessatti kan hammatamaniidha.

1. **Mataduree -** salphaatti kan hubatamu,odeeffannoo barbaachisu kan kennuu fi adda kan ta'e ta'uu qaba.Akkasumas,gabaabaa fi kan qalbii namaa harkisu ta'uu qaba.
2. **Dugduubee/Background**-rakkoo jiruu fi qaacccessa isaa fi gaaffilee gurguddoo lamaan armaan gadii of keessaa qaba:
   - *Rakkoo adda bahe kanaaf furmaata laachuun maalif barbaachise?*
   - *Rakkoo kana furuuf kana dura maaltu hojjatame?*
3. **Kaayyoowwan** - Galma/kaayyoo walii galaatin walitti hidhachuun milkaa'ina galmichaaf gumaachuu qabu.
4. **Bu'aawwan(Outputs)** - kallattiin kaayyoo pirojektichaa wajjin kan walqabatan ta'uu qabu. Keessumattuu wantootafi tajaajiloota mul'atan/qabatamaa ta'aniidha Fakkeenya: dhaabbata teeknikaa haaraa ijaarame, maxxansa meeshaalee odeeffannoo, ykn taateewwan akka workishooppii ykn walgahii qooda fudhattootaa faa ta'uu danda'a. Gosa pirojektichaarratti hundaa'uun wantootni hin mul'anne kanneen akka hubannoo uumuufaa kaasuun ni danda'ama.
5. **Hojiilee Hoojjatamanii fi Turtii Yeroo Barbaachisu** - Cuunfaa hojiilee kaayyoo barbaachisan of keessaa qaba.
6. **Fayyadamtootaa fi Dhiibbaa (Beneficiaries and Impacts) -** Kutaan kun arjooma irraa fudhatama argachuuf barbaachisaa ta'a. Wantoonni of keessaa qabaachuu qabu
   - *faayidaa argamuuf eegamu akkasumas gara baayy'inaa fi gahuumsa qulqullinaatin yoomii fi eessatti akka argaman;*
   - *Tilmaama bu'uuraa fi sababoota faayidaan kun gareewwan fayyadamtoota murtaa'aniif maaliif akka eegamu qabu;*
   - *Yaadota dhiibbaan jiru akkamitti fi eenyuun akka qoratamu ifoomsan;*
7. **Bulchiinsa Pirojektii/Project Management –** Kuni hordoffii fi madaallii agarsiisa.Kutaan kun haala pirojektiin ittiin hordofamuu fi madaalamu, akkasumas haala kaayyoon pirojektichaaa ittiin galma gahu agarsiisa.Namni pirojeticha hoogganuu qabu,gaheen itti gaafatamtoota bulchiinsa faayinaansii,hordoffii fi madaallii ifatti beekamuu qabu.
8. **Baajata –**Odeeffannoo hojiiwwan pirojektichaan raawwatamanii fi baasiiwwan hojiiwwan kanneen raawwachuuf barbaachisan ibsa.

Hub: Guca yaadannoo/waraqaa yaad-rimee Waldaalee dubartootan caalaatti walqabatan argachuuf http://grants.unwomen.org>untf>cfp>teplates fayyadamaa.

Maloota yaadannoo/waraqaa yaadrimee gaarii barreessuu

- *Odeeffannoo dheeradhaan dubbistoota hin nuffisiisin!*
- *Dhagggeeffattoota/hordoftoota keetif xiyyeeffanoo kenni.*
- *Jechoota/afaan fayyadamtu sirriitti madaali.*
- *Odeeffannoo baajataan walqabatu yoo gaafatamte qofa itti dabali.*
- *Bifti sanada yaadannoo yaad-rimee keetii baay'ee barbaachisaa dha.*
- *Waamicha dhaabbata tokkorraa taasifame malee waraqaa yaad-rimee yoo barressite,odeeffannoo barbaachisaa waraqicha gara dhaabbataa akka gahuuf si gargaaru adda baafadhu.*

Ergaa Kallattii /Direct Mail/

Tarsiimoon ergaa kallattii

Dhaabbanni tokko Kutaa isaa irratti deeggartoota amanamoo wajjin mala itti fayyadamaa baasii xiqqaatin akka wal quunnamuu danda'uuf kan gargaarudha. Maloota kana keessaa muraasni: kun iyyannoo deeggarsa maallaqaa, haaromsa miseensummaa, fi iyyannoowwan addaa(special appeals) faa ta'uu ni danda'a.Malli kun Arjoomtoota duraanii irraa irra-deebiin ddeeggarsa gaafachuuf, akkasumas deeggarsa maallaqaa itti fufuunsa qabuu fi hin daangeffamne argachuuf carraa uuma.

Mala itti fayyadamaa kana fayyadamuudhan, namoota deeggarsa keessatti caalaa hirmaatan,kanneen hojii tola ooltummaa dhaabbata keetii keessatti hirmaachuu danda'an, kanneen miseensota boordii illee ta'uu danda'anii fi qaamota deeggarsa maallaqaa olaanaa dhaabbata keetif gochuu danda'an adda baafachuu dandeessa. Tooftaa ittiin wiirtuu kaartaa dhaabbachuu danda'uu dhiheessuu'u ykn arjoomtoota piraamidii qabdu ol buudhii danda'uu. Tarsiimoon kun tooftaa ittiin namoota gara dhaabbata keetti akka dhiyaatan ittiin taasiftuu ykn tooftaa bifa walitti dhiyeenyatiin arjoomtota irraa qabeenya Sassaabuusi dandeessisuudha.

Xalayaan qabeenya Sassaabuuykn xalayaan gaaffii, madda odeeffannoo baay'ee murteessaa ta'aniidha. Rakkoolee hawaasummaa fi dhimmoota hariifachiisoo dhaabbanni kee furuuf yaalaa jiru ibsuudhaan, namoonni biroo hojii kana keessan keessatti akka qooda fudhatanii fi akka mataa isaanii godhatanii irratti hojjataniif carraa uuma. Arjoomtoota kumaatamaan lakkaa'aman kanneen karaa biraatiin quunnamtii gochuu hin dandeenye waliin akka wal qunnamtu si dandeessisa.

Jalqabuu (Getting Started)

Tooftaalee ergaa kallatti ulfaataa ta'aniin rakkachuu irra tarkaanfii salphaa ta'an fudhadhu.

1. Yoo danda'ame , barruu oduu hawwataa waggaatti al afur hanga ja'a maxxanfamu irraa jalqabuu dandeessa. Ergaawwan kana akka Kutaa baheetti dhaqqabsiisuun hariiroo arjoomtoota waliin qabdu itti fufsiisuuf gargaara.
2. Dubbistootonni fi arjoomtoonni gaaffii deeggarsaa ati dhiyeessiteef bifa cheekitiin deebii keennuu yoo kan barbaada'an ta'eef, ergaa kee wajjin poostaa deebi'u(return envelope) dabalii ergi.
3. Warra gumaacha waliin deebii kennaniif xalayaa galateeffannaa ergi.Xalayaan poostaan xalayaa galateeffannaa wajjin ergame yeroo tokko tokko (gaaffii maallaqaa kan biraa osoo hin kaasinillee) gumaacha dabalataa argamsiisa.
4. Ji'a Amajjii/Yeroo jalqaba waggaa keessa arjoomtoota keetif poostaadhaan, gumaacha isaanii kan waggaa darbee irratti gabaasa erguu ni dandeessa. Arjoomtonni hedduun gabaasa kana, xalayaa galateeffannaa fi dinqisiifannaa kan biraa wajjin yeroo fudhatan ammas kennaa biraa erguu danda'u.

Qabiyyeewwan Ergaa Kallattii

Ergaan kallattii wantoota gurguddoo afur of keessatti qabachuu danda'a. xalayaa, invelooppii alaa (ykn baattuu), guca deebii (response device) fi invelooppii deebii kennuuti.

Xalayaa

Maloonni armaan gadii xalayaa barreessuuf gaggaarii gargaaru.

1. Xalayaan ati barreessitu qaama fudhatuuf mijataa akka ta'u taasisi. Jechoota hin barbaachifnee fi qaama xalayaa fudhatu sana wajjin wal hin simne hin fayyadamin. Akkasumas,saalli nama xalayaa fudhatuu sanaa bifa sirrii ta'een barreeffamuu isaa mirkaneessi.Xalayaa sana xumuruun dura irra deddeebi'ii mirkaneessi.
2. Fedhii fi miira gaarii ta'een barreessi; fedhii fi miironni kunis dhugaa irratti kan hundaa'an ta'uu isaanii mirkaneessi.Namoonni qarshii kan arjooman sababa dhaabbanni keessan qarshii fedhuuf osoo hin taane,sababa waan uumame irratti tuqamaniif ykn aaraniif, ykn gaddaniif ykn abdii horatanii gargaarsa barbaachisu tokko godhuuf murteessaniifidha!
3. Boordii daayirektarootaa xalayaa kee irratti tarreessuu dubbisaa kee hin cinqin. Kun moofaa xalayaa qabeenya Sassaabuukeessatti fayyadaa turee fi xalayaa kana keessaatti gonkumaa hin barbaachisu. Kanniin caalaa,xalayaan kee maqaa,teessoo fi asxaa dhaabbata keetii qofa yoo qabaate gahaadha.
4. Waa'ee waan gaggaarii dhaabbata keetiin dubbistoota kee hin nuffisisiin. Kanaa kana gochuu caalaa, waa'ee namoota dhaabbanni kee tajaajilu barreessi. Seenaa dhugaa himi. Maqaa namootaa _ namoota dhugaa, maqaa dhugaa caqasi.
5. Dur namoonni maallaqa walitti qaban xalayaa iyyannoo isaanii fuula tokkoon gabaabsanii birooshera suura fi ibsa suurichaa qabu qofa itti dabalan gorfamaa turan.Aadaan har'a jiru garuu faallaa kanaati. Today's trend is quite the opposite. Xalayaan fuula lama, sadii, afur kan birooshura hin qabne caalaatti fudhatama qaba. Seenaan kee hawwataa, amansiisaa, akka gaariitti kan tolfamee fi kan qindaa'e yoo ta'e, yaada namootaa qabachuu fi harkisuu danda'a. Arjoomtonni xalayaa kee jaalatanii kan dubbisan yoo ta'e,carraan gumaacha argachuu keetii baay'ee olaanaadha. Xalayaa dheeraan qaamonni qabeenya arjoomuu danda'an odeeffannoo dabalataa akka argatanii fi deeggarsa taasisuuf sababoota gahaa akka qabaatan isaan gargaara.
6. Gumaacha gaafadhu. Hamma kennaa barbaachisee ibsi;kennichis maalif akka oolu ibsi. Filannoowwan kaffaltiin ittiin taasifamu kan akka kaardii liqii (credit cards)ykn cheekiitti fayyadamuu faa ifa godhi.
7. Iyyannoo kee akkawaan nama dhuunfaatti barreessiteetti katabi. Waan nama tokko qofaaf barreessaa akka jirtuutti yaadi. Afaan haasawaaf oolutti fayyadami. Jechoota ulfaataa ykn hiika ifa hin taane qaban hin fayyadamin.
8. Gaaleewwan ykn keeyyata barbaachisoo ta'aniif xiyyeeffannoo karaa bilookii waraabbii keessaa, mallattoo sakatta'iinsaa, rasaasa, mallattoo caqasaa gurguddaa, halluu, keeyyata ykn fakkiiwwan uumuu. Jala sararuu ykn qubee jajjaboodhaan maxxansuu garmalee hin godhin.
9. Xalayaa kee irratti mallatteessuu hin dagatin. Mallattoo kee maqaa keetii olitti mallatteessi.
10. Dhumarrattis,yaada dabalataa(postscript)karaa abshaalummaa qabuun itti dabali. Yaadni dabalataa(postscript)PostScript qabiyyee xalayaa hunda caalaa carraa dubbifamuu olaanaa qaba.Knaafuu, arjoomtonni kennaa dabalataa akka arjoomuu danda'aniif sirnaan barreessanii itti fayyadamuun barbaachisaadha. Yeroo baay'ee yaadni dabalataa kun arjoomtonni sababa deeggarsa Kennaniif bu'aa ykn faayidaa maalii akka argatan irra deebi'ee ibsa.

Invelooppii Alaa (Outer Envelope)

Invelooppii alaa qopheessuuf,gaaffilee barbaachisoo lamaan armaan gadii of gaafachuun barbaachisadha.

1. Xiyyeeffannoo envelope kootti waamee akka banamu ni taasisaa?
2. Ergaan invelooppichaa xalayicha keessaa jiru wajjin hidhata qabaa?

Xalayaan kee wantoota hammachuu qabuu

- *Fedhii uumuu*
- *Rakkicha adda baasuu*
- *Mirra kakaasuu*

- *Abdii qabaachuu*
- *Hirmaannaa qabaachuu*
- *Deebisuuf kaka'uumsa qabaachuu*
- *Galateeffachuu danda'uu*

Guca Deebii Kennuu (Response Device)

Kaayyoon guca deebii kennuu inni jalqabaa galmee maqaa fi teessoo qaama qabeenya arjoomuu dhiyeessuudha. Ta'uyyuu,kaayyoon guca deebii kennuu inni caalaatti barbaachisaa ta'e gumaachi akka taasifamuuf kaka'uumsa uumuu dha. Guca deebii kennuu dhabuun, arjoomtonni dhimma ati deeggarsa gaafattef deebii kennuu dhiisuu akka godhan taasisuu danda'a.

Gucni kun qaamni qabeenya arjoomuu danda'u qabxiilee armaan gadii irratti odeeffannoo argachuun,iyyannaa keetif haaala salphaa ta'een deebii akka kennuuf gargaara:

- *gumaachi argame maal akka galmaan ga'u irratti ibsa gabaabaa itti dabaluu;*
- *ibsa mul'ata keetii;*
- *hanga akka gumaachaf yaadame;*
- *filannoo kaffaltiin ittiin raawwatamuu danda'u;*
- *mala itti fayyadamaa gumaachi ittiin ergamuu danda'u;*
- *Maqaa fi teessoo dhaabbata keetii.*

Invelooppii deebii kennuu (Reply Envelope)

Arjoomtonni kee gaaffii deeggarsaa keetiif i akka salphaatti deebiakka kennaniif, invelooppii deebii isaa kan dura dhaabbata keetif ergame dabaluun dirqama.

Invelooppii deebii kennuu (Reply Envelope)

Arjoomtonni kee gaaffii deeggarsaa keetiif i akka salphaatti deebiakka kennaniif, invelooppii deebii isaa kan dura dhaabbata keetif ergame dabaluun dirqama.

Kennaawwan Gurgudaa (Major Gifts)

Kennaa guddaa kan jedhaman kennaawwan giddugaleessan dhaabbanni tokko argachaa ture irra caalmaa olaanaa kan qabu jechuudha.Kennaawwan akkanaa yeroo kan fudhatan,kan yeroo tokko qofaaf kennaman ykn darbanii darbanii yeroo wal fakkaatatti kankennaman ta'uu danda'u.Kennaawwan kun namoota dhuunfatiin,dhaabbilee garaa garatin, gareewwan namootaa fedhii wal fakkaataa qabanii fa'aan kennamuu danda'u.

- *Kennawwaan gurguddaan yeroo baay'ee namoota gammachuu qabanii fi haala mijataa keessa jiran irraa kan argamanii fi argachuuf humnaa fi yeroo kan gaafataniidha.*
- *Kennaawwan gurguddoon bifa maallaqaa fi bifa kaappitaalaa kanneen akka lafaa fi geejjibootaa, bifa tajaajiloota kanneen akka tajaajila odiitii/herregaa, fi tajaajila seeraa faa ta'uu ni danda'u.*
- *Kennaawwan akka gargaarsaa kan kan daangeffamanii miti. Dhaabbileen dubartootaa kennaawwan kana kan barbaadaniif Kutaalee fi tajaajiloota idilee isaanii maallaqaan deeggaruuf, Kutaalee isaanii fooyyessuuf, meeshaalee waajjiraaf oolan bitachuuf, kanfaltii leenjii fi guddina hojjattootaaf, kanfaltii carraalee barnootaaf, akkasumas baasii hojiilee irra hojjatanii fa'aa fi. maallaqa kennuuf. Wantoonni kunneen hedduun isaanii, keessumaa kanneen baasii bulchiinsaa fi hojii waliin walqabatan, dhaabbilee deeggarsa kennaniin kan hin deeggaramnedha.*

Sadarkaalee Kennaa Guddaa Gaafachuu

Arjoomtoota adda baasuu fi Sadarkaa Kennuufii

Tarkaanfiin jalqabaa seenaa arjoomuu dhaabbatichaa gamaaggamuun arjoomtonni irra deddeebiin arjoomaa turan yoo jiraatan adda baasun arjoomtota kunneenif sadarkaa kennuudhaan kennaa dabalataa arjoomudhaan Piraamidii Sassaaba Qabeenyaa irratti iddoo olaanuttii ol siqanii teessifamuuf qophii ta'uu isaanii mirkaneessuudha. Akkasumas, tarkaanfiin kun hariiroo, dandeettii fi xiyyeeffannoo isaanii irratti hundaa'uun arjoomtoota gara fuula duraatif sadarkaa kennuu of keessaa qaba. Fedhii/kaka'umsa arjoomtotaa hubachuuf yeroo fudhachuu of eeggannoo gochuu akka barbaachisu hubachiisa: fedhiin arjoomtata kanaa maal akka ta'ee fi dandeettiin maallaqaa/ faayinaansii isaa hangam akka ta'e adda baasuu barbaachisa.

Gabatee yeroo fi Tarsiimoo Qopheessuu

Karaa kennaa (arjooma) gurguddaa gaafachuu fayyadamuudhaan maallaqa hangamii Sassaabuuakka qabdu adda baasuun barbaachisaadha. Erga qaamoleen kennaa gurguddaa kennuuf gaafatamuu qaban adda baafamanii, sana seenaa kennaa isaanii kanaan duraa xiyyeeffaannoo keessa galchuun, hamma sirrii kennaa keetif gaafachuu qabdu tarsiimoodhaan murteessuuf ni dandeessa.

Arjoomtota Horachuu/ Cultivation

Arjoomtoota horachuun hiriyummaa horachuu wajjin walfakkaata. Hojjattoonni fi boordii dhaabbatichaa tajaajilli qulqulluun akka jiraatu fi arjoomtonni dhaabaticha wajjin akka ta'aniif karaa sirrii ta'een garaa qulqulluu dhaan hojjachuu qabu. kunis gaaffii odeeffannoo fi gargaarsaa guutuu kan dabalatudha; arjoomtonni hojii dhaabbata keetii tumsaa; akkasumas ergama tola ooltummaa isaanii si gargaaruudhaan akka galmaan gahan kan keessan deeggaruu taasisuu qabda.


Gaaffii, Hordoffii, Beekamtii fi Haaromsa

Tarkaanfiin gaafachuu kun tooftaa dhaabni dhaabbata deeggarsa kenne karaa sirna qabeessa ta'een kennaa guddaa argachuuf gaaffii itti dhiyeessudha. Kennaawwan gurguddaa gaafachuuf furtuun, dhaabbata arjoomaa sirrii uummachuun, sababa sirriif, kennaa sirrii ta'eef,yeroo sirrii ta'etti argachuudha.

. Barbaachisummaa qabeenya Sassaabuuf sassaabu, iftoominaan gaafachuu irratti waliigalteen dhabamus, walqunnamtiin dhuunfaa sadarkaa nama dhuunfatiin taasifamu kennaa (arjooma) gurguddaa gaafachuuf karaa hunda caalaa filatamaa ta'ee fudhatama.Yeroo qaama arjooma raawwatuuf gaaffii kennaa (arjooma) dhiyeessitu,wantoota armaan gadii xiyyeeffannoo keessa galchuun barbaachisaadha:dandeettii kennuu (arjoomu) dhaabbatichaa, barbaachisummaa ergama dhaabbata keetii, warri kaan maal akka kennan, eenyu gaaffii kennaa akka dhiyeessuu fi carraa beekamtii qaamni arjoomu argatu xiyyeeffannoo keessa galchuun barbaachisaadha.

Wantoota Sirrii Kennaa (Arjooma) Guddaa Argamsiisan (Five Rights for Major Gifts)

- *Nama Dhimmii Ilaaltu (Sirrii)*
- *Arjoomtota Sirrii*
- *Sababa Sirrii*
- *Yeroo Sirrii*
- *Kennaa Sirrii*



Akkasums, namoonni maaliif tasuma kennuu dhiisuu akka filatanis beekuun barbaachisaadha. Sababoota beekamoon kanaaf ka'uumsa ta'an keessaa muraasni kunooti:

- *Namni gargaarsicha gaafate nama sirrii hin taane yoo ta'e.*
- *Dhimmichi cimaa yoo hin taane.*
- *Hangi barbaachisu yoo ibsamuu baate.*
- *Karaaleen deeggarsi ittiin kennamuu danda'u yoo ibsamuu baate.*
- *Waadaaleen seennaman yoo hordofamuu baatan.*

Qophii barbaachisu godhuun karaa sirrii ta'een deeggarsa gaafachuuf barbaachisaadha.

Arjoomtonni erga qabeenya isaanii arjoomanii booda beekamtii fi galata argachuu qabu. Karaaleen galateeffannan ittiin kennamu hedduudha. Isaan keessaa: taappeellaa irratti maqaa/suuraa isaanii fayyadamuun, badhaasa kennuun, kitaaba galateeffannaa qoheessuun, waraqaa ragaa kennuun, fi.k.f. Qabxiin hubatamuu qabu, sirna galateeffannaa fi pirootokoolii beekamtii arjoomtootaa hojii dhaabbata tokkoo keessatti horachuudha.

4.1.2 Qabeenya Biyya Keessaa Sassaabu

Namoonni baay'een dhaabbata kee deeggaruuf namoota dhuunfaa ykn dhaabbilee adda addaa irraa maallaqa ykn qabeenya sassaabuun akka waan namoota kanneen kadhachuu ta'etti ilaalu. Irra caalaan namootaa immoo deeggarsa akkanaa gaafachuun namoota haala kutannoo hin qabne ykn fedhii hin qabne amansiisuu akka of keessaa qabutti ilaalu._

Haa ta'u malee, sochiin qabeenyaa biyya keessaa sassaabu kunn namoota dhuunfaa/dhaabbileen waan bu'aa guddaa qabu tokko irratti hirmaachuuf carraa akka argatan taasisa. Namoonni/deeggartoonni naannoo ergama dhaabbata isaanii keessatti akka hirmaataniif carraa kenna.Malli kunis namoota waan kana irratti hirmaachuu barbaadaniif ulaa uumudha. Malli kun waldaaleen, dubartootaa qabeenya biyya/naannoo isaanitii sassaabuun milkaa'ina waldaa isaanitiif aka oolcha gochuu keessatti baay'ee barbaachisaadha.

Maloota Qabeenya Biyya Keessaa Sassaabu yeroo hedduu fayyadan

- **Ambaasaaddaroota Tola ooltummaa Ramaduu**- *Ambaasaaddaroonni fi Shaampiyoononni artistoota, abbootii qabeenyaa, gaazexeessitoota, hojjattoota mootummaa, namoota siyaasaa ykn kan biroo ta'uu danda'u. Hirmaannaan Ambaasaaddaroota fi Shaampiyoonota tola ooltumma dhimmoonni waldaalee dubartootaa gara miidiyaa fi mariiwwan addaa addaatti akka dhufaniif gargaara.*
- *Waldaaleen Dubartoota namoota bebbeekamoo, artistoota, atileetota fi k.k.f fayyadamanii qabeenya naannoo jiru Sassaabuuf karaa tarsiimowaa ta'een karoorfachuu ni danda'u. Qabeenya Sassaabuuf namoota beekamoo ta'an ambaasaaddara tola ooltummaa dhaabbatichaa taasisuun muuduu.*

Artisti Masarat Mabraatee akka ambaasaddara Fandii Onnee Daa'immanii Itoophiyaa kan Hospitaala Tiqur Anbassaa keessatti argamuu taatee hojjachaa jirti. Masarat qabeenya maallaqaa fi gosaa(in-kind) baay'ee guddaa ta'e walitti qabuu wal'aansa baqaqsanii hodhuu daa'imman 9500 oliif haala mijeessite. Artistoonni Itoophiyaa garaa garaas qabeenya biyya keessatti walitti qabuuf "Waldaa Tola-ooltummaa Mudaay"f ambaasaaddara ta'anii hojjachaa jiru.

- **Namoota Dhuunfaa:** *Namoonni tokko tokko akka dhuunfaatti yeroo gafattaman ykn yeroo marii waliin ademsifamme deeggarsa gaafatamaniif salphaatti deebii kennuu danda'u. Waldaaleen dubartootaa Kutaa qabachuun arjoomtoota dhuunfaa wajjin qaamaan wal arguunii fi dhaabbata isaanii akka daawwatan afeeruu, fayyadamtoota waldichaa beeksisuu, pirojektoota hojjetamaa jiranii fi bu'aalee argaman faa itti mul'isuu qabu.*
- **Kaampaaniwwan Daldalaa** – *Dhaabbilee/kaampaaniiwwan daldalaa baay'een hojiiwwan bu'aan isaanii baay'ee bu'aa hin qabne deeggaruu hin jaalatan.Waldaaleen dubartootaa karoorfachuu, Kutaa walgahii qopheessuu fi namoota sirrii dhaabbaticha keessatti argamanitti dhiyaachuun waa'ee*

dhaabbatichaa nama sanaf dhiheessu; daawwannaa dhaabbatichaa qopheessuun pirojektoota hojjetaman, bu'aa ba'ii jiraniifi bu'aalee argamaa jiran itti agarsiisun deeggarsa barbaadan akka agartaniif haala mijeeffachuu ni danda'u.

- **Deeggartoota Hojii Tola-ooltummaa (Philanthropic Donors):** *Namoonni hojii tola ooltummaa deeggaran/kennaa kennan hedduun rakkoo hawaasummaa furuuf fi namoota biroo gargaaruuf fedhii guddaa warra qabaniin dha. Ragaa qorannoo saayinsiis, kennaan tola ooltummaa gama fayyaatiin nama kennus ta'ee nama fudhatu akka gargaaru agarsiisa.*

Qorattoonni akka jedhanitti, hojiin tola ooltummaa bu'aalee gaarii armaan gadii kanaaf ooluu danda'a.

- Gammachuu hundaa olii argamsiisa;
- Sadarkaa dhiphinaa ni hir'isa;
- Fayyaa qaamaa gaariin akka jiraatu godha;
- Miira namoota birootif yaaduu dabala.

Gama kanaan waldaaleen dubartootaa arjoomtoota tola ooltummaa deeggaran hirmaachisuuf tooftaalee bu'a qabeessa ta'an karoorfachuu fi qopheessuu qabu. Waldaan Misooma Meerii Joy jedhamu dhaabbata arjoomtoota tola ooltummaa *Private community public partnership(PCPP[7])* jedhamu irraa tarsiimoowwan Qabeenya Sassabugaarii qabaachuun fayyadamaa jiruu dha.

Waldaan Misooma Meerii Joy (MJ-DA) tarsiimoo qabeenya walitti qabuu kan maqaa isaa 'Private community public partnership' (PCPP) jedhu qaba. MJ-DA aadaa kennuu fi tola ooltummaa garee namoota adda addaa biyya keessaa fi idil-addunyaa guddisuudhaan itti fufiinsa dhaabbilee fi itti fufiinsa sagantaa mirkaneessuuf tooftaalee qopheeffate.

Waldaan Misooma Meerii sagantaa kana kan jabeesse qabeenya biyya keessaa walitti qabanuuf gareewwan hawaasaa adda addaa kakaasuun malawwan akka seminaara, workishooppii, marii paanaalii, waltajjii, taateewwan, fi yunivarsiitiiwwan, kolleejjii, manneen barnootaa ogummaa fi dhaabbilee biroo carraa barnootaa bilisaa, akka laatan taasisuun,namoonni ramaddii hojii fi miseensummaa akka argatan gochuunidha.

Qabeenya biyya keessaa walitti qabuu olitti , aadaa sochii qabeenya biyya keessaa fi idil-addunyaa kennuu fi kabachiisuun itti fufiinsa dhaabbilee fi itti fufiinsa sagantichaa mirkaneessuun itti fufiinsa fi abbummaa sagantichaa mirkaneessuuf xiyyeeffannoo guddaa dhaabbatichaati. Qabeenya biyya keessaa walitti qabuu olitti (aadaa kennuu fi walitti qabiinsa qabeenyaa jajjabessuun), abbummaa fi itti fufiinsa sagantichaa mirkaneessuuf deeggarsi maatii xiyyeeffannoo guddaa dhaabbatichaati.

- **Tattewaan Qophesuu**:- *Waldaaleen Dubartoota tatteewan adda addaa kan akka Karnivaloota qophesuudhan jarratoota biyyaa kessaa irra qabeenya sassaabu ni danda'an. Haala kannaan qabenya sassabuuf murtiin ijoo inni durra, kore hojii kanaa haala gaaridhaan addemsiisu hundeesu dha. Koreen hunda'uu kun nammota bayyee kan hin qabanneefi, baasi kaffatii hojjeetota hirr'issuu kan karrorfatte ta'uu qaba. Yeero tateen qabeenya sassabu addemsifamu koreen hojii addan qoodudhaan haala salpha ta'een hojjii geggesa.*
- **Tajaajila Ergaa gababaa (SMS) Qabeenya Sasaabuuf Fayyadu** – *Waldaaleen Dubartootaa Tajajila Ergaa Gabaabaa koodii gabaabaa qabu fayyadamuun Itiyoo-Teeleekom wajjin wal ta'uun ummata bal'aa irraa qabeenya sassaabu ni danda'u.Tooftaan kun sadarkaa biyya keessatti,qabeenya Sassaabuuf tooftaalee filatamoo ta'an keessaa isa tokkoodha. Kana irratti fakkeenyonni muraasni:*
  - 8151, Waldaa Gargaarsa Jaarsooli fi Dhukubsattoota Sammu Maaqedooniyaa
  - 9600 Waldaa Misoomaa Meerii-Jooy
  - 6710 Fandii Onnee Daa'immaanii Itoophiyaa
  - 8100- Hidha Haaromsaa Guddicha Itoophiyaa[8]

7 http://www.maryjoy-ethiopia.org

8 https://ethiopianmonitor.com

Maaqedooniyaan Qarshii Itiyoophiyaa 74, 718, 165.00 ol ta'u karaa tajaajila ergaa gabaabaa walitti qabe. Waldaa Gargaarsa Namoomaa Maaqedooniyaa) bara 2015-2018h waggaa sadiif karaa tajaajila ergaa gabaabaa maamiltoota Itiyoo Teelekoom irraa kanneen ergaa gamasitti ergaa turan irraa walitti qabe.

Itiyoo Teelekoom ijaarsa Hidha Haaromsaa Guddicha Itoophiyaatif karaa tajaajila ergaa gabaabaa (SMS-8100 A)Qarshii Itiyoophiyaa 122,467,676 ummata irraa walitti qabuu danda'e.Qarshiin kun waggaa lamaa oliif kan funaaname yoo ta'u Bitootessa 22,2020 gara dhaabbata hidhichaaf qarshii kana walitti guursise,Humna Ibsaa Itiyoophiyaatti kenname.

Dhaabbanni Gargaarsa Namoomaa Masarat, 'Mudaay', Baabul Keeyir fi

WISE tooftaalee fi tarsiimoowwan qabeenya gara garaa biyya keesaa sassaabuf fayyadamun maqaan isaanii ka'uudha/ eramuudha.Tooftaalee isaanii keessaa muraasni akka armaan gadiitti dhiyaateera.

Tarsiimoo Qabeenya Walitti Qabuu Dhaabbata Gargaarsa Namoomaa Masarat

Ragaan Dhaabbata Gargaarsa Namoomaa Masarat irraa argame akka agarsiisutti,dhaabbatichi qabeenya biyya keessaa walitti qabuuf tooftaalee garaa garaa hedduutti dhimma bahe. Nmoonni fedhiidhan hirmaatan,artistoonni fi namoonni beekamoon biroo adeemsa qabeenya walitti qabuu kana keessatti si'aayinaan hirmaachuun gargaarsa gochaa turan.Maloota qabeenya biyya keessaa walitti qabuuf dhaabbatichi itti fayyadame keessaa muraasn:

- *Tola ooltonni hojii gurgurtaa T-shartii, Kophee qulqulleessuu, Konkolaataa dhiquu fi hojiiwwan biroo irratti bobba'uun baasii sagantaa dhaabbatichaaf qabeenya walitti qabu. Akkasumas,tola ooltonni baazaroota adda addaa irratti hirmaachuun Dhaabbata Gargaarsa Namoomaa Masarat beeksisaa turan.*
- *Dhaabbanni kun doktoroota fayyaa fi narsoota fedhiidhan hojii deeggarsaa kanarratti hirmaatan qaba. Dr. Maarsheet,abbaan qabeenyaa Faarmaaker (pharmacare), mana qulqullinaa fi dhiqannaa Dhaabbata GargaarsaNamoomaa Masarat kanaaf ijaare.*
- *Artistoonni adda addaa immoo yeroo Ayyaana Jijjiirraa Bara Haaraa Itoophiyaa sirba 'Ababaayyehoosh' jedhu sirbuun dhaabbaticha deeggaraa turan.Ayyaana jijjiirraa kan bara tokkooirratti 'Ababaayyehoosh' sirbuudhan,artistoonni dubartootaa dhaabbilee fi namoota dhuunfaa adda addaa irraa Qarshii Itoophiyaa 604,000 walitti qabuu danda'an.*
- *Akkasumallee,dhaabbanni qabeenya walitti qabuuf beeksisa meediyaa illee fayyadamaa ture. Waltajjiiwwan akkasiitiin qooda fudhattoonni tola ooltota adda addaa hirmaachuudhaan kaayyoo maallaqa walitti qabuu san hawaasa bal'aaf kan beeksisan yoo ta'u, sababa beekisa kanaatin kanaati deeggarsi maallaqaa tokko tokko taasifameera.*
- *Kuufama Tokko Daa'ima Tokkoof ("One Pack for One Child") " Kuufama Tokko Daa'ima Tokkoof " jechuun paakeejii sochii gargaarsaa kan biraa (yeroo baayyee ji'a Fulbaanaa keessa) kan dhaabbatichi qabeenya walitti qabuun ijoollee barattootaa harka qalleeyyii ta'aniif kitaabota, qalamaa fi qubeessaan akka kennamu kan dandeessisedha.*
- *Dhaabatichi paakejii deeggarsa daa'immanii (child sponsorship package) illee ni qaba. Baasiin ji'aa deeggarsa kanaaf barbaachisu Qarshii Itoophiyaa 800.00 ykn Doolara Ameerikaa 20.00 dha.*
- *Madda: Tarsiimoo Qabeenya Walitti Qabuu Dhaabbata Namoomaa Masarat,Amajjii,2023*

Tarsiimoo Walitti Qabiinsa Qabenyaa Waldaa Tola ooltummaa Mudaay

Waldaan Tola ooltummaa Mudaay karaalee garaa garaatin biyya keessatti qabeenya walitti qaba. Ragaan waldicharraa argame akka agarsiisutti,kanneen armaan gaditti caqafaman,tarsiimoo fi maloota qabeenya walitti qabuu waldichi itti fayyadamuudha.

Muday has organized various social and family programs as resource mobilization strategies such as Tezkar, Zeka, Nika, Wedding, birth day celebration and others. Mudaay sagantaalee hawaasummaa fi maatii adda addaa kan akka Tezkaaraa, Zakkaa, Nikaah, Cidha, Kabaja Guyyaa Dhalootaa fi sagantaalee biroo qopheesuun qabeenya walitti qaba.

- *Daa'imman nyaata akka argatan gochuuf, taatewwan akka 'Killee tokko Daa'ima tokkoof' jedhaman ayyana waggaa hunda sababeeffachuuf ni adeemsifamu.*
- *Waldaa Tola ooltummaa Mudaay keessatti kennaan qabeenyaa kanneen akka faarnicharoota,sireewwanii, hafatootaa,uffataafi meeshaaleen mana keessaa biroo ni fudhatamu.*
- *Mudaay Dhaabbata Daldalaa Dhuunfaa Fireesh endi Giriin (Fresh and Green plc) jedhamu kan waldichaa obboleettii ta'e qaba.*
- *Fireesh endi Giriin (Fresh and Green plc) oomisha akka biddeenii,oomisha aannanii,horsiisa lukkuu fi oomisha mi'eessitootaa(spices) faa qaba.Galiin kanarraa argamu hundumtuu dubartoota,ijoollee dhiiraa fi durbaa Waldaa tola ooltummaa Mudaay keessa jiraniif oola.*
- *Dubartoonni Mudaay keessa jiran hojiilee galii maddisiisuu Dhaabbata Dhuunfaa Fireesh fi Giriin keessatti taasifammu irratti hirmaatu.Dubartoonni kun biddeenatolchuun,lukkuu fi loon horsiisuni fi mi'eessitoota(spices) garaa garaa qopheessuun galii dabalataa maddisiisu.*
- *Dabalataanis,Waldaan tola ooltummaa Mudaay lafa 20,000 m3 kan Bulchiinsa Magaalaa Finfinneetin naannoo HaayatBashaaletti kennameefirratti mana jireenyaa,iddoo kunuunsa daa'immanii fi manneen barnootaa ijaaruuf qabeenya guddaa walitti qabuuf karoorfataa jira.*

Madda:Ragaa Waldaa tola ooltummaa Mudaay irraa argame,Amajjii 2023

Tarsiimoo Qabeenya Walitti Qabuu Baabul Keeyir

Baabul Keeyir dhaabbata tola ooltummaa biyya keessatti Onkoloolessa bara 2011 hundeeffamee dha. Waldaan kun irra caalaa maatii 2000 ol (namoota 5000 ol) ta'aniif nyaata guyyaa guyyaa dhiyeessuu irratti kan xiyyeeffatedha. Baabul Keeyir miseensota idilee 2000 ol kan qabu yoo ta'u, miseensonni kun yoo hojjataa ta'an Qarshii 100 kan buusan yoo ta'u barattoota yoo ta'an immoo Qarshii 10 buusu.Maddi galii waldichaa inni guddaan Sadaqaa (kennaa duudhaa Islaamaa keessatti harka qalleeyyiif kennamu) dha. Namoonni lakkoofsi isaanii hedduu ta'e sadaqaa isaanii dhaabbatichaaf arjooma kan godhan yoo ta'u, sadaqichis guyyaa guyyaan namoota 5000 ol ta'aniif nyaata dhiyeessuuf kan ooludha.

- *Buusii miseensotaa waldichaa irraa argamu(Hojjataa irraa Qarshii 100;barataa irraa Qarshii 10);*
- *Tajaajila Ergaa Gabaabaa,OK jechuun gara 7335 erguun;*
- *Dhuunfadhaan deeggarsa bittaa nyaataa warra tsoomaniif qarshii 150;warri hin tsoomnef qarshii 100 taasisuu.*
- *Dhimmoota Hawaasummaa kanneen akka yaadannoo guyyaa 40ffaa fi guyyaa 80ffaa namoota du'aan boqotanii,Niiqaa,kabaja guyyaa dhalootaa,cidhaa fik.k.f fayyadamuun namoota rakkataniif nyaata guyya-guyyaa dhiyeessaf.*
- *Waldichi warshaa oomisha bu'aalee gogaa fi uffataa mooraa waldichaa keessaa qaba.Bu'aan gurgurtaa oomishtoota kanarraa argamu dhiyeessii nyaataa namoota rakkatan kanaatif oola.*
- *Miseensoonni Hawaasa Dayaasporaa Itoophiyaa Daalas fi Si'aatil jiraatan tokko tokkos deeggarsa maallaqaatin waldicha tumsuun namoonni gargaaraman nyaata akka argataniif ni tumsu.*
- *Karaaleen namoonni waldaa Baabul Keeyiiif deeggarsa ittiin kennuu danda'an mi'oota nyaataf oolan (Asbeezaa),uffata,daayiperoota fi meeshaalee qulqullina ittiin eeggatan, saamunaa,muka qoraanii fi karaalee biroo gargaarsi ittiin kennamuu danda'u fi geeggartoota gargaaruf mijataa ta'an biroo fa'a. Baabul Keeeyir lafa bal'inni isaa 2500 M2 ta'ee fi kan dareewwan kudhan irratti ijaaraman Kutaa Bulchiinsa Magaalaa Akaakii Qaalliittii, Aanaa1 keessaa qaba.Iddoo kanas wiirtuu leenjii fi ogummaa godchuuf karoorfatee hojjachaa jira.*
- *Akkasumas, lafa 5000 M2 naannoo Beetel Aam Baankitii kan fudhate yoo ta'u,lafiicharratti gamoo guddaa wiirtuwwan leenjii, kutaalee ciisichaa galmoota,biirowwani fi kutaalee nyaanni keessatti nyaatamu ijaaruf qophiirra jira.Dabalataniis, hoteela fi kaafeteeriyaa ijaarun galii dabalataa argachuuf karoorfachaa jira.Baabur Keeyir galii dabalataa walitti qabachuuf gaafa Bitootessa 19,2023 Hoteela Sharaatanitti teeleetoonii qopheessuuf karoorfatee ture*

Maddi: odeeffannoo Waldaa Tola ooltummaa irraa Baabul Keeyir Charitable Association, Bitootessa,2023 argame irraa.

Tarsiimoo Qabeenya Walitti Qabuu WISE

Dhaabbanni WISE, dhaabbata miti mootummaa naannoo (NGO) yoo ta'u, erga yeroo jalqabaaf Hagayya, 1997 Ministeera Haqaatin galmaa'ee kaasee amma har'aattuu hojii irraa jira.Dhaabbatichi dandeettii dubartootaa fi gareewwan hawaasaa harka qalleeyyii ta'anii ifatti baasuutti amana.

Xiyyeeffannoon tarsiimoon qabeenya walitti qabuu WISE dubartootaa fi shamarran harka qalleeyyiif wantoota jireenyaf barbaachisan kennuu irratti osoo hin taane, akka isaan of danda'an gochuu irratti. Tooftaaleen qabeenya walitti qabuu WISE keessaa muraasni kanneen armaan gadiiti.

- *Modeela Interpiraayizii Hawaas aa(Social Enterprise Model). Dhaabbanni kun daldalaa irratti kan hojjatu damee Tajaajila Leenjii Malakat kan jedhamu qaba.Leenjiiwwan akka BBS carraa hojii uumuu fi SACCOs fi interpiraayizoota dubartootatiif baasii xiqqaadhan kennamu.Galiin tajaajiloota kanarraa argamu pirojaktoota WISE maallaqaan tumsuuf oola.*
- *Galii Kiraa irraa argamu(Rental Income) -WISE tajaajila gamoo kireessu irraa galii guddaa argata. Galiin kunis pirojektii SACCOs,kan deeggrasa maallaqaa hin qabne tumsuuf oola.*
- *WISE namoota dhuunfaa deeggarsa kennan kanneen akka Iimaa Toomsan(nama beekamaa Dhaabbata Hooliiwud keesssatti fiilmii hojjatu),Galiilaa(lammii Itoophiyaa biyya alaa jiraatu fi dhaabbilee fayyaa deeggaru)Meliisaa Waagner(lammii Ameerikaa kan baasii ijaarsa gamoo 75% kan uwwistuu fi kan pirojaktii Meliisaa kan dubartoota 3000 deeggaru irratti kan hojjatu)*
- *Itoophiyaa irraayis namooni dhuunfaa baasii leenjii fi akka uwwisanii fi dubartoota murtaa'aniif (hanga humni isaanii danda'e) kaappitaala ka'umsaa akka kennan ni jajjabeeffamu.Individual donors from*

Madda:Odeeffannoo WISE irraa Bitootessa,2023 argame.

- **Galii Gurgurtaa (Earned Income)**

  Galii gurgurtaa jechuun maallaqa dhaabbanni bu'aaf hin hojjanne (non-profit) tokko gurgurtaa oomishaalee ykn tajaajila kenne irraa argatuudha. Kuni galii dhala indoowmentii fi invastimantii irraa argamus dabalachuu danda'a. Yaad-rimeen galii gurgurtaa dhaabbilee bu'aaf hin hojjanne kan galii kana hojii bu'aa buufachuu waliin walqixxeessanii ilaalan tokko tokko biratti rakkoo uuma. Meeshaalee fi tajaajiloota maallaqaan jijjiiruun, keessumaa bakka itti gaafatamni dhaabbata bu'aa hin hojjanne tokkoo hawaasa isaanii fi fayyadamtoota isaaniif bilisaan tajaajila kennuu ta'etti, namoota tokko tokko biratti akka naamusaa fi bu'aa ergama dhaabbatichaa cabsuu ta'etti ilaalama. Yaadni kaffaltii kaffaluu namoota tokko tokko biratti waan hin yaadamnedha. Dhimmi kun biyyoota tokko tokko keessatti yoo hubannoon ulaagaa seera gibira galii xiqqaa ta'e, kun rakkoo seeraallee fiduu danda'a.

  Dabalataanis, galiin gurgurtaa tarsimoo arjoomtoota argachuudha. Malli kun namoonni dhaabbata keessaniin ala jiran Kutaalee kee akka beekan taasisa. Arjoomtonni hedduun qabeenya gumaachuu akka waa bittinsuutti waan ilaalaniif, karaa kallattiin arjooma kennuu irraa ni baqatu. Ergama dhaabbatichaaf gumaachaa akka jiran beekanii, maallaqa kennaneef waan tokko argachuu yaada jedhu filatu.

Fedhiiwwan gurguddaa dhaabbatnni kee qabu guutuuf karaaleen maallaqa Sassaabuuf barbaachisan baay'eetu jiru. Galiin gurgurtaa Dhaabbanni Hawaasummaa ykn Dhaabbanni miti Mootummaa tokkoon tokkoon ykn ida'ama maddoota armaan gadii irraa argamuu danda'a.

Galii Gurgurtaa Meeshaalee irraa argamu	Galii tajaajila ogummaa irraa argamu	Galii indowmentii (endowment) irraa argamu
■ *Maxxaansaalee* ■ *Gurgurtaa tikkeettii* ■ *Meeshaalee Barreeffamaa* ■ *Faaya fi meeshaa ogummaa harkaa* ■ *Uffata* ■ *Jijjiirraa minjaalaa* ■ *Oomishoota nyaataa*	■ *Waljijjiirraa ykn daddabarsa odeeffannoo* ■ *Woorkishooppii leenjii/ Kutaa* ■ *Tajaajila gorsaa deeggarsa teeknikaa* ■ *deeggarsa dhimma seeraa* ■ *performances of art groups* ■ *konfiransiiwwan fooramii fi mariiwwan qopheessuu* ■ *liqaa xixiqqaa fi Kutaalee barnootaa*	■ *galii dhala invastimantii irraa argamu: kuufama yeroo, qooda aksiyoonaa, fi gurgurtaa aksiyoona*

Galiin gurgurtaa madda galii /maallaqaa amanamaa yeroo dheeraaf tajaajilu ta'uu ni danda'a. Galiin maallaqaa pirojektoota kana irraa argamu maallaqa Kutaalee dhaabbatichaatif barbaachisu argamasiisun ergama dhaabichaa galmaan ga'uuf gargaara. Haa ta'u malee, hojiiwwan galii gurgurtaa bulchuun, galichi dhugummaadhaan hojiirra ooluu akka danda'u gochuuf, ogummaa daldalaa(business) hanga murtaa'e tokko barbaachisa. Callisanii gara hojichaa seenuu irra, karoora daldalaa (business plan) qopheessuun caalaa gaariidha. Karoorri daldalaa (business plan) wantoota armaan gadiitif fayyada.

- *Kaappitaala hangamii akka si barbaachisu, yoom akka si barbaachisuu fi galiin akkamitti maddisiifamuu akka danda'u akka beektuf;*
- *Haala daldalichaa sirriitti hubachuuf;*
- *Tarsiimoo bifa gaariin qindaa'e, kan hojicha raawwachuuf dandeettii kee fooyyessu,akka qabaattuf. Kunis baasii, tarsiimoo bittaa fi gurgurtaa, idoowwan bittaa fi gurgurtaa adda duree, maamiltoota adda baasuu, tooftaa gatii gurgurtaa murteessuu, sirna raabsaa, daddabarsa maallaqaa fi dorgomtoota kan of keessatti hammatudha.*

4.2 Tooftaalee Qabeenya Sassaabu bu'aa qabeesa ta'an garaa garaa Fayyadamuu

Tooftaalee qabeenya sassabu garaa garaa adda baasuun karaalee ittiin dhaabbileen hubannoo Qabeenya Sassabuisaanii ittiin bal'ifatanii fi maloota muraasa yeroo hunda ittii fayyadamaniin alatti maloota hedduu garaa garaa fayyadamuu itti danda'aniidha.Waldaaleen dubartootaa, hojii Qabeenya Sassabuerga karoorfatanii booda, karaalee caalmatti qabeenya Sassaabuuf isaan gargaaru adda baafachuu qabu.

Tooftaalee qabeeenya Sassaabuukanneen akka kennaa (grants),Taateewwan addaa (special events), Ergaa Kallattii (Direct Mail), Galii Gurgurtaa (Earned Income) fi tarsiimoowwan haaraa biyya biraa irraa fudhatamanii gara haala qabatamaa waldaalee dubartootaa Itoophiyaa keessatti hojiirra ooluu danda'an fayyadamuun ni danda'ama.

Kaayyoo duula qabeenya sassabu kee fi maamiltoota dhaqqabuu barbaaddu irratti hundaa'un,maloota garaa garaa fayyadamuun kaayyoo walii galaa kee bakkaan gahuu ni dandeessa.

4.3 Tarsiimoowwan Qabeenya argachuu bu'a qabeessa ta'an Biroo Qorachuu

Kutaan kun malawwan Qabeenya Sassabubaay'ee hin baratamne kanneen akka warra armaan gadii kana dhiyeessa.

- *Bittaa fi Gurgurtaa Deebii Kallatti (Direct Response Marketing),*
- *Bittaa fi Gurgurtaa Sababa irratti Hundaa'e (Cause-Related Marketing),*
- *Kennuu Hojjataa (Employee Giving),*
- *I-meeyilii/Interneetiin Qabeenya Sassaabuu(E-mail/Internet Resource Mobilization),*
- *Dayaaspooraa irraa Qabeenya Sassabu(Diaspora Resource Mobilization).*

Bittaa fi Gurgurtaa Deebii Kallattii (Direct Response Marketing)

Bittaa fi Gurgurtaan deebii kallattiin tooftaa ummanni beeksisa tokkoof deebii akka kennu taasisudha. Karaaleen kunneenis: returning a coupon,

- *kuuppani deebisuu;*
- *bilbila bilbiluudhaan;*
- *Ergaa faaksii erguudhaan fi*
- *Malawwan teeknooloojii biroo kan akka ergaa gabaabaa bilbila harkaa ykn i-meeyilii(e-mail) fayyadamuu fa'a.*

Bittaa fi Gurgurtaa Sababa irratti Hundaa'e (Cause-Related Marketing)

Bittaa fi gurgurtaan sababa irratti hundaa'e jechuun sochii daldalaa dhaabbileen dhuunfaa ykn korporeeshiniiwwanii fi dhaabbileen bu'aaf hin dhaabbanne fakkii, oomisha ykn tajaajila tokko faayidaa waliinii isaaniif gabaaf dhiyeessuuf tumsa uumaniidha. Tooftaan kun kaampaanichaa fi dhaabbata bu'aa hin dhaabbannee sanaaf baasii xiqqaa ykn zeeroodhaan beekamtii gaarii kenna. Kana malees, dhaabbatichi maamiltoota adda addaa bira akka dhaqqabuuf carraa ni kenna. Hariiroon akkanaa kun bu'aa qabaatus, dhaabbati bu'aaf hin dhaabbanne, dhaabbata biroof ispoonsara ta'uu fi walta'iinsa uumuu wajjin walqabatee hubannoon dogoggoraa uumamuun rakkoon uumamuu ni danda'a.

Kennaa Hojjataa (Employee Giving)

Arjoomni kennaa hojjataa waliin wal qabatee taasifamu akka fedhii hojjattootaatti, hir'ina mindaa isaanii irraa taasifamuun ta'a. Dhaabbileen bu'aa hin dhaabbanne korporeeshinicha waliin walqunnamtii uumuu fi mul'ataa fi ergama dhaabbatichaa irratti kallattii kennuu qofatu isaan irraa barbaachisa. Dhaabbanni/kaampaaniin deeggarsa kennu nagayee barbaachisu qopheessuun buusii mindaa hojjatootaa irraa citee taasifame Sassaabuufi gara dhaabbata bu'aaf hin dhaabbanneetti dabarsuuf itti gaafatamummaa qaba, nagahee barbaachisaa ta'e kennuu akka danda'u beekamaadha.

I-meeyilii/Interneetiin Qabeenya Sassabu(Email/Internet Resource Mobilization)

Walitti qabamni qabeenya interneetiidhaan taasifamu fageenyan osoo hin daangeffamin, qaqqabummaa dhaabbilee guddisuu fi dabaluu danda'a. Odeeffannoon addaa kallattiin qaamolee dhaabbilee bu'aa hin dhaabanne, maamiltoota fi miseensotaaf ni ergama. Malli sassaaba qabeenyaa kun qabiyyee nama dhuunfaa (personalised content) irratti hundaa'uun karaa toora interneetii, kenna kaardii liqii, caalbaasii toora interneetii, taphootaafi maallaqa dijitaalaatiin galii argamsiisuu faa ta'uu danda'a. Akkasumas, malli kun ibsa hordoffii bal'aa qabeenyi sassaabamee ni kenna. Yeroo ammaa kana malawwan galii Sassaabuumiidiyaa hawaasaa irratti hundaa'an kanneen akka 'Go Fund Me', 'Crowd Funding', 'Social Media Channel Based Fundraising Techniques' fi Arjooma weebsaayitii irratti hundaa'e ('Web Based Donation' jedhaman karaa toora interneetii baay'inaan hojiirra oolaa dhufaniira.

Bu'aalee	Miidhaalee
■ *Baasii xiqqaa , deebii guddaa: 10-12% (ergaa kallatti caalaa: 10-12%)* ■ *Odeeffannoo fi hirmaannaan kan badhaadhe* ■ *Arjoominni kan raawwatamu 'batanii'(button) tokko qofa cuqaasuudhaani* ■ *Wal quunnamuuf mijataa ta'uu* ■ *Tamsaasni karaa i-meeyilii fi broadcast* ■ *'search engines' kan fooyya'uu ta'uu* ■ *Hirmaannan dargaggoota deebii kennanii dabaluu*	■ *Lakk.maamiltootaa baay'ee muraasa* ■ *Sirni kaardii liqii onlaayinii Itoophiyaa keessatti hanga ammaatti guutummaatti hin misoomne.* ■ *Daldalli bifa bal'inaan hojiirra hin oolle* ■ *Arjoomtoota umriin bilchaatan/dullooman hawwachuu hin dandeenye*

Dayaasporaa irraa Sassaabu (Diaspora Resource Mobilization)

Maallaqni ykn arjoomni lammiileen biyya alaa ykn godaantotni biyyoota ‘dhaloota isaanii’tti pirojektoota misoomaa maallaqaan gargaaruuf kennan sochii qabeenya Dayaaspooraa jalatti ramadama. Namoonni biyya isaanii dhaabbataadhaan gadhiisanii deeman dhaabbata biyya keessaa tokkoof maallaqa biyya alaa akka arjooman ykn akka walitti qaban gaafatamuu danda’u.

Seenaa: Waldaa Tola- ooltummaa Ayivoorii (Ivory Charities Foundation)

Faawundeeshiniin tola ooltummaa Ayivoorii kan ijaarame kaayyoo ummata Butu’aan, kan magaalaa kutaa kibbaa Filiippiinsitti argamtu keessa jiraatan gargaaruuf ture. Ummanni kun walakkaa ol kan ta’an sarara hiyyummaa gadi jiraatu. Waggoota sadan jalqabaa keessatti Faawundeeshinichi maallaqa doolaara Ameerikaa 2,686 ta’u qaba ture. Dhaabbatichi Dayaaspooraa Butu’aanii kan lakkoofsi isaanii qabeenya xiqqaadhaan miliyoona 8tti tilmaamamu baasii xiqqaadhan hundeeffame. Dayaaspooraan magaalaa dhaloota isaanii gargaaruuf fedhii guddaa kan qaban waan ta’eef, arjoomni maallaqaan isaan taasisan hanga doolaara Ameerikaa 24,070 tti guddate. Deeggarsi dayaasporaa kun karaa meeshaalee,mi’ootaa fi tajaajilootas ni taasifama.

Yeroo ammaa Faawundeeshinichi miseensota tola ooltotaa 52 qaba. Walqunnamtii dayaaspooraa Butu’aan biyya alaa jiran jidduutti taasifameen, dhaabbanni wal fakkaatan biraa tokkos hundeeffameera: Waldaa Tola ooltummaa Magaalaa Butu’aan kan Kibba Kaalifoorni’aa(Butuan City Charities of Southern California, Inc..) jedhama.

Mala itti fayyadamaa kanaan, arjoomni Butuu’aan Ameerikaa keessa jiraatan irraa karaa Deeggarsa Tola ooltummaa Ayivooriitiin walitti dhufuun fayyadamtoota baadiyyaa biyya isaanii keessaa jiraniifillee deeggarsa godhu. Baasiin bulchiinsaa, baasiin tasaa fi kanneen biroo kan haguugaman Faawundeeshinii Tola ooltummaa Ayivoorii qofaani. Arjoomtootaaf odeeffannoo guutuu kan kennamu yoo ta’u, gabaasa pirojektootaa bifa suuratiin ergamaaf. Yeroo daawwachuuf gara biyyaa dhufan immoo warra arjummaa isaanii fudhachuun tajaajilan waliin akka wal argan argan taasifamu.

Pirojektoonni Inisheetivii kana jala jiran:

- *Tajaajila baqaqsanii yaaluu narvii(Neurosurgery services)*
- *Gumaacha maashinii altiraasaawundii Hospitaala Magaalattiif*
- *Arjooma meeshaalee hospitaala biroo, fi dhiyeessii qorichaa*
- *Manneen barnootaa sadarkaa tokkoffaa magaalaa keessatti Pirojektii raammoo balleessuu(de-worming)*
- *Ijaarsa boolla bishaanii*
- *Kutaa liqii xiqaa(maayikirooMicro-lending program)*
- *Jaalala biyyaa fi duudhaalee dagaaagsuu*

5ffaa Kutaa

QABEENYA SASSAABUUF KAROORSUU

Kaayyoo	■ Karoora Qabeenya Sassabukeessatti barbaachisummaa malawwan feminizimii fi jijjiiramni koorniyaa qaban ni ibsu; ■ Sadarkaalee karoora qabeenyaa Sassaabuuibsuu; ■ Haala karoora tarsiimowaa Qabeenya Sassabudhaabbilee isaanii kan yeroo ammaa ni madaalu; ■ Fakkeenya/Moodeela Karoora-hojii Qabeenya Sassabuwaggaa- sadii dhaabbilee isaaniif ni qopheessu.
Meeshaalee	■ Yoo xiqqaate garee tokkoof laaptooppii tokko ■ Pirojeektara, filiipchaartii fi qalma maarkerii
Yeroo	Sa'aatii 5:20
Mala	Marii hirmaachisaa fi wal falmisiisaa, gaaffii fi deebii, hojii garee fi dhiheessii fa'a.

Toofta lenjii

Marii hirmaachisaa fi wal falmisiisaa, gaaffii fi deebii, hojii garee fi dhiheessii fa'a.

Matadureewwan kutaa

Matadureewwan	Yeroo
Gocha 5.1	Daqiiqaa 30
Muuxannoowwan Qabeenya Sassabu Waldaalee Dubartootaa	Daqiiqaa 5 minutes
Barbaachisummaa Karoora Qabeenya SassabuFeminiistii	Daqiiqaa 15
Sadarkaalee karoora qabeenyaa Sassaabuu	Daqiiqaa 15
Haala Yeroo Ammaa Madaaluu	Daqiiqaa 50
Karoora Hojii Qabeenya SassabuQopheessuu	Daqiiqaa 10
Gocha 5..2	Sa'aatii 4
Xumura	Daqiiqaa 15

Gocha 5.1

Shaakala Marii

1. Kutaa kana keessatti karoora Qabeenya Sassabuakkamitti akka qopheessan akka baratan hirmaattotti himi. Dhaabbanni tokko karoora Qabeenya Sassabuqabaachuun maaliif barbaachisaa akka ta'e hirmaattota gaafadhu. Deebii isaan kennan cuunfuun gabaabsii barreessi.
2. Hirmaattota waliin karoora Qabeenya Sassabuqopheessuu keessatti tarkaanfiiwwan /sadarkaaleen gurguddoon maal faa akka ta'an irratti mari'atan taasisi. Wanti jalqaba irratti godhamuu qabu maali? kan itti aanu? kkf. Akkuma hirmaattonni deebii kennaniin qabxiilee ijoo filiipchaartii irratti barreessi.
3. Tarkaanfiiwwan yaadannoo haala mijeessitootaa armaan gadii keessatti tarreeffaman dhiyeessuun tarkaanfiiwwan hirmaattonni adda baasan waliin wal bira qabi.

5.1 Muuxannoo Qabeenya Sassaabuu Waldaalee Dubartootaa

Biyya keenyatti, seerri hawaasa siivilii kanaan duraa(Labsii 621/2009) Waldaaleen dubartootaa qabeenya (keessattuu biyya alaa) barbaaddachuu fi walitti qabachuuf gufuu guddaa ture.

Haaluma walfakkaatuun, dandeettiin dhaabbilee laafaa ta'uu fi dandeettii sirriin qabeenyaa Sassaabuuf barbaachisu dhabamuun, waldaaleen dubartootaa qabeenya mul'ata isaanii galmaan ga'uuf isaan barbaachisurratti karoorfachuu dhiisanii waamicha pirooppozaalaa dhaabbileen gargaarsaa dhiyeessan irratti garmalee akka hirkatan isaan taasiseera.Kanumaan wal qabatee, haalli qabeenyaa Sassaabuuwaldaalee dubrtootaa yeroo ammaa kana sadarkaa gadaanaa irra jira.

Seerri hawaasa siivilii amma jiru (Labsii 1113/2019) waldaalee dubartootaa dabalatee dhaabbileen hawaasa siivilii carraa argametti fayyadamanii qabeenya adda addaa akka walitti qabataniif haala mijataa uuma. Kana waliin walqabatee, dandeettii fi beekumsa Qabeenya Sassabuisaanii guddisuu dabalatee ajandaa ijaarsa dandeettii waldaalee dubartootaa irratti fedhiin qooda fudhattoota adda addaa irraa mul'achaa jira. Qooda fudhattoota misoomaa biratti Malli Feminiistii fi Kutaa Jijjiirama Koorniyaa fudhatama bal'aa argachuun waldaalee dubartootaa gahuumsa Qabeenya Sassabuisaanii caalatti akka guddifataniif carraa dabalataa banaa jira.Kanaafuu, waldaalee dubartootaa carraa kana fayyadamuun muuxannoo karoora qabeenya walitti qabachuu cimsachuu fi hojiirra oolchuu qabu.

5.2 Barbaachisummaa Karoora Qabeenya SassabuFeminiistii

Feminizimin bu'uura isaa irraa hariiroo aangoo, barsiifataalee fi duudhaalee hawaasummaa, fi malawwan sirnootaa biroo walqixxummaa koorniyaa sadarkaa kamituu danqan adda baasuun qorachuun wantoota kana hanbisuun walqixxummaa koorniyaa mirkaneessuuf carraaquu jedhamee hubatamuu ni danda'a. Guddina dhaabaa ykn jaarmiyaa tin walqabatee, mala itti fayyadamaa feminiizimii wanti adda isa taasisu keessatti seera bu'uuraa feminiizimii adeemsa hojii(processes) akkasumas bu'aawwan (results) keessatti kan calaqqisuu ta'uu isaati: bu'aa qofa irratti xiyyeeffannoo gochuu osoo hin taane muuxannoo fi nageenya dhuunfaa fi waloo namootaa irratti xiyyeeffannoo walqixa kenna.

Ammalli addaa malli feminiistii qabu galmaa fi milkaa'ina isaa galmaan gahuuf, karaa barbaachisaa ta'een seerota isaa adeemsa dhaabbatichaa keessatti hojiirra oolchudha. Adeemsa Qabeenya Sassabuwaldaalee dubartootaa karoorfachuu keessatti, seerota bu'uuraa feminiizimii giddu galeessa godhachuun barbaachisaadha.

- *Hojii karoora baaasuu keessatti, hojjettootaa fi namoota fedhii qabanii waldicha keessa jiranii gaheen hojii isaaniitin osoo adda hin baafamin hirmaannaa isaanii mirkaneessuun karooricha garaa garummaa tokko malee hunda kan hammate akka ta'u gochuun barbaachisaadha.*
- *Adeemsa kana keessatti hirmaattonni yaadota irratti yaada mataa isaanii akka kennanii fi adeemsicha irraayis akka baratan jajjabeeffamuu qabu. Karooricha keessa iftoominnii fi miirri itti gaafatammummaa akka jiraatuf, hirmaatonni qabiyyee karoorichaa keessatti gumaachaa akka godhan taasisuun barbaachisaadha.*
- *Sagalee, dandeettii fi tumsa: Moodeela feminiizimii keessatti, karoorri Qabeenya Sassabuhojjettoota waldaalee dubartootaa giddu galeessa kan godhatu yoo ta'u, akkamitti, yoom, fi eenyu akka hirmaatu, fi bu'aa karoora kanaa murteessuu keessatti beekumsaa fi dandeettii isaanii ni kabaja. ykn karoora hojii hordoffii sagalee, ejensii fi waliin uumuu yaada keessa galchuun erga calaqqisanii booda uumaman. Karoorri fi raawwiin Qabeenya Sassabudeeggartoota,qooda fudhattoota fi qaaamolee hidhata qaban biro jidduutti walta'iinsa fi waliin barbaada.*
- *Akka seera/qajeelfama feminizimiitti, qabeenya Sassaabuuf, garaagarummaan jiraachuu, ibsamuu fi ibsamuu fi fudhatama argachuun baay'ee barbaachisaadha. feminizimii ti. Wal abajuun wal danda'uuni, fi wal hubachuun adeemsa karoora qabeenya qabuu keessatti qajeelfamoota baay'ee barbaachisoo ta'aniidha. Malli feeminnizimii marii fi galteen gaariin akka jiraatuf haalli naga – qabeessi, hunda hirmaaachisu akka uumamu jajjabeessa.*

- *Karoorri uumama isaatiin kan jijjiiramuu fi haala jiru irratti kan hundaa'udha. Hirmaattotaan kan hoogganamu akka ta'uuf kan qophaa'udha: sadarkaa guddinaa, fi gahee dhaabbatichaa wajjin akka wal simutti kan qophaa'udha. Malli bulchiinsa fi guddina jaarmaa feeminizii haalota adda addaa keessatti hojiirra ooluu kan danda'anii fi waldaalee dubartootaa sadarkaa kamuu jiran itti fayyadamuu kan danda'aniidha.*
- *Tokkummaa dubartootaa fi wal kabajuu ijaaruuf hirmaannaan bu'a qabeessi fi hiika qabeessi barbaachisaa dha. Kunis malawwan hunda hammatee sagalee fi ilaalcha adda addaa affeeranii wajjin walsimsiisuu qaba. Hirmaannaan bu'a qabeessa gara Kutaa jijjiiramaa beekamtii argachuu qaba, akkasumas kiyyoo sadarkaa sadarkaa irraa fagaachuu qaba.*

Yaadannoo Haala-mijeessaa

- *Karoorri Qabeenya Sassabulafa duwwaatti kan ta'u osoo hin taane,Karoora tarsiimoo fi qunnamtii dhaabbata tokkoo waliin kallattiin kan walqabatudha. Dhaabbileen Qabeenya Sassabu isaanii bu'a qabeessa taasisuu fi carraa isaanii babal'ifachuuf qophii barbaachisaa ta'e gochuu qabu. Karoorri Qabeenya Sassabudhaabbata tokkoo karoora tarsiimoo fi qunnamtii dhaabbatichaa waliin sirriitti kan walqabatu ta'uu qaba. Dhaabbanni tokko ergaawwan ijoo isaa haala gaarii fi bu'a qabeessa ta'een maammiltoota isaa biraan yoo gahe, Qabeenya Sassabuirratti caalaatti milkaa'uu danda'a. Kunimmoo guddinni dhaabbatichaa itti fufiinsa akka qabaatuuf gumaacha qaba.*
- *Karoorri Qabeenya Sassabukaroora tarsiimoo kan deeggaru yoo ta'u, kaayyoowwan qabeenya maddisiisuu, tarsiimoowwanii fi haala hordoffii Qabeenya Sassabukan ibsuudha. Carraan maallaqaa argachuu kan jijjiirramu waan ta'eef karoorris waggaa waggaan haaromfamuu qaba. Karoorri kun gosoota maallaqaa adda addaa ilaaluu qaba.*
- *Miseensonni dhaabbatichaa hundi kaayyoo karoora Qabeenya Sassabufi hojicha keessatti gahee isaanirraa eegamu beekuu qabu. Fakkeenyaaf, kutaan faayinaansii ykn herregaa dhaabbatichaa ibsa fedhii sassaabbii maallaqaa kan hamma qabeenya sassaabamuu qabu agarsiisu haala faayinaansii dhaabbatichaa yeroo ammaa, fi kamarratti hundaa'un qaawwa qabeenyan wal qabatee guutamuu qabu qopheessuun adeemsa Qabeenya Sassabukeessatti hirmaachuu ni danda'a.*
- *Tarsiimoo Qabeenya Sassabuqopheessuu fi fudhatanii ittiin fayyadamuun tarkaanfiiwwan garaa garaa garuu kan wal tumsan irratti hundaa'uun of eeggannoodhan karoorsuu barbaada.*
- *Tartiibni fi barbaachisummaan tarkaanfiiwwan kanaa akkaataa gosa waldichaa, deeggartoota isaa fi dandeettii Qabeenya Sassabuisaa irratti hundaa'uun garaagarummaa qabaachuu ni danda'a.*

5.3 Tarkaanfiiwwan Karoora Qabeenya Sassaabuu

Karoorri sochii qabeenya, kanneen biroo keessaa, tarkaanfiiwwan armaan gadii of keessatti qabata:

1. Karoora tarsiimowaa qopheessuu;
2. Haala yeroo ammaa sakatta'uu;
3. Qabeenyaa barbaachisan adda baasuu;
4. Maddoota gurguddoo qabeenya barbaachisanii adda baasuu;
5. Tarsiimoo arjoomtota ykn qooda fudhattoota wajjin walitti dhufan adda baasuu;
6. Maloota to'annoo fi madaallii adda baasuu ;
7. Hojiilee raawwataman galmeessanii kaa'uu.

5.3.1 Tarkaanfii 1 : Karoora tarsiimowaa qopheessuu (Developing Strategic Plan)

- *Karoorri tarsiimowaan ergamaa fi mul'ata dhaabbatichaa wajjin walsimuun turtii yeroo waggaa 3 hanga 5 gidduutti galmoota tarsiimoo yeroo dheeraa fi gabaabaa dhaabbatichaa, kaayyoowwanii fi malawwan galmoota fi kaayyoowwan kana galmaan ga'uuf gargaaran ni dhiheessa.*
- *Karoorri tarsiimowaan bu'uura hojiin/tarsiimoon maallaqa Sassaabuuittin qophaa'u kan kennuudha.*

5.3.2 Tarkaanfii 2: Haala amma irra jiru sakatta'uu (Assessing Current Situation)

- *Mul'ata dhaabbata keenyaa galmaan gahuuf maaltu nu barbaachisa?*
- *Ammatti qabeenya maal faa qabna?*
- *Hojiiwwan hojjachuuf karoorfanne maal fa'a?*
- *Hojiiwwan hojjachuuf qabeenya akkamii nu barbaachisa?*
- *Bu'aan buusuf nurraa eegamu maali?*

5.3.3 Tarkaanfii 3: Qabeenyaa barbaachisan adda baasuu (Identifying Required Resources)

- *Qabeenya pirojektichaaf barbaachisu hunda tarreessi.*
- *Qabeenya hunda ilaalcha keessa galchuun qabeenya jiru hunda adda baasii fi tarreessi.*
- *Qaawwa jiru adda baasuuf waan barbaachisuu fi waan jiru wal dorgomsiisi.*
- *Qabeenyaa jiruu fi fedhii jiru wal bira qabuun qaawwa jiru adda baasi.*

5.3.4 Tarkaanfii 4: Maddoota gurguddoo qabeenya barbaachisanii adda baasuu (Identifying Potential Sources of Needed Resources)

- *Arjoomtoota fi deeggartoota amma jiranii dandeettii isaan qabeenya barbaachisu dhiyeessuu keessatti qaban adda baasi.*
- *Identify/explore potential donors and their capacity to meet the current resource gaps.*
- *Arjoomtoota jajjaboo ta'anii fi dandeettii isaan qaawwa qabeenya amma jiru guutuuf qaban adda baafadhu.*
- *Dandeettii fi fedhii arjoomtotaa fi wantoota pirojektichi barbadu wajjin walsimsiisi.*

5.3.5 Tarkaanfii 5: Tarsiimoo arjoomtota ykn qooda fudhattoota wajjin walitti dhufan adda baasuu (Strategies for Approaching Donors/Stakeholders)

- *Arjoomtoota duraanii/amma wajjin hojjachaa jirru waliin hariiroo jiru sirriitti cimsuu qabna.*
- *Arjoomtoota haaraa waa'ee dhaabbata keenya isaan hubachiisuu qabna; hariiroo haaraas uumuu qabna.*

5.3.6 Tarkaanfii 6: Maloota to'annoo fi madaallii adda baasuu (Outlining Monitoring and Review Mechanisms)

Tattaaffii Qabeenya Sassabukeessatti gaaffilee kana of gaafachuu qabda:

- *Maalirra jirra?*
- *Kaayyoo keenya galmaan geenyee?*
- *Galma keenya caalmatti bira ga'uuf maal gochuu dandeenya?*

5.3.7 Tarkaanfii 7: Hojiilee raawwataman galmeessanii kaa'uu (Documentation of All activities)

Akkasumas fedhii qabeenyaa hordofamuu fi madaalamuu qabu fi yoom ta'uu akka qabu irratti hubannoo fooyya'aa argachuu kee dura karoora maallaqa Sassaabuukee hojiirra oolchuu irratti muuxannoo tokko tokko argachuu akka qabdu yaadachuu qabda.

- *Tarkaanfilee fi hojiiwwan hundi galmaa'uu qabu.*
- *Tokkoon tokkoon tarkaanfileettii safartuu(metrics) dabaluun murteessaadha.*
- *Tokkoon tokkoon hojiif bu'aan eegamu agarsiifamuu qaba.*

Haala amma irra jirru Xiinxaluu/ Sakatta'uu (Sakatta'iinsa Ciminootaa, hanqinootaa, carraawwanii fi sodaawwanii)

Bu'uurri xiinxala armaan gadii tattaaffii Sassaabbii qabeenya dhaabbata tokkoo fedhii qabeenya tarsiimoo fi hojii yeroo gabaabaa fi dheeraa wajjin walsimsiisuuf gargaara.

Caasaa Dhaabbataa/Garee

1. Dhaabbatichi garee hojiilee qabeenya Sassaabuuhojjatu ni qabaa?
2. Miseensonni garee gahee hojii kana keessatti qaban sirriitti hubatanii?
3. Hojiiwwan hojjataman kanaaf namoonni akka hoo hoogganatti tajaajilan ramadamanii?

Mul'ata, Ergama, Galma

1. Gareewwan kun mul'ata, ergamaa fi galma hojichaa ifatti hubatanii beekuu?
2. Gareewwan kun mul'ata, ergamaa fi galmoota kana haala ifa ta'ee fi saffisaan himuu ni danda'uu?
3. Gareen kun gumaachota/arjoomtoota wajjin wal qunnamuun yoo barbaachise barreeffama gabaabaa fuula 1 hanga 2 kan gumaachota /arjoomtota kanatti kennamu qopheessuu ni danda'uu?

Ciminoota, Hirdhinoota, Carraawwani fi Sodaawwan (Yaaddowwan)

Dhaabbileen hedduun akka qaama adeemsa karoora tarsiimoo dhaabbata isaaniitti xiinxala Ciminoota, Hirdhinoota, Carraawwani fi Sodaawwanii (duruma hojjachuu danda'u. Kaayyoon xiinxala ciminoota, hirdhinoota,carraawwani fi sodaawwanii waan dura hojjatte irra deebi'uu osoo hin taane, waa'ee cimina, dadhabina, carraa fi balaa kee kallattii/roga Qabeenya Sassabumurtaa'aa irraan akka itti yaaddufi.

Ciminaa fi hanqinni dhimma keessoo dhaabbata keetii akka ta'ee fi sumaan furamuu kan danda'u akka ta'ee fi carraa fi sodaan garuu sababoota alaa dhaabbata keetii ta'uu isaanii yaadachuun barbaachisaa dha.

1. Kutaa/pirojektoota keetif qabeenya Sassaabuuf ciminoonni ati qabdu maal fa'i?
2. Hanqinoonni hojii Qabeenya Sassabuirratti qabdu kan fooyya'uu qaban maal fa'i?
3. Hojiiwwan Qabeenya Sassabu hojjachuunf carraa akkamii qabda?
4. Wantoonni dandeettii Qabeenya Sassabukeetii irratti yaaddoo uumuu danda'an maal fa'i?

Hub:Xiinxala dhimmoota gaaffilee armaan oliitiin ka'an keessatti yeroo hirmaannu, maloota/tooftaalee qabeenyaa Sassaabuukutaalee darban keessatti ilaalle yaadachuu qabna.

Sakatta'iinsa ciminootaa, hanqinootaa, carraawwanii fi sodaawwanii maalif nu barbaachisa?

Xiinxalli/sakatta'iinsi ciminootaa, hanqinootaa, carraawwanii fi sodaawwanii sababoota hedduudhaaf kan gaggeeffamudha. Xiinxalli sirriifi cimaan dandeettii fi qaawwa jaarmiyaa mul'isa; haalota mijatoo jiranii fi gufuuwwan galma, mul'ataa fi ergama dhaabbataa danqan adda baasee agarsiisa. Xiinxalli kun gahuumsa hojii dhaabaa, dandeettii gama ogummaa fi beekumsa adda addaa, kaka'umsaa fi dhiibbaa naannoo irraa raawwii dhaabbatichaa irra gahan madaaluu of keessatti qabata.

Adeemsi kun dandeettii dhaabbanni kee Qabeenya Sassabuirratti qabu madaaluufis ni fayyada. Karoora yeroo dheeraa, giddu galeessaa fi gabaabaa galmaan ga'uuf abdii fi abjuu guddaa qabaachuun waan gaariidha, garuu fedhiin abjuu sana dhugoomsuu bu'uuraalee misoomaatiin yoo wal hin simne, dhaabbanni man'ee yaada pirojektoota maallaqaan hin deeggaramnee ta'ee hafa.

Xiinxala ciminootaa, hanqinootaa, carraawwanii fi sodaawwanii irraa odeeffannoo akkamii arganna?

Gabaasni xiinxala ciminootaa, hanqinootaa, carraawwanii fi sodaawwanii dhimmoota keessoo dhaabbataa, ykn wantoota to'annoo dhaabbata jala jiran kanneen tattaaffii Qabeenya Sassabu tumsan ykn gufachiisan maal akka ta'an beekuf gargaara. Kana malees, gabaasni xiinxala ciminootaa, hanqinootaa,carraawwanii fi sodaawwanii deebii dhaabbanni kee dhimmoota alaa, kanneen to'annaa keetin ala ta'an kanneen haala walfakkaatuun tattaaffii Qabeenya Sassabukeessaniif gumaachan ykn gufachiisan adda baasuu danda'a.

Xiinxalli ciminootaa, hanqinootaa,carraawwanii fi sodaawwanii,dhimmoota keessootiin wal qabatee:

- *milkaa'ina Qabeenya Sassabuhanga ammaatti argame ni mirkaneessa;*
- *jijjiirama naannoo deeggarsa maallaqaatin dhufuuf deebii kennuudhaan miira seenaa fi jijjiirama dhaabbatichaa ni kenna;*
- *galma ga'iinsa mul'ata, ergamaa fi galmoota karoora tarsiimoo isaa jiran ilaalchisee dhaabbatichi yeroo ammaa eessa akka jiru irratti sakatta'iinsa dhugaa ni dhiyeessa;*
- *qaawwa sirna bulchiinsa kan akka faayinaansii fi herregaa ni mul'isa;*
- *hir'inoota dandeettii fi sirnoota Qabeenya Sassabuwajjin wal qabatan kanneen akka piropozaala barreessuu, tarsiimoowwan gara hojiitti hiikuu ,arjoomtoota barbaaduu fi baay'isu/guddisuu irratti jiran ni mul'isa;*
- *hojii Qabeenya Sassabuirratti abbummaa akka uumamu taasisa;*
- *Arjoomtota gara fuulduraaf balbala haaraa bana ykn warra dhiyeessitoota qabeenyaa ta'uu barbaadaniif carraa bal'isuu;*
- *qooda fudhattoonni adda addaa sababoota qabeenyi walitti qabamuuf fi tarsiimoowwan Qabeenya Sassabudhaabbatichaa irratti bituu irratti odeeffannoo akka argataniif;*
- *imaammata qabeenya sochoosuu fi seera ittiin bulmaataa duudhaalee ijoo dhaabbatichaa irratti hundaa'an diriirsuu;*
- *barbaachisummaa ergaawwan ijoo dhaabbatichaa jiran gamaaggamuu; fi*
- *dandeettii dhaabbatichi Kutaa Qabeenya Sassabuirratti baasii barbaachisu gochuuf qabu adda baasuu.*

Xiinxalli ciminootaa,hanqinootaa,carraawwanii fi sodaawwanii, deebii dhaabbanni kee dhimmoota alaa armaan gadiitif kennu agarsiisa:

- *Dhimmoota warri qabeenya arjooman dursa kennanii fi jijjiirama jiru;*
- *Dursa maallaqaa fi adeemsa jijjiiramaa;*
- *fedhii tajaajila dhaabbata keetii;*
- *Kalaqawwan teeknooloojii naannoo hojii keetii waliin walqabatan;*
- *jijjiirama seeraa fi dambiiwwanii;*
- *Haala siyaasaa, hawaasummaa fi dinagdee keessa jirtu.*

Kanaafuu, xiinxalli ciminootaa, hanqinootaa, carraawwanii fi sodaawwanii adeemsa jabaa haala qabatamaa dhaabbata keetii kan yeroo ammaa si hubachiisudha. Erga waantota ofii keetii arguu dandeessee fi waan dhaabbata kee keessaa fi alaa ta'aa jiru irratti hubannoo ol'aanaa qabaattee booda, galmoota Qabeenya Sassabuqabatamaa ta'an kaa'uu dandeessa. Amma eessa akka jirtu beekuun gara fuulduraatti eessa akka deemtu irratti kallattii ifa ta'e siif kenna.

Fkn – Sakatta'a Hubannoo wal qixxummaa koorniyaa Hojjattootaa

Cimina ■ *Aangoo,mul'ata,ergama ifa ta'e* ■ *Karoora tarsiimowaa, karoora hojii kan waggaa fi baajata ni qaba* ■ *Hojjattoota jijjiiramaa kan caalmatti barachuuf fedhii qaban*	**Hanqina** ■ *Hanqina hojjattoota dandeettii qabanii* ■ *Adeemsa raawwii hojii fiixan baasuuf ogeessi koorniyaa dhabamuu* ■ *Dippaartimentoota garaa garaa jidduutti tumsi hojii dhabamuu* ■ *Kutaan ijaarsa dandeettiii hojjattootaa gahaa ta'uu dhiisuu* ■ *Hojjattootaf tajaajjilli geejjibaa gahaan dhabamuu*
Carraa ■ *Koorniyaan Mootummaan labsame dhimma kutaalee hawaasaa hunda biratti sirnaan fudhamatuu/kabajamuu* ■ *Namoota siyaasaa irraa imaammataa fi seerota koorniyaan wal qabatan fudhachuu irratti fedhiin siyaasaa jiraachuu* ■ *Imaammanni koorniyaa biyyoolessaa jira*	**Sodaa/Yaaddoo** ■ *Lakkoofsi dhukkubsattoota HIV/AIDS guddaa ta'uu* ■ *Hiyyummaa guddaan jiraachuu* ■ *Mormii garee abbaa warraa/ koorniyaa dhiiraa deeggaran irraa dhufu*

Madda: Madaallii ilaalcha miseensonni hojjettootaa walqixxmaa koorniyaa gumaacha walqixxummaa koorniyaa irratti qaban irraa kan fudhatame: Ministeera Walqixxummaa Koorniyaa, Naamibiyaa

Yaadrimeewwan ciminootaa, hanqinootaa, carraawwanii fi sodaawwanii gabaabinaan

	Ciminoota	**Hanqinoota**
Keessa	Wantoota nuyi haala gaariin gochuu dandeenyu ,fi kunuunfachuu fi cimsachuu qabnu	Wantoota nuyi haala gaariin gochuu hin dandeenye fi fooyyeffachuu barbaannu
	Carraawwan	**Sodaawwan/yaaddoo**
Ala	Dhaabbata keenya gargaaruf wanta nuyi itti fayyadamuu qabnu	Wantoota nuyi dhaabbata keenya irraa eeguu fi faccisuu qabnu

Xiinxala Ciminootaa, Hanqinootaa, Carraawwanii Fi Sodaawwanii fi Tarsiimoo Qabeenya Sassabu

Tarkaanfiin xiinxala ciminootaa,hanqinootaa,carraawwanii fi sodaawwanii itti aanu odeeffannoo xiinxala irraa argame walitti hidhuun tarsiimoowwan uumuudha. Malli yeroo baay'ee itti fayyadamnu walitti dhufeenya(correlations) armaan gadii barbaaduudha. Odeeffannoo xiinxala hanqinootaa,carraawwanii fi sodaawwanii keessatti argamu walqabsiisuudhaan safartuuwwan barbaachisoo galma kee galmaan ga'an barbaaduudhaan ibsa tarsiimoo kee bocuu dandeessa.

1. Carraawwanitti fayyadamuun Ciminootaa dabalauu(Carraawwan + Ciminoota)
2. Carraawwanitti fayyadamuun hanqinoota mo'achuu/irra aanuu (Carraawwan + hanqinoota)
3. Ciminootatti fayyadamuudhaan sodaawwanirra mo'achuu/ irra aanuu. (Sodaawwa + Ciminoota) .
4. Hanqinoota dhabamsiisuf, sodaawwanii fi fi taatee ida'ama isaanii irratti (Sodaawwan+ hanqinoota) .

Karoora hojii Qabeenya SassabuQopheessuu

1. **Hojii/Kutaa(Activity/Programme:** Kutaa ykn hojiiwwan yeroo ammaa raawwachaa jirtu ykn kan waggoota sadii hanga shanii dhufan keessatti hojjachuuf yaadde tarreessi.
2. **Qabeenya Barbaachisan(Resources Required):** Baajata hojiiwwan kanaaf qabdu irratti hundaa'uun maallaqaa fi qabeenya waliigalaa hojiilee/Kutaalee keetiif barbaachisan agarsiisi.
3. **Qabeenya Jiru(Resources Available):** Hojiiwwan tarreessitan raawwachuuf hanga maallaqaa ykn qabeenya gosaa(in-king resources) dhaabbata kee keessa jiru agarsiisi. Lakkoofsa qabatamaa ta'een akka si gargaaraniif namoota faayinaansii ykn kutaa herregaa keessa hojjattan mariisisuun gaariidha. Qabeenya sassaabuun dhaabbatichaa guutuu kan hirmaachisu ta'uu isaa yaadadhu.
4. **Hanqina Qabeenyaa (Resource Gaps/Funding Needs):** Tarreen kun garaagarummaa Tarree (Tarjaa) 2A fi 2B gidduu jiru sitti agarsiisa. Tarreen kun, Kutaa yeroo qabeenyaa waliin, qabeenya walitti aabuuf, qabeenya hangamii akka si barbaachisu, eenyuu fi , yoom akka si barbaachisu beekuuf si gargaara.
5. **Dhiyeessitoota Qabeenyaa(Resource Providers):** Fedhii maallaqaa kee maqaa dhiyeessitoota qabeenyaa keetii wajjin walsimsiisi. kunis tattaaffii Qabeenya Sassabukeetif karoorfachuuf si gargaara.
6. **Kutaa yeroo(Timeline):** Qabeenyaa haggam fi yoom akka si barbaachisu agarsiisuf,fedhii qabenya/ maallaqaa kee akkaataa Kutaa yeroo keetiin walsimsiisii qopheessi.
7. **Yaadannoo(Notes/Remarks):** Maallaqni akkamitti akka ramadamuu fi baasii ta'uirratti yaadannoo qabadhu; fakkeenyaaf, arjoomtonni tokko tokko maallaqni hangi tokko hojiiwwan murtaa'an qofaaf akka oolan daangessuu danda'u.

5.4 Maloota Karooora Qabeenya Sassabu Bu'a -qabeeyyii

Dhaabbanni tokko rakkoo ykn carraa tokkoof deebii kennuudhaan kan uumamudha. Ergamni fi tarsiimoon qabeenya sassaabu dhaabbatichaas kan maddu kanarraa ka'uuni. Pirojektoonni ati karoorfattuu fi maallaqa gaafattuuf qaama tarsiimoo keetii ta'uu qaba malee karaa maallaqa ittiin walitti qabdu ta'uu hin qabu. Dhimmoonni ykn rakkoowwan tokko tokko furmaata argachuu akka qaban, akkasumas kana gochuuf haala gaarii irra akka jirtu amantii qabdu irraa kan maddanii dha.

Karoorri kee wantoota armaan gadii agarsiisuu qaba:

- *hubannoo ati haala qabatamaa jiru irratti qabduu fi haala dhimmi kun ergamaa fi tarsiimoo dhaabbatichaa keessatti calaqqisu;*
- *fakkeenyoya murtaa'an kan rakkoo pirojektichi furuuf yaadame uumanii fi maalummaa rakkoon sanaa agarsiisan;*
- *kaayyoo pirojektichaa fi mul'ata milkaa'ina isaaf qabduu, fi*
- *adeemsota kaayyoowwan karoorfaman galmaan ga'uuf yaadaman*[9].

9 AWFD- Practical handbook for resource mobilization.

Gocha Karoora hojii Qabeenya Sassaabu

Tart. Lakk.	Hojiiwwan Kutaa	Qabeenya		Haneina Qabeenyaa	Turtii yeroo Sassaabbii Qabeenyaa			Qaama qabeenya kennu/ dhiyeessu	Tooftaa Qabenya Sassaabuu	Qaama Raawwachiisu	Haala hordoffii fi madaallii	MoV	Yaadota
		A) Kan barbaachisu	B) Kan jiru	(Kan barbaachisu –) Kan jiru)	Waggaa 1	Waggaa 2	Waggaa 3						

Gocha 5.2

Gareewwan hundeessi.Yoo dhaabbanni tokkoo ol workishooppicha irratti hirmaatan, akkataa dhaabbata isaanitiin gareewwan adda addaa hundeessi.

1. Tokkoon tokkoon garee kaa haa godhan:

- *MALA ITTI FAYYADAMAAfeminiizimii fi Kutaa jijjiirama koorniyaa xiyyeeffannoo keessa galchuun Hojii Tarsiimoo Qabeenya Sassabu Jaarmiyaatiif xiinxala ciminootaa,hanqinootaa,carraawwanii fi sodaawwanii haa geggeessan.*
- *Gucha/unkaa karoora hojii Qabeenya Sassabu armaan olitti kenname haa guutan.*
- *Hojii gareen hojjatan kana hirmaattota hundaaf haa dhiyeessan.*

2. Dhiyeessiwwan(presentation) irratti mari'achuun, malli feminiizimii fi Kutaa jijjiirama koorniyaa eessatti fi akkamitti akka hammatame haa ibsan.

6ffaa Kutaa

BULCHIINSA QABEENYA SASSABU

Kaayyoo	Dhuma sagantichaa irratti, hirmaattonni: ■ Barbaachisummaa ijaarsi dandeettii Qabeenya Sassabu keessatti qabu ibsuu ni danda'u; ■ narrate on how to share responsibilities for Resource Mobilization; ■ Dhimmoota ijoo Hordoffii fi Madaallii Qabeenya Sassabuibsuu ni danda'u;; ■ Dhaabbata isaanitiif,fakkeenya/modeela karoora Hordoffii fi Madaallii Qabeenya Sassabu qopheessuu ni danda'u.
Meeshaalee	Qalama Maarkerii filiip chaartii, yaadannoo(hand-outs), pirojeektara
Yeroo	Sa'aatii 3:35
Mala	Gaaffii fi deebii, dhiyeessii fi hojii garee

Qophii

Mallattoolee/filiipchaartii ibsa ijaarsa dandeettii Hordoffii fi Madaallii Qabeenya Sassaabuu

Matadureewwan Kutaa

Ajandaawwan	Yeroo
Gocha 6.1	Daqiiqaa 20
Ijaarsa Dandeettii Qabeenya Sassabu	Daqiiqaa 15
Gahee fi itti gaafatamummaa Qooddachuu	Daqiiqaa 15
Hordoffii fi Madaallii Qabeenya Sassaabuu	Daqiiqaa 30
Karoora Hordoffii fi MadaalliiQabeenya SassabuQopheessuu	Daqiiqaa 30
Gocha 6.2	Sa'aatii 1
Xumura Kutaa fi gaaffilee leenjiin-boodaa	Daqiiqaa 45

Tarkaanfiilee

Gocha 6.1

1. Hirmaatonni wantoota armaan gadii irratti akka yaadan itti himi:
   - *Barbaachisummaa ijaarsi dandeettii Qabeenya Sassabukeessatti qabu*
   - *The importance of M&E in resource mobilization o Barbaachisummaa hordoffii fi madaalliin qabeenya qabeenya walitti keessatti qabu*
2. Deebii kenname filiip chaartii irratti barreessuun marii hirmaattonni akka irratti mari'atan gochicha xumuri.
3. Yaadannoo armaan gadii fayyadamuun qaawwa jiru guuti.

Yaadannoowwan haala-mijeessaa

6.1. Ijaarsa Dandeettii Qabeenya Sassaabuuf Barbaachisu

Qabeenya sassaabuun adeemsa tarsiimowaa sadarkaa hojii raawwachiiftuu dhaabbata tokko keessatti raawwatamu waan ta'eef, garee hoggansa dhaabbatichaa keessatti akka hojii addaa ykn xiqqaatti ilaalamuu hin qabu. Kunis jijjiiramaaf kutannoo qabaachuu, gahuumsa geggeessummaa fi bilchinaa fi ogummaa bulchiinsaa barbaada.

Qabeenya sassaabuun ogummaa dandeettiiwwan adda addaa hedduu, tooftaa qindoomina qabuu fi karoora of eeggannoon qophaa'e kan barbaadudha. Kana malees, qabeenya xiqqaa jiru haala bu'a qabeessa ta'een itti fayyadamuun waldaalee dubartootaa keessatti baay'ee murteessaadha.

Waldaaleen dubartootaa yeroo baay'ee Kutaalee isaanii guutummaatti hojiirra oolchuu fi ergama isaanii galmaan ga'uuf dandeettii teeknikaa fi gurmaa'insaa hin qaban.Haa ta'u malee,leenjii ijaarsa dandeettii irratti taasisuu irratti fedhii ykn dandeettii kan qaban waldaalee muraasa. Dandeettiin laafaa ta'uun gahuumsa maallaqa Sassaabuu, bulchiinsaa, hoggansaafi teeknikaa irratti dhiibbaa qaba.

Rakkoowwan akka tarsiimoo Qabeenya Sassabudhabuu , hanqina bulchiinsa gaarii, karoora tarsiimowaa, fi hariiroo gaarii ummuu dadhabuu hundi isaanii karaa Ijaarsa andeettiitiin furamuu ni danda'u.

Ijaarsi dandeettii fi leenjiin ogummaawwan haaraa murteessoo ta'an kennuudhaaf gargaaruu danda'a. Waldaaleen dubartootaa hojjattoota isaanii saffisaan leenjisuun dandeettii barbaachisaa ta'e akka horatan gochuun qabeenya sassaabuun rakkoo maallaqaa dhaabbata isaanii furuu ni danda'u. Tarsiimoowwan ijaarsa dandeettii Waldaalee dubartootaaf ooluu danda'an muraasni kanneen armaan gadiiti.

- *Dandeettii waldaalee guddisuun Qabeenya Sassabuqaama imaammata jaarmiyaa isaanii akka ta'u gochuu.*
- *Dandeettii hojjattoota waldaalee dubartootaa ijaarun, hojiiwwan gara fuula duraatiif yeroo karoorfatan hojii Qabeenya Sassabuxiyyeeffannoo keessa akak galfatan taasisuu.*
- *Include the Resource Mobilization in the annual plan.*
- *Qabeenya Sassabukaroora tarsiimowaa waldaalee dubartootaa isa gara fuuldura keessatti dabaluu.*
- *Qabeenya Sassabukaroora waggaa keessatti dabaluu.*
- *Qindoomina hojii Qabeenya Sassabufooyyessuuf garee (unit) Sassaabbii qabeenyaa irratti hojjatu hundeessuu.*
- *Hojjattoota waldaalee dubartootaa maloota haaraa Qabeenya Sassabuirratti leenjii kennuufii.*
- *Dhaabbilee walfakkaatan waliin hojii Qabeenya Sassabuirratti beekumsaa fi muuxannoo wal jijjiiruu.*
- *Hojjattoota waldaalee dubartootaa beekumsa & dandeettii barbaachisaa kanneen akka dandeettii qunnamtii akka qabaatan taasisuu.*
- *Yeroo deeggarsa maallaqaa gaafannuu fi qabeenya Sassaabuutti gorsaa fi qajeelcha barbaachisu argachuun bu'aa guddaa qaba. Ogeessota gahumsa qaban argachuun arjoomtootatti ofitti amanamummaa kakaasun milkaa'ina Qabeenya Sassabu kanaaf gumaacha taasisa.*

Gahee fi itti gaafatamummaa waliif qooduun

Dhaabbata itti fufiinsa qabu keessatti, Qabeenya Sassabuirratti namni hunduu itti gaafatamummaa qaba! Hojjettoonni sadarkaa hundatti argaman Qabeenya Sassabukeessatti gahee qabu. Hojjattoonni tokko tokko dhaabbaticha bakka bu'uun arjoomtoota isaa wajjin quunnamtii barbaachisa ta'u gochuuf itti gaafatamummaa qabu. Kaan ammoo piroppoozaalota deeggarsi qabeenyaa ittiin gaafatamu barreesuu irratti hirmaachuu danda'u. Boordii, Hooggansi fi hojjattoota dabalatee, namoonni hunduu hojii fi milkaa'ina dhaabbata isaanii hawaasa bal'aaf qooduuf gahee qabu. Kunimmoo hawaasa bal'aa fi dhaabbaticha jidduutti walitti dhufeenya gaarii uumuun dhaabbatichi caalatti akka guddatuuf gargaara.

Dhaabbata/jaarmiyaa hooggnuun caasaa adeemsa Sassaabbii qabeenyaa diriirsuu fi cimsuu of keessaa qaba. Akkasumas mul'ata, ergama, fi galma dhaabbatichaa adda baasuu, fi sirnootaa fi adeemsa keessoo kanneen akka gahee Boordichaa fi hojjattootaa adda baasuu, fi qabeenya namaa, meeshaa fi qabeenya maallaqaa hojii Qabeenya Sassabudandeessisan gahumsaan bulchuu kan of keessatti hammatuu dha. Gama tokkoon, karoora tarsiimowaa qabeenya jiru sirnaan fayyadamuu dandeessisu qopheessuu fi hojiirra oolachun,gama biraatin immoo maddoota qabeenyaa kan fuulduratti dhaabbata tokko tumsu danda'an barabaaduun bulchiinsa hojii Qabeenya Sassabukeessatti baay'ee murteessaadha.

Qabeenya sassaabuun hoggansaa fi hojjattoota ciccimoo barbaada. Qabeenya sassaabuun hojiii gareeti. Itti gaafatamummaa hojii Qabeenya Sassabukan boordii,pirezdantii ykn daarikteera oolaanaa fi garee Sassaabbii qabeenyaa dhaabbatichaati.

Boordiin dhaabbatichaa, hogganaani fi hojii raawwachiisan Kutaa/pirojektii sochii Qabeenya Sassabukeessatti hirmaachuun deeggarsa taasisuu qabu. Hojii kana itti gaafatamummaa fudhatee akka raawwachiisuf namni tokko muudamuu qaba.

Hogganaan hojii Qabeenya Sassabugaree hojjattootaa fi namoota biro fedhii qaban hojii maallaqa Sassaabuuirratti akka hojjataniif muuduu qaba. Hogganaan sochii qabeenya qabenya Sassaabuuhojii Sassaabbii qabeenyaa fi maallaqaa hundumaa kan dura bu'ummaan kan hoogganu ta'a: garee ni qindeessa; humna namaa jiru hunda irraa ni fayyadama; wantoota galmaa'uu qaban ni galmeessa; karoora ni hooggana; akkasumas adeemsa jiru hordofa. Hogganaan kun maallaqni walitti qabame hundi qabatamaan maalif akka oole fi bu'aan maalii akka argame mirkaneessuuf itti gaafatamummaa qaba. Hogganaan qabeenyaafi maallaqa Sassaabuutokkoon tokkoon arjoomtoota waliin hariiroo uumuu qabu. Arjoomtonni hunduu qabeenya isaanii gumaachuuf sababaa fi ijjannoo garaa garaa qabu.

6.2. Hordoffii fi madaallii Qabeenya Sassaabuu

Karoora Qabeenya Sassabuirratti yaad-rimee qopheessitee fi gabbisuun hojiirra oolmaa isaa irratti erga yeroo bal'aa dabarsitee booda, karoorichi sirrii turuu isaa ykn immoo fooyya'uu kan qabu ta'uu isaa beekuun barbaachisaadha.Kutaan kun yaad-rimeewwan hordoffii fi madaallii, karaalee fi agarsiistota milkaa'ina gosoota Qabeenya Sassabu wajjin wal qabatan kan ilaallatudha.

Hordoffii fi madaalliin adeemsa sadarkaa milkaa'ina ykn kufaatii pirojektii/Kutaa/dhaabbata tokkoo agarsiisuti. Hordoffiin sirnaafi itti fufiinsaan odeeffannoo Sassaabuu, xiinxaluu fi hiika itti kennuudha. Kunis kan barbaachisuuf gahuumsa fi bu'a qabeessummaa pirojektii/Kutaa ykn dhaabbata tokkoo fooyyeessufi.. Hordoffiin odeeffannoo haala yerooxiinxaluuf barbaachisaa ta'e ni kenna. Akkasumas, rakkoolee jiran adda baasuun furmaata barbaachisu kennuuf, hojiileen pirojektii yeroo isaanii eeggattanii akka raawwataman gochuuf, adeemsa gara kaayyootti geessu madaaluufi akkasumas galmootaa fi kaayyoo gara fuula duraa kaa'uu fi fooyyessuuf ni gargaara. Gama biraatiin madaalliin, sakkatta'iinsa sirna qabeessa fi yeroo yerootti raawwatu kan dizaayinii, hojiirra oolmaa fi bu'aa pirojektii/Kutaa xumuramee ykn hojjatamaa jiruu agarsiisu jechuudha. Kaayyoon madaallii barbaachisummaa fi raawwii kaayyoo, gahumsa,bu'a qabeessummaa, dhiibbaa, walitti hidhamiinsaa fi itti fufiinsa murteessuudha.

Hordoffiin maaltu akka jijjiirame kan ilaallatu yoo ta'u, madaalliin ammoo jijjiiramni kun hangam guddaa fi gati-qabeessa akka ta'e kan ilaallatudha. Dhaabbileen Seenessaa fi Karoora Hordoffii fi Madaallii walitti fiduu qabu. Seenessi hordoffii fi madaallii haalli dhaabbanni tokko yeroo fi baajata kenname keessatti pirojektiin kaayyoo isaa galmaan ga'uu fi dhiisuu isaa akkamitti akka madaalu kan ibsuu dha.

Karoorri hordoffii fi madallii agarsiistota dhaabbanni tokko milkaa'ina pirojektichaa kaayyoo isaatiin wal bira qabuun madaaluf fayyadamu kan ibsuudha. Akka waliigalaatti, karoorri hordoffii fi madaallii pirooppoozaala keessatti akka dabalataatti (annex) kaa'ama.

6.2.1 Faayidaa Madaallii fi Hordoffiin Qabeenya Sassabu

Qabeenya Sassabukeessatti, faayidaa madaallii fi hordoffii hedduu tarreessuun ni danda'ama. Kanneen ijoo keessaa muraasni akka armaan gadiitti kennamaniiru.

- *Ragaan raawwii tattaaffii hordoffii irraa argamu rakkoolee akka baasii garmalee faa irratti si akeekkachiisuu waan danda'uuf,tarsiimoo kee akkamitti akka sirreessitu sirreessitu murteessuu si dandeessisa;*
- *kutannoo itti gaafatamummaaf dhaabbanni kee qabu agarsiisa;*
- *barumsi walitti fufaan hordoffii fi madaallii irraa argamu bu'aalee argaman fooyyessuuf gumaacha;*
- *Madaallii fi hordoffiin gahumsaa fi bu'a qabeessummaan akka fooyya'u mirkaneessa;*
- *Sassaabbii qabeenyaa gara fuulduraa irratti barnoota kenna.*

6.2.1 Qabeenyaa Sassaabu Keessatti Safartuu Hordoffii fi Madaallii

Yeroo Sassaabbii qabeenya keetif karoorfattu, maloonni adda addaa, kanneen akka piroppoozaala deeggarsaa barreessuu, taateewwan addaa ykn gurgurtaan oomishootaa lakkoofsa arjoomtootaa fi galii argamsiisuf dandeettii adda addaa akka qaban ni hubatta. Maloonni tokko tokko namoota muraasa qofa irraa maallaqa guddaa kan fidan (kenna gurguddaa) kan argamsiisan yoo ta'u, tooftaaleen biroo kanneen akka konsartii ykn duula ergaa kallattii immoo maallaqa xiqqaa garuu arjoomtoota yeroo jalqabaaf hirmaatan argamsiisu. Tarsiimoon tokko milkaa'aa ta'uu fi dhiisuu isaa murteessuf, dhimma kana xiyyeeffannoo keessa galchuun barbaachisaadha. milkaa'inni kan madaalamu galma Qabeenya Sassabudura kaa'ame sana wajjin wal bira qabameeti.

Maallaqa sassaabuun maallaqa Sassaabuuqofa miti. Gaaffiiwwan biroo gaafatamuu qabu. Gariin gaaffilee kanaa raawwii faayinaansii kan madaalaniidha: Maallaqa sana Sassaabuuf yeroo hangamii fudhate? Arjoomtootaa fi tola ooltota argachuuf yeroo hangamii fudhate? Maallaqni sun baasii ba'e uwwisuuf gahaa turee? Giddu galeessaan arjooman tokko hangam gumaache? Akkataa baajatatiin baasiin taasifamee? Safartoowwan faayinaansii kan agarsiisuu danda'an:

- *Maallaqni qabatamaan akka galiitti walitti qabame meeqa (galii waliigalaa baasiin irraa hir'ifamee), fi bu'aan jiraachuu fi dhiisuu isaa (galii waliigalaa baasii irratti hir'isuun, ykn Bu'aa Invastimantii).*
- *Baajatni hangam akka sirnaan hoogganame (garaagarummaa baasii karoorfamee fi qabatamaan ba'e, hojiiwwan karoorfamanii fi hin karoorfamne gidduu jiru xiinxaluu).*
- *Qabeenya Sassaabuuf baasii meeqa akka barbaachise*
- *Hanga maallaqaa arjoomtonni hojii kee deeggaran kennuun irraa eegamu hangami (kenna giddu galeessaa, kunis lakkoofsa waliigalaa kennaa argame lakkoofsa waliigalaa arjoomtootaaf hiruudhani).*

Gaaffiiwwan biroo kanneen faayinaansii hin taanedha.Gaaffileen kunneenis:

Arjoomtoota ykn tola ooltota haaraa meeqatu argame? Arjoomtoota al tokko qofa kennanii hafan moo hedduu moo arjoomtoota irra deddeebi'anii kennan horachaa jirra? Waggaatti arjoomtoota meeqa dhabaa jirra? Yeroo piroppoozaala arjoomtotatti dhiheessine irraa kaasee hanga deebii argannutti yeroo hangamii fudhata? Gaaffiiwwan akkanaa gahuumsa bu'uura qooda fudhattootaa ijaaruu irratti jiru madaaluf gargaaru. Gaaffilee armaan gadiitif deebii akka kenninu ni dandeessisu.

- *Baay'ina Tola ooltota argamanii (saffisa hirmaannaa) .*
- *Baay'ina Arjoomtoota argamanii Baay'ina warra gaafatamaniif hiruun (saffisa deebii)*
- *Tola Ooltummaa irraa gara Arjoomaatti, ykn Arjooma Yeroo Tokko irraa gara Arjooma Irra Deddeebi'etti ol guddisuu (saffisa jijjiirraa) .*
- *Dhibbeentaa Arjoomtoota Waggaatti Kennaa Hin Haaromsine (saffisa harcaatii) .*

Performance Indicators

1. **Return on Investment (ROI):** allows you to find out whether a specific resource mobilization campaign made or lost money:
   (+) ROI: resource mobilization budget has been invested well
   (-) ROI: overspending
2. **Acquisition Cost:** helps you use your resources efficiently
3. **Response Rate:** provides feedback on the quality of your database as well as your campaign materials and skills
4. **Average Donation:** provides the mean figure at which current donors are willing to support your work; gives a starting point to draw up a realistic gift chart; tells if the current giving level of your active donors will be able to sustain your needs
5. **Attrition Rate:** gives you an idea of the number of new donors you need to acquire per year to compensate for those that drop out

6.2.3 Karoora Hordoffii fi Madaallii Qabeenya Sassabuqopheessuu

1. **Waan hordofamuu qabu adda baasuu.**
   - *Agarsiistota/safartuuwwan kee adda baasi. Agarsiistonni safartuuwwan qulqullinaa(qualiy) fi baay'inaa(quantity) kan kaayyoon kee hangam galma ga'aa akka jiru ykn hammam galma akka ga'e kan agarsiisanidha. Agarsiistonni kan yeroo gabaabaa fi yeroo dheeraa akkasumas adeemsaa fi kan bu'aa ta'uu ni danda'u.*
   - *Agarsiistonni ati filattu galma fi kaayyoo kaa'amee wajjin kan walsimu ta'uu qaba.*
2. **Yoom hordoffii gochuu akka qabdu murteessi.**
   - *Yeroo hordoffii murteessuun baay'inaan agarsiisaa ati kaawwattee, fi bu'aa ykn adeemsa ati sakatta'aa jirtu irratti hundaa'a.*
3. **Akkamitti akka hordoffii godhamuu fi eenyu akka hojjatu murteessi.**
   - *Maddi odeeffannoo keetii maal ta'a? Eenyutu odeeffannoo siif dhiheessa?*
   - *Odeeffannoo sana argachuuf karaalee ykn maloota akkamii fayyadamta?*
   - *Af-gaaffii, daawwannaa, gabaasa faayinaansii xiyyeeffannoo keessa galchi.*
   - *Gabaasa hordoffii eenyutu walitti qaba? Mala itti fayyadamaa kamtu dhimma itti bahama?*
4. **Hordoffiin raawwatamuu isaa mirkaneessi.**
   - *Faayidaalee jiran fayyadamtootaaf beeksisi. Namoonni baay'een hordoffii taasisuu fi hojiirra oolchaa isaa akka qormaatatti ilaalu.Haa ta'u malee, hordoffiin hojii dabalataa sitti ta'uyyuu odeeffannoon isa irraa argattu pirojektoota gara fuula duraatiif bu'aa guddaa qaba.*
   - *Mala itti fayyadamaa haaraa uumuuf rakkachuu irra walgahii hojjattootaa ykn adeemsa biroo duraan jiru fayyadamuun adeemsa hordoffii gabaasi.*
5. **Waan madaalamu adda baasi.**
   - *Karoora Qabeenya Sassabukee irratti hundaa'i*
   - *Barbaachisummaa, gahumsa, bu'a qabeessummaa, walitti hidhamiinsa, itti fufiinsa fi dhiibbaa tarsiimoo/mala itti fayyadamaa Qabeenya Sassabukeetii xiyyeeffannoo keessa galchi.*
   - *Dhimma bulchiinsa Qabeenya Sassabuxiyyeeffannoo keessa galchi.*
6. **Yoom madaallii gochuu akka qabdu murteessi.**

Yeroo murteessuu keessatti maalummaa/gosa mala itti fayyadamaa Qabeenya Sassabuxiyyeeffannoo keessa galchi

- *Fedhii kee fi amala/guddina/turtii yeroo sagantichaa irratti hundaa'uun maddaalliin yoom raawwachuu akka qabu murteessi.*

7. **Madaalliin akkamitti akka raawwatamuu fi eenyu akka raawwatu murteessi.**

- *Galmoota/kaayyoowwan Qabeenya Sassabugamaggami.*
- *Agarsiistota/safartuuwwan barbaachisoo ta'an adda baasi.*
- *Yaada barbaachisummaa, gahumsa, bu'a qabeessummaa, walitti hidhamiinsa, itti fufiinsa fi dhiibbaa yaad-rimee madaallii waliin walqabsiisuudhaan ibsa kaayyoo Qabeenya Sassabuqopheessi*
- *Himoota kaayyoo RM yaad-rimeewwan barbaachisummaa, gahumsa, bu'a qabeessummaa, walitti hidhamiinsa, itti fufiinsa fi dhiibbaa wajjin walqabatee gara gaaffilee/meeshaalee madaalliitti jijjiiruu.*
- *Gaaffiilee fayyadamuun malawwan ragaan ittiin walitti qabamu adda baasi.*
- *Madaallii fi gabaasa dhiyeessuu eenyu akka raawwatu murteessi.*

6.2.4 Gabaasa Teeknikaa fi Faayinaansii Qopheessuu

Waliigalteen deeggarsa maallaqaa gosoota gabaasa teeknikaa fi faayinaansii qophaa'uu qabaniifi irra yeroo hangamiitif qophaa'uu akka qaban ibsa. Walumaagalatti dheerinni yeroo baay'inaan itti fayyadamnu gabaasa hordoffiitif kurmaana kurmaanaan(baatii afur afuriin) yoo ta'u, gosoota gabaasa birootiif ammoo waggaatti altokko ta'a. Gabaasaa barreessun dirqama waliigaltee waldaaleen dubartootaa arjoomtoota irraa deeggarsa qabeenyaaa fudhachuu isaanii ittiin mirkaneessaniidha. Irra caalaan isaanii ragaa pirojektii teeknikaa fi faayinaansii waan qabaniif, hojii akkasii raawwachuuf hojjattoota isaanii irraa fayyadamoo ta'uu danda'u.

Odeeffannoon gabaasni hordoffii faayinaansii wantoota armaan gadii agarsiisa:

- *haala faayinaansii/maallaqaa pirojektichi irra jiru;*
- *turtii yeroo pirojektichaa;*
- *tokkoon tokkoon hojii irratti itti fayyadama maallaqaa;*
- *baasii karoorfamee fi baasii qabatamaan ba'e, garaagarummaa isaan gidduu jiru agarsiisuudhaan.*
- *ibsa garaagarummaa/jijjiiramaa (differences/variations)*

Hojiin qabeenyaa Sassaabuugonkumaa kan dhumuu miti. Kaayyoon isaas waldaalee dubartootaa fi arjoomtoota gidduutti hariiroo itti-fufaa ta'e uumuudha. Namoonni itti gaafatamummaa maallaqa Sassaabuuqaban sababoota hedduudhaan arjoomtoota sirriitti dhaggeeffachuu fi kennaa sanaan alatti hamma danda'ametti hirmaachisuun hariiroo kanaaf wabii ta'uu qabu. Amantaa arjoomtootaa ijaaruun qabeenya dabalataa akka kennan gochuun itti fufuu qabu. Itti fayyadama qabeenya jiruu fi argame irratti gabaasa gochuu; bu'aa fi rakkoolee jiran ifoomsuu; waldaaleen dubartootaa akka mul'atan/beekaman godhuu qabu. Waldaaleen dubartootaa hariiroo arjoomtoota waliin qaban itti fufsiisuf. karaalee armaan gadii dabalatee maloota adda addaa fayyadamuu ni danda'u

- *Sirnoota/ taateewwan gurguddoo waldaaleen dubartootaa sababeeffachuun arjoomtoota ifatti affeeruu.*
- *Maxxansaalee haaraa fi gabaasa adeemsa hojii (progress reports) seera qabeesa isaaniif erguu.*
- *Yeroo daawwannaa dirree waldaaleen dubartootaa qophaa'u arjoomtoota affeeruu.*

Gocha 6.2

1. Hirmaattonni gareedhan ta'uun waan armaan gadii akka hojjatan gaafadhu.
   - *Karoora Qabeenya Sassabukee kutaa 5ffaa keessatti qophaa'e deebistee ilaaluun, karoora hordoffii fi madaallii qabeenya sochii dhaabbilee keetiif qopheessi.*
2. Dhumarratti gareen hunduu hojii isaanii manaaf dhiyeessuu qabu.

Wabiilee

1. A Guide to Resource Mobilization Planning for Partners of the Telecentre Women: Digital Literacy Campaign.Telecentre.org Foundation. Quezon City Philippines. Vivien Chiam. July 2011.
2. FDRE Charities and Societies' Agency. 2001. Directive No. 02/2011
3. FDRE Charities and Societies' Agency. 2001. Directive No. 05/2011
4. Jeff Clark. 2000. Civil Society, NGOs, and Development in Ethiopia: A Snapshot View
5. https://www.intrac.org/wpcms/wp-content/uploads/2016/09/Fundraising-A-PLP-Toolkit-INTRAC-1.pdf.
6. http://www.gnof.org/wp-content/uploads/2014/06/CreatingFRplan-manual.pdf
7. https://www.intrac.org/wpcms/wp-content/uploads/2016/09/Fundraising-A-PLP-Toolkit-INTRAC-1.pdf
8. http://women.telecentre.org/wp-content/uploads/ResourceMobilisation-Guide.pdf.
9. https://healthcommcapacity.org/resource-mobilization-important/
10. https://www.fundsforngos.org/free-resources-for-ngos/resource-mobilization/
11. https://www.who.int/health-cluster/news-and-events/events/RM-overview.pdf
12. Gender Friendly Organizational Development, Canada-Nepal Gender in Organization Project
13. Resource Mobilization – A Practical Guide for Research and Community-Based Organizations.
14. Planning for Resource mobilization reference material: capacity building knowledge exchange eNewsletter.
15. Mobilize resources module, Advocacy for Inclusive Security Curriculum
16. A Practical Handbook On Techniques For Resource Mobilization for Community Based and Small Women's Rights Organizations In Africa

Dabalata (Annex) 1

i. Bargaaffii Workishoppiin Duraa fi Boodaa

(Pre and Post-workshop Questionnaire)

Kaayyoon gaaffilee workishooppii duraa fi boodaa kun haala mijeessitoonni keessan odeeffannoo workishooppii Qabeenya Sassabufedhii dhaabbata keessanii wajjin walsimuuf barbaachisan qabaachuu isaanii mirkaneessuudha. Kaayyoon isaa hirmaattonni workishooppii kanatti fayaydamuun karoora hojii ifa ta'ee fi galma misooma qabeenya dhaabbilee isaanii galmaan ga'uuf akka danda'aniifi.

Fedhii waan workishooppii kanarraa barachuu barbaaddan guutuuf waan hojjannuuf deebiin keessan baay'ee nu gargaara. Bu'aan bargaaffilee workishooppii boodaa adeemsisuu kun hirmaattootaa fi haala mijeessitootaa bu'aa workishooppii duraa wajjin walbira qabuun sadarkaa milkaa'ina workishoopichaa murteessuu akka danda'an taasisa. Deebiin kennamu hundi bifa iccitiitin ni eegama. Bargaaffilee kana xumuramuudhaaf tilmaaman hanga daqiiqaa 30 fudhachuu danda'a.

Saala: (Tick) Dhiira___ Dhalaa___

Dhaabbata: _____

Gahee Hojii_____

1. Qabeenyi maali?

_____

_____

2. Waldaa/dhaabbanni kee karoora Qabeenya Sassabuni qabaa?

Eeyyen /Lakki

3. Gaaffii 2ffaaf deebiin kee *eeyyen* yoo ta'e, qabeenya Sassaabuuf tooftaalee akkamii fayyadamttu? Tarreessuu ni dandeessaa?

a. _____

b. _____

c. _____

d. _____

4. Maddeen galii keetii tarreessuu ni dandeessaa?

a. _____

b. _____

c. _____

5. Qabeenya sassaabuun wal qabatee, rakkooleen dura irratti si muudatan maal fa'i?

a) _____

b) _____

c) _____

d) _____

6. Yeroo ammaa kana eenyuun akka qaama networkii Qabeenya Sassabukeessaniitti ilaaltu? (Namoota dhaabbata, boordii ykn neetworkii keessan keessa jiran kanneen arjoomtoota dursa waliin wal isin beeksisuu ykn wal isin qunnamsiisuu danda'an)

Maqaa	Gahee Hojii
1._____	1._____
2._____	2._____
3._____	3._____
4._____	4._____
5._____	5._____

7. Qabxiileen ciminoota fi hanqinoota Qabeenya Sassabudhaabbata keetii madaaluuf oolan maal fa'i?

_____

_____

_____

_____

_____

8. Please check the top 5 topics that will be of most value in helping you to achieve your resource mobilization goals. Maaloo

Kanneen armaan gadii keessaa,mata dureewwan 5 gurguddoo kan kaayyoo Qabeenya Sassabukee galmaan ga'uuf baay'ee barbaachisoo ta'an ilaali.Isa sirriiitti hunda caalaa barbaaachisu agarsiisuf,1-5 tartiibessi.

____Haala arjoomtootaa hubachuu

___Ulaagaalee Arjoomtota ittiin sakatta'an

___ A mala itti fayyadamaa arjoomtootaa fi maloota qorannoo interneetii hubachuu

___Waan Arjoomtonni eegan(Donor expectations)

___ Tarsiimoo walitti hidhatiinsa fi gabaa

___Qabiyyeewwan Karoora Qabeenya Sassabu

___Pirojektoota USG'n deeggaramaniif gahee fi itti gaafatamummaa muummee, itti aanaa fi fayyadamtootaa

___Kutaalee Pirooppoozaalaa

___ Ibsa dandeettii dhaabbataa bu'a qabeessa ta'e qopheessuu

___Sirnoota Qabeenya Sassabu

___Pirooppoozaalaa qopheessuu

___ Karoora hojii Qabeenya Sassabuqopheessuu

9. Dhaabbanni kee hojjattoota Qabeenya Sassabuirratti itti gaafatamummaa qaban ni qabaa?Gahee hojii isaanii tarreessuu ni dandeessaa?

a) _____

b) _____

c) _____

d) _____

e) _____

f) _____

Yeroo keetif Galatoomi!

Annex 2: List of Donors

Donor	Grant Focus/ Types	Website
Global Affairs Canada (GAC)		https://www.international.gc.ca/world-monde/funding-financement/funding_processes-processus_financement.aspx?lang=eng
USAID and State Dept Grants		www.grants.gov
USAID and State Dept Contracts		www.fedbizopps.gov
AusAid/DFAT		https://www.tenders.gov.au/atm
Danida		https://dfcentre.com/research/calls/
DFID		https://www.gov.uk/government/organisations/department-for-international-development/about/procurement
FORMIN		https://um.fi/guidelines-for-procurement-related-to-development-cooperation-projects
Irish Aid		https://www.irishaid.ie/about-us/procurement-opportunities/
NORAD		https://www.norad.no/en/front/funding/
SIDA		https://www.sida.se/en/for-partners/calls-and-announcements
EC (External Cooperation Programs; ECHO)		https://webgate.ec.europa.eu/europeaid/online-services/index.cfm?ADSSChck=1634915532491&do=publi.welcome&userlangu=&userlanguage=en

Foundations	Grant Types/Focus	Websites
Foundation Center		www.foundation center.org
Various Multilaterals		www.devbusiness.com
Variety of Donors		www.devex.org
Variety of Donors		www.developmentaid.org
Variety of Donors		www2.fundsforngos.org/tag/ethiopia
ACT Foundation		https://actrustfoundation.org/grants.php
KAIPTC		https://www.kaiptc.org/
Together Women Rise	They fund projects that foster good health, education, and economic self-sufficiency in developing countries. They are devoted to educating and inspiring individuals to make a difference and fight global poverty through the power of collective giving.	https://togetherwomenrise.org/learn/grants/
Open Society Initiative for Eastern Africa	Through a combination of grant making, advocacy and convening power, OSIEA can support and amplify the voices of pro-democracy organizations and individuals in the region and to strengthen their capacity to hold their governments accountable. This includes efforts to defend and support rights activists and pro-democracy advocates who come under attack for their work.	https://www.opensocietyfoundations.org/grants/open-society-initiative-for-eastern-africa

Fund for Innovation in Development (FID)	To support innovation that contributes to reducing global poverty and inequality. FID enables innovators and researchers to test new ideas, build rigorous evidence of what works, and scale the highest-impact and most cost-effective solutions.	
She Decides	small grants which aim to spark movement building, led by young feminist groups, collectives, movements and coalitions, for bodily autonomy. Applicants must be part of a feminist group, collective, movement or coalition. The Spark Grants range from USD 5,000 to USD 20,000 per project.	https://www.shedecides.com/spark-grants/
Feed the Minds	Supports projects which empower people who have been marginalized in least developed, low income and lower to middle income countries through our Education for Change programme. Projects are implemented by local non-governmental organisations or community-based organisations working to support marginalised communities. Literacy is central to Feed the Minds' strategy; so, partners are asked to take literacy into consideration when designing their projects. Feed the Minds supports projects in three thematic areas:	https://www.feedtheminds.org/funding-round-2021/
Amplify Change Network	The purpose of a Network grant is to contribute to the development of stronger and more inclusive movements advocating for Sexual Reproductive Health and Rights (SRHR) in sub-Saharan Africa, South Asia and Middle East and North Africa (MENA) region.	https://amplifychange.org/grant_type/network/

Dubbisa Gorfamu 3

1. CIVICUS: World Alliance for Citizen Participation. Promoting Your Organisation. Available at http://www.civicus.org/documents/toolkits/Promoting%20your%20organisation.pdf, accessed on 30 October 2017.
2. CIVICUS: World Alliance for Citizen Participation. Writing a Funding Proposal: Toolkit. Available at http://www.civicus.org/documents/toolkits/Writing%20a%20funding%20proposal.pdf, accessed on 30 October 2017.
3. Crisis Action. Creative Coalitions: A Handbook for Change. Available at https://crisisaction.org/handbook/clever-coalitions, accessed 30 October 2017.
4. Network Learning. 2006. NGO Self-assessment through a SWOT exercise. Available at http://www.eldis.org/vfile/upload/1/document/0808/ID38066.pdf, accessed 15 October 2017.Women Thrive Worldwide.
5. Women Thrive Worldwide: Fundraising Guide for Women's Community-Based Organizations. Washington, DC:
6. Women Thrive Worldwide. Available at https://www.ndi.org/sites/default/files/Women%20Thrive%20Fundraising%20Guide.pdf,

PILAAN INTARNAASHINAAL

Pilaan Intarnaashinaal Itiyoophiyaaan dhaabbata mirga shamarranii ti. Kaayyoon keenyas jireenya shamarran miliyoona 100 gutummaa adunyaatti argaman jijjiiruun kanaanis nageenyii isaanii kan eegame, kan baratan fi dinagdeen anga'an gochuun addunyaa caalmaatit wal qixummaan keessatti mirkanaa'ee uumuu dha. Kanaafis danqaawwan shamarran fi dubartootni dargaggeeyyiin dandeetti isaanii gutummaatti akka hin fayyadamne taasisan qulqulleessaa jirra.

Bara 1995 A.L.A irraa eegalee Pilaan Intarnaashinaal shamarran, dubartootni dargaggeeyyi, fi michootni isaanii mirga fi egeree isaaniif akka dhaadheessan gargaaruuf Itiyoophiyaa keessatti hojjechaa turera. Dhimmootni dhaabbatichi dursa keennuufis loogii shamarran irratti raawwatamuf sababoota hundee ta'an akka furamaniif daa'imman fi dargaggoota deggeruu, fi sadarkaa bulchiinsa gad aanaa irraa hanga biyyaattis jijjiirama imaammataa fi hojmaata adeemsisuu dha. Hojiin pirograamoota keenyaas, danqaawwanii fi hariroo angoo wal qixa hin taanee kan saxilamummaa dargaggootaaf sababa hundee ta'an kan furani dha. Hojii keenyaafis maloota adda aaddaa fayyadamna. Kunneenis, hirmaannaa hawwaasaa; dhiiroota dargaggeeyyi fi ijoollee wajjin hojjechuu; gahee hirmaannaa dargaggootaa guddisuu; dandeettii qooda fudhattootaa ijaaruu; akkasumas sadarkaa dhaabbileetti jijjiirama imaammataa dhaadheessuu dha.

Pilaan Intarnaashinaaliin Itiyoophiyaa keessatti hojii bal'aa kan qabu yoo ta'u, naannoowwan Oromiyaa, Amaaraa, Kibba Itiyoophiyaa, Gaambeellaa, Beenishaangul Gumuz, Affaar, fi Magaalaa Finfinnee dabalatee naannolee 11 keessatti hojjeta. Pilaan Intarnaashinaal Itiyoophiyaan Rakkoo Kaaba Itiyoophiyaatti mudateef deebii kennuuf waajjira isaa Tigraayitti hundeessees hojetaa jira.

Pilaan Intarnaashinaal Itiyoophiyaa
Teessoon Waajjira Muummee
Kutaa Bulchiinsa Magaalaa Qiirqoos; Kompleksii Ziquwaalaa dudduuba Riil Isteetii Adaamaa irra
L.S.P 5696 Finfinnee, Itiyoophiyaa
L.B. 251-115571916

/planinternationalethiopia
/planethiopia
@planethiopia